# ADEEMSA RAAWWII GUMII ME’EE BOKKOO MARSAA 75$^{FFAA}$ GADAA OROMOO GUJII

**MULUU ASAFFAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIIMIIFI QUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**WAXABAJJII 2016/2024**

**FINFINNEE**

# ADEEMSA RAAWWII GUMII ME’EE BOKKOO MARSAA 75FFAA GADAA OROMOO GUJII

**MULUU ASAFFAA**

**GORSAAN: Dr. TAADDESEE JAALATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIIMIIFI QUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**WAXABAJJII 2016/2024**

**FINFINNEE**

## Yuunvarsiitii Addis Ababaa

## Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuu guuttachuuf Muluu Asaffaan mat-duree “Xiinxala adeemsa raawwii Gumii Me’ee Bokkoo marsaa 75[ffaa] Gadaa Oromoo Gujii” jechuun qophaa’e sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

**Koree Qormaata**

Gorsaa ______________________ Mallattoo _______ Guyyaa ______________

Qoraa Keessaa ________________ Mallattoo________ Guyyaa ___________

Qoraa alaa ___________________ Mallattoo ________ Guyyaa ___________

Ittigaafatamaa Muummee____________ Mallattoo _________Guyyaa_____________

## Axereera

*Kaayyoon qorannoo kanaa, adeemsa raawwii Gumii Me'ee Bokkoo marsaa $75^{ffaa}$ Gadaa Oromoo Gujii Xiinxaluudha. Qorannoon kana galmaan ga'uuf, kitaabileefi barruuleen adda addaa sakatta'amaniiru. Malli qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'aman kaayyoo qorannichaa bu'uureffachuun yoota'u, qorannoo mala ibsaandhiyaatedha. Kaayyoo irratti hundaa'ee qorannoo bu'uurati. Maddi ragaalee qorannichaa Abbaa Gadaa, Hayyuu seenaafi qorattoota sirna Gadaa Oromoo Gujii, akkasumas warreen jila Baalli walharkaa fuudhinsa Gadaa Gujii marsaa $75^{ffaa}$ irratti argamaniidha. Meeshaaleen funaansa ragaalee afgaaffii, daawwiifi marii gareeti. Malli xiinxala ragaalee mala akkamtaatti dhimma ba'uun kan qoratamedha. Gama argannoo qorannoo kanaan immoo, Maalummaan Gumiin Me'ee Bokkoo adda baafameera. Innis Yaa'ii Gadaa Oromoo Gujii biratti bakka ardaa jilaa Me'ee Bokkoo jedhamutti waggaa saddeet saddeetin lallaba seerafi baallii walharkaa fuudhuuf dhimma itti ba'aniidha. Bakkifi haalli adeemsa Gumii Me'ee Bokkoo waan hedduu kan ofkeessaa qabuufi adeemsi isaa guyyaa Gumiin Qacha ijaaruu irraa hanga gumii teessisuun seerota adda addaa lallabuun argannoo qorannoo kanaati. Seeronni Gumii Me'ee Bokkoo lallabus seera gooroo, aadaafi seera jechuun akka qoodamaniifi isaanis maal jechuu akka ta'e adda baafamuu danda'eera. Akkasumas raawwiwwan tokko tokko kan jijjiiramaniifi kan fufaan yoo ta'uu, warreen jijjiiraman maal akka ta'aniifi sababoota jijjiiramaniif adda baafamaniiru. Haa ta'u malee, tokkoon tokkoon seerota gumiin lallabdufi seerota ammayyaa biyyoonni adda addaa ittin bulan keessaa kamtu caalatti amala dimookiraasii walabaa akka ta'e osoo qoratameen yaboo qorannoo kanaati.Kana malees, wantoonni jila irratti jijjiiramaniifi fufan addatti qorannoo waan barbaaduuf yaboo qorannoo kanaa ta'a.*

## Galata

Duraan duursee Waaqayyoo humna naaf ta'ee, na jajjabeesse hojii kana akka xumuru na taasiseef galanni haa ga'u. Yeroo isaanii aarsaa gochuun dogoggorootafi hanqina koo ilaalanii sirreeffama isaaf kan na waliin dadhaban gorsaa koo Dr Taaddase Jaalataa galata guddaa narraa qabu.

Dabalataanis, hayyoota, mangoddoota, qorattoota sirna Gadaafi ogeessota aadaafi Turizimii Godina Gujii odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu naaf kennuun galma ga'iinsa qorannoo kanaaf warreen bu'uuraa waan taa'aniif galata guddaa narraa qabu. Dabalataanis, Geetaachow Abarraa deeggarsa yaadaafi odeeffannoo galma ga'iinsa qorannoo kanaaf naaf gumaachiteef galatoomi!

## Hiika Jechootaa

Gaaleewwan kanaa gaditti ibsaman qorannoo kana keessatti kan argamaniidha. Kanaaf namoota qorannoo kana dubbisan akka hin danqineef jechaan hiikni isaa ibsameera.

| | |
|---|---|
| Agaallaa: | Bakka seerri Gumii itti labsamu/ Gaaddisa Me'ee jala |
| Ardaa Jilaa: | Iddoo qubatanii jila itti gaggeessan |
| Baallii: | Aangoo bulchiinsa Gadaa |
| Bokkuu: | Ulee miseensonni gadaa garaagaraa qabatanii deeman |
| Daadimannaa: | Waaqa kadhachuu |
| Faga: | Gorsaa afuura, kaayyoofi faro yaa'aa ilaalu |
| Fincaan: | Gogeessa Gadaa |
| Gumiin: | Yaa'a olaanaa |
| Gumii Me'ee Bokkoo: | Yaa'ii olaanaa Gadaa Gujii bakka Me'ee Bokkoo jedhamutti gaggeeffamu |
| Haaganaa: | Aangoo lubaa Gadaa Gujii |
| Hayyuu: | Miseensota aanga'oota abbaa Gadaa imaammata baasu |
| Jaldhaaba: | Qaama nageenya eegsistuu miseensa ykn Luba Gadaa (Police) |
| Jalkeya: | Qaama haala mijeessaa Abbaa Gadaa |
| Kuusa: | Sirna Gadaa keessatti gulantaa 4ffaa |
| Midhoo: | Mallattoo haati manaa Raabaa mataatti hidhattu |
| Qachaa: | Galma Abbootiin Gadaa keessa qubatan |
| Qadaadduu: | Sadarkaa Gadaa keessatti kan aangoo walirraa hin fudhanne ykn warra waldeggaru |
| Qeexala: | Sirba sirna gadaa Gujii keessatti beekkamu |
| Qophise: | Sirraa fuudhe |
| Qorbisa: | waltajjii guddaa qalma abbaa Gadaa duratti taa'amu. |
| Qoxxise: | Morme, dide |
| Toggise: | Xumure, fixe, siif dabarse |
| Torbii: | Namoota seera darbuufi murtee murtaa'u caqasan |
| Waamura: | Bulchiinsa kaabinee abbaa gadaa yaa'a qajeelchaniifi deeggaran |
| Wolannaa: | Sadarkaa Gadaa keessatti warra aangoo walirraa fudhatan ykn mormituu |
| Woyyuu: | Waan kabaja qabu ykn ulfoo |
| Yuuba: | Sirna Gadaa keessatti qaama beekumsa olaanaa qabu |

# Baafata

Axereera ........ I
Galata ........ II
Hiika Jechootaa ........ III
Boqonnaa Tokko: Seensa ........ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 5
1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 6
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 7
1.7. Haala Naannoo Qorannichaa ........ 7
1.7.1 Hidda Latiinsa Oromoo Gujii ........ 8
1.8. Qindoomina Qorannichaa ........ 9
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu ........ 10
2.1. Sirna Gadaa ........ 10
2.2. Sadarkaalee Gadaa ........ 13
2.2.1. Sirna Luba Oromoo Gujii ........ 14
2.2.1.1. Sadarkaa Ijoollummaa ........ 15
2.2.1.2. Sadarkaa Ga'eessummaa ........ 15
2.2.1.3. Sadarkaa Maanguddummaa ........ 16
2.2.1.4 Sadarkaa Jaarrumma ........ 16
2.3. Jaarmiyaalee Sirna Gadaa ........ 16
2.3.1. Gumii/ Caffee ........ 17
2.3.2. Irreecha/Dhibaayyuu ........ 18
2.3.3 Ateetee ........ 19
2.3.4 .Gumaa ........ 21
2.3.5. Siinqee ........ 22
2.4. Gogeessa Gadaa ........ 23
2.6. Seera Sirna Gadaa ........ 23
2.7. Sirna Gadaafi Sonawwan Hawaasaa ........ 25

2.7.1. Sirna Gadaafi Nageenya ........ 25
2.7.2. Sirna Gadaafi Beekumsa Hawaasaa ........ 27
2.7.3. Sirna Gadaafi Dubartoota ........ 28
2.8. Sakatta'a Qorannoo walfakkii ........ 29
2.9. Yaaxinaalee Qorannichaa ........ 33
Boqonnaa Sadi: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa ........ 35
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 35
3.2. Madda Ragaalee ........ 36
3.3. Meeshaa Funaansa Ragaalee ........ 36
3.3.1 Daawwannaa ........ 36
3.3.2 Marii Garee ........ 37
3.3.2 Afgaaffii ........ 38
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ........ 39
3.5. Malleen Xiinxala Ragaalee ........ 40
Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee ........ 41
4.1. Seenduubee Odeef-Kennitootaa ........ 41
4.2. Maalummaa Gumii Me'ee Bokkoo ........ 42
4.2.1. Hirmaattota Gumii Me'ee Bokkoofi Ga'ee Hojii Isaanii ........ 43
4.2.1.1. Yuubafi Baatuu ........ 43
4.2.1.2. Gadaafi Yaa'a Gadaa ........ 44
4.2.1.2.1. Doorii ........ 45
4.2.1.2.2. Raaba ........ 46
4.2.1.2.3 Torbii ........ 46
4.3. Akkaatafi Bakka Raawwii Gumii Me'ee Bokkoo ........ 46
4.3.1. Walto'achuufi Nagaa walgaafachuu ........ 48
4.3.2. Naamusaafi Sirna Bobbaa Gumii ........ 50
4.3.2.1. Naamusa Adeemsa Gumii Qachaarraa Gara Agaallaa Gumii ........ 51
4.3.2.2. Naamusa Gumii Agaallaa Gumii Keessatti ........ 58
4.3.2.2.1 Naamusa Lallaba Seeraa ........ 61
4.3.3.4. Naamusa Gumiin ittiin kaasaan ........ 62
4.2.3.5. Qeexala ........ 63

4.3.3.6. Qorbisa ........ 66
4.3.3.6.1 Qorbisa Yuubaa ........ 66
4.3.3.6.2 Qorbisa Gumii ........ 67
4.3.3.7. Sirna Adeemsa Wal-harkaa Fuudhinsa Baalli Gadaa 75ffaa ........ 68
4.3.3.8 Hojii Gumii Ardaa Me’ee Bokkootti ........ 70
4.3.3.8.1. Wal-harkaa Fuudhinsa Baalli ........ 70
4.4. Seera Lallabuu ........ 73
4.4.1. Seeroota Gumiin lallabu ........ 74
4.4.1.1 .Gooroo ........ 74
4.4.1.2. Aadaa ........ 76
4.4.1.3. Seera ........ 78
4.5. Haala Hojiirra Oolmaa Hojii Gumii ........ 84
4.5.1. Haala Hojirra oolmaan Raawwii Gumii Me’ee Bokkoo Jiruufi Jireenya Oromoo Gujii Keessatti Qabu ........ 85
4.5.1.1. Nagaa Eegsisuu ........ 85
4.5.1.2. Aadaafi Duudhaa Hawaasa Tiksuu ........ 86
4.5.1.3. Mirga Dubartootaa Kabachiisuu ........ 87
4.5.1.4. Eegumsa Qabeenya Uummamaafi Naannoorratti ........ 89
4.6. Jijjiirramootafi Itti Fufinsa Gumi Gadaa Gujii Keessatti Mul’atan ........ 89
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ........ 93
5.1. Cuunfaa ........ 93
5.2 Argannoo ........ 93
5.3. Yaboo ........ 95
Wabii ........ 96
Dabalee ‘A’ ........ 99
Dabalee ‘B’ ........ 101
Dabalee ‘C’ ........ 102
Dabalee ‘D’ ........ 103
Ibsa ........ 104

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Sirni Gadaa, sirna ittiin Oromoon dur irraa kaasee walgaggeessa tureedha. Kunis bu'uura Oromoo waliin kan walqabatu sirna kaaniif ol'aantummaa, kaanif gad'aantummaa kennu osoo hin taane, walqixxummaan uummata kan tajaajiluudha. "The Gada system is an indigenous institution that pervades every aspect of an Oromo life including personal, interpersonal, social, economic and political life (Asefa, 2012). Sirni Gadaa beekumsa xobboo Oromoo biratti seenaa guddaa qabuufi waa mara isaa ittiin gaggeeffatudha. Kun immoo hariroo namaa, namummaa, hawaasummaa, diinagdee, siyaasaa, waliigalatti jireenya isaa mara Sirna Gadaan gaggeessa.

Yaaduma armaan olii kan deeggaru, "Sirni bulchiinsa Gadaa Oromoo akkuma biyyoota jabanaa heera uummataa, bineensotaa, biqilootafi kkf ittiin bulchu kan mataa isaa qaba" (WATGG, 2016:2). Waraabbii kanarraa kan hubatamu, sirni Gadaa seeraa dhala namaa qofaaf dhaabbate osoo hin taane uummamma mara biqilootafi bineensota dabalatee dacheef illee seera tumu qaba. Kanaaf seera uummama maraa jechuuf wanti daangessu hin jiru.

Sirni Gadaa adeemsa waggaa saddeet sadddetin aangoon kan walirraa fuudhamu ta'uu hayyoonni ni kaasu. Kanuma bu'uura godhachuun "Sirni Gadaa waggaa saddeetin walduraa duubaan sirna gitoota itti gaafatamaa ol'aantummaa diinagdee, siyaasafi hawaasummaa qabuudha. Tokkoon tokkoon gita Gada yeroo murtaa'e waggaa saddeet qofaaf aangorra tura.Innis bu'uura madda dimookiraasiti" (Asmarom, 1973:81)

Kanaafuu, sirni Gadaa bu'uura dimookiraasi, ittiin aangoo walirraa fuudhuun uummatafi qabeenya uummatichaa bulchuufi safuufi safeeffannaa hawaasa itti tikfamu ta'uu hubanna. Adeemsa kana keessatti immoo diimokiraasii ammayyaaf akka bu'uuratti kan ka'u sirna Gadaati.Sanaaf immoo bu'uurri falaasama Oromoo ganamaa, durirraa kaase itti walgaggeessuufi walbulchu, seera dhala namaa qofa osoo hin taane kan uummama maraa kan hammatu, hariiroo akkaa namaafi uummama, gidduu akka jiraatu kan taasisu ta'uu isaa hubachiisa.

"Sirni Gadaa, sirna ittiin bulmaata, seerafi heera jiruufi jireenya uummata Oromoo ittiin qajeelfamaa tureedha. Sirni Gadaa sirna walqixxummaa hawaasummaa, diinagdee, waraanafi siyaasa kan of keessatti hammateedha" (Darajjee, 2013:24). Kanaf, waraabbii kanarraa kan

hubatamu, Oromoon yeroo sirna Gadaan walgaggeessee, walbulchu keessatti adeemsa waliin jireenyaa hawaasummaa, guddina diinagdeefi haala siyaasa isaa kan keessatti tolfate walbulchu Sirna Gadaa ta'uu isaati. Akkasumas heerafi seera ittiin bulmaata isaa Sirna Gadaa keessatti kan tolfatu, bifa walqixxummaan daa'imman tokko guyyaa dhalate irraa kaase sirna Gadaa keessatti kan hirmaatudha.

Yaaduma olii kana kan deeggaru "Sirni Gadaa hawaasa Oromoo hunda sadarkaa daa'imaatii hanga Gadamoojjii ta'ee baalli kennee ba'utti tokkoon tokkoon ittigaafatamummaa waggaa saddeet saddetin hawaasa bakka bu'ee ni ba'a. Qaamni itti gaafatamummaa Abbaa Gadaa fudhate immoo Jiruufi jireenya, diinagdee, hawaasummaa, siyaasafi tokkoon tokkoon duudhaalee hawaasaa haalaan qajeelchuufi to'atee bulchuun dirqama isatti kennamuudha" (W/Yohaannisifi Gammachuu, 1986). Kanaafuu Sirna Gadaa keessatti, Namni kamuu ga'ee kan qabuufi yeroo isaaf kennamu waggaa saddeet qofaaf aangorra kan turuufi Abbaan Gadaa yeroon aangoo harka isaa jirutti Waan hunda hawaasichaa qajeelchee bulchuun ga'ee isaati. Kana jechuun akka seera sirna Gadaatti Oromoo ilmaan isaa guyyaa dhalatuu kaasee hanga lubbuun darbuutti sadarkaa Gadaa keessa kan jiraatudha.

Oromoon osoo sirni adda addaa jalatti buluu hin jalqabin, sirna Gadaan wal bulchaa ture. Alamaayyoo (2008:48) bulchiinsa sirna Gadaa keessatti fageenya irraa kan ka'e Tuulamni Odaa Nabee, Ituufi Humbaannan Odaa Bultum, Sikkoo Mandoo Odaa Roobaa Macci Odaa Bisil, Boranni Gumii Gaayoofi Gujiin Gumii Me'ee Bokkootti bulchiinsa Gadaa ofii gaggeessaa turan jechuun kaasa. Tesema, (2016:86-87) Gumiin Gaayoo Sirna Gadaa Booranaa keessatti qaama olaanaa seera namaa, bineensotaa, biqilootaa, bishaaniifi kkf tumuudha. Haala seera tumame sanaan hawaasni safuufi duudhaa isaa eeggatee wal bulcha jechuun waa'ee Gumii Gaayoo kaasa.

Haa ta'u malee, Godiinaalee Oromiyaa mara keessatti akkuma durii labatatti lufaa hin dhufne. Booranaafi Gujii keessatti garuu, dur irraa jalqabee hanga har'aatti ittiin walgaggeessu. Qorannoon kunis Gadaa Gujii marsaa 75[ffaa] Gumii Me'ee Bokkoo irratti kan xiyyeeffatu yoo, ta'u, waa'ee Gadaa Gujii kaasuun barbaachisaadha.

WATGG, (2016:10-13) Sirni bulchiinsa Gadaa Gujii yeroo inni hundeeffameefi iddoon inni jalqabe kana jedhamee beekkamuu baatullee, Gadaa Daga Baddeefi Gadaan Godee Bade osoo hin dhalatin yeroo Gumiin Me'ee Bokkootti taa'uu eegalerraa ka'ee Gadaan Gujii yeroo ammaa

Gadaa Roobalee marsaa 75ffaa waggaa 600 ol ta'uu isaati.Uummanni Gujii kanneen waliin jiraniifi gumii tokko jalatti hoogganaman, Uraagaa, Maattii, Hookkuufi Haloo sirna Gadaa isaanii qabatanii hanga har'aatti tursiisuu danda'aniiru.

Gumiin sirna Gadaa Gujii ga'ee mataa isaa qaba. "Gumii jechuun yaa'ii waliigala haaganaa sagalii, yuuba sagaliifi torbiiti.Gumiin kan taa'u yeroo baalliin Gadaa fincaan tokko irraa gara isa biraatti darbuuf ji'i tokko yaa'ii Gadaa baallii fuudhuufi kennu, akkasumas, yuubonnifi fincaanoti hundi wolitti deebi'anii dhimmoota garaagaraa irratti seera tumuuf mari'atu" (Isuma, 2016:62). Kanaafuu, Gumiin sirna Gadaa keessatti qaama ol aanaa bulchiinsa sirna Gadaa jechuudha. Gumiin qaama hedduu of keessaa qaba. Qaamoleen kunis walitti dhufuun yaa'ii gaggeessu. Yaa'iin kun immoo sirna Gadaa keessatti Gumii jedhama.

Sirna Gadaa keessatti qaamolee saditu jira. Isaan keessaa tokkoffaan qaamolee hoji raawwachiiftuu. Qaamni hoji raawwachiiftus qaama sadi, Gadaa, Dooriifi Raaba qabu. Isaanis haaganaa sagal kan qabaniidha. Kan lammaffaa qaama seera tumu ykn Yuuba jedhamuun beekkama. Kunis Yuuba sagal kan ta'aniidha. Sadaffaan qaama lallaba seera caqasaniidha. Innis Torbii jedhamuun beekkama.Warreen kun warren seera lallabamu hordofan uummata keessatti hojiirra oolchaniidha.

Akka waliigalaatti haaganaa jechuun warren seera lallabamu fudhatanii waggaa saddeet itti aanuu uummata ittiin bulchaniidha. Yuubni sagal; immoo seerafi aadaa labsuun beekkamu. Torbiin immoo kan seerri lallabamuuf ta'uu isaati. Gumiin warren kana mara kan ofkeessaa qabduudha.

Gumiin Me'ee Bokkoo qaama bulchiinsa Gadaa isa ol'aanadha.Qaama seera tumee warra Gadaatif kennuufi ol iyyannoo isa dhumaas kan ilaalu.Akkasumas, ol iyyannoo isa xumuraaf murtii kennuudha. Seerri Gadaas kan tumamu Gumii kana qofarratti. Qaamni biraa ykn Gumiin biraa yaa'aa taa'ee seera tumuu hin danda'u. Seerris bakka biraatti hin tumamu. Seerris kan ba'u yoo Gumiin Me'ee Bokkoo taa'ee qofaadha.

Kanaaf barbaachisummaan qorannoo kanaa, adeemsa lallaba seeraa Gumiin Me'ee Bokkoo marsaa 75ffaa Gadaa Oromoo Gujii keessatti tokkoon tokkon raawwiifi adeemsa isaa, ga'ee gumiin sirma gadaa keessatti qabuufi foyya'iinafi fufteewwan seera lallabamanii, akkasumas, haala hojiirra oolmaa seerota sanaa bakka itti ilaallamuudha.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Sirna Gadaa ilaalchisee, qorannoowwan adda addaa yeroo garaagaraatti sadarkaalee (MA) kan hojjetaman hedduudha. Isaanis Tasfaayee Toleeraa bara 2017, mata duree “Xiinxala Sirna Gadaa Naffuroo fookiloorii Oromoo keessatti” Fookilooritti dhimma ba’uun, haala Gadaa Naffuroo, adeemsa isaa, haala hawaasa keessatti hojiirra oolufi kkf irratti kan qorateedha.

Shamshaddiin Jamaal bara 2008/ 2016 mata duree “Xiinxala gogeessa sirna Gadaa Odaa Bultum” kan jedhu irratti qorannoo gaggeessun, ayyaanota jiraniifi tartiiba raawwii, raawwii sana keessatti wantoota barbaachisa, haala hundeeffama sirna Gadaa Odaa Bultumifi kkf irratti qorate. Dabalaa gurmeessaa bara 2022/ 2014 mata duree “Xiinxala Sirboota qeexala Gadaa Oromoo Gujii” jedhu irratti kan qorate, bakka ardaa jilaa Me’ee Bokkoofi kan biro dabalatee, qeexalawwan yeroo baallii kennanifi fudhatan, kan bara Gadaa isaanii ittin jajan ykn qeeqan maal akka fakkatu kan qorateedha.Haa ta’u, malee qorannoowwan qorattuu muudatan keessaa Waa’ee Gumii / caffee irratti qorannoon gaggeeffame hin agarre. Kanaaf qorannoo kana kan adda taasisu keessaa tokko hojii gumiin ykn caffeen bakka addaa gumii me’ee bokkoo keessatti raawwatan, Oromoo Gujii keessatti tartiibni raawwiifi eenyuun gochaan sun akka raawwatuufi sababa isaa gadi fageenyaan xiinxaluun qorannoo kana qorannoowwan armaan olii irraa adda taasisa.

Kanaaf, ka’umsi qorannoo kanaas, hawaasa Oromoo Gujii keessatti haalli wal harkaa fuudhinsa aangoo sirna gadaa keessatti haala kamiin duudhaa ganamaa eeggatee akka jiruufi adeemsa isaa keessatti, wantoonni hammatama ykn raawwataman akka duriitti kan jiraniifi jijjiirammoonni mul’atan maal akka ta’e adda baasuun ibsuuf qorattuu kan kakaasedha. Dabalataanis, Hawaasni Oromoo Gujii haala kamiin sirni Gadaa Osoo adda hin citiin sirna walharkaa fuudhiinsaa baallii marsaa 75^ffaa ykn waggaa 600 oliif gadaan walgaggeessuu keessatti Ga’ee gumiifi raawwiiwwan Gumii Me’ee Bokkoo itti turaniifi jiru dhalootatti agarsiisudha.

Sirna gadaa keessatti warren aangoo qaban sadi gumii, yaa’aafi hayyuu jedhamuun beekkamu. Gumiin Me’ee Bokkoo sirna Gadaa keessatti qaama ol’aanaa ol iyyannoo tokkoof murtii dhumaa kennuudha. Dabalataanis, qaamolee sirna gadaa hunda kan hammatu, ta’ee gumiin kun waggaa saddeet saddeeti seera lallabuuf kan teessudha. Haa ta’u malee adeemsa sana keessatti qaamni seera tumu ykn Yuuba sagalii, qaama seera raawwachiisu ykn haaganaa sagaliifi torbii nama

miseensa yaa’aa ta’ee, warra seera darbuufi murtee murtaa’u dhaggeeffatanii hojiirra oolchan of keessaa qaba.

Yaa’aa jechuun mana mare bulchiinsa gadaa ta’ee, ardaa jilaa irra naanna’uun kan sakatta’ufi uummata bulchuudha.Gaafa gumiin taa’uun seera labsu yaa’iiin waammame kunis waggaa saddet itti aanuuf uummata bulcha jechuudha. Innis biroo hayyuudha. Hayyuun miseensa kaabinee seera hiiku ta’ee, Hayyuu Qaachaafi Hayyuu Deeda jedhamuun beekkamu. Hayyuun QaachaaAbbaa gadaa waliin godaanuun kan inni murteesse Abbaan Gadaa raawwata. Hayyuun Deedaa immoo ganda keessatti gadi bu’uun miidhama hawaasa ilaaluu, namoota araarsuuf kkf raawwata.

Gumiin Me’ee Bokkoo keessatti, dhimmoonni raawwataman, dalagaa gumiin raawwatu, adeemsa keessa darban qorannoo kana keessatti ilaallama.Kanaaf immoo yeroo durii jalqabanii raawwiiwwan itti fufanii marsaa 75[ffaa] lakka’aniifi akkuma afoola Oromoo ta’ee, jijjiirrammoonni tokko tokko haala yeroo waliin kan deeman immoo kan jiraniifi isaan immoo maal akka ta’an adda baasuun sakkata’uun akka ka’umsa qorannoo kanaatti ilaallama.Qorannoon kunis sirna Gadaa Oromoo Gujii kana Oromoo maratti beeksisuufi naannoo sanatti barreeffaman lafa kaa’uuf barbaachisaadha.

Qorannoon kunis gaaffiwwan armaan gadi kana deebisuu danda’a. Isaanis:

1. Gumii Me’ee Bokkoo Akkamiifi eessatti raawwatama?
2. Gumii Me’ee Bokkoo keessatti maaltu raawwatama?
3. Wantoonni Gumiin raawwataman Gujii bal’aa keessatti akkamitii hojiirra oola?
4. Jijjiirramoonnifi itti fufiinsi gumii kana keessatti mul’atan maal maali?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Adeemsa hojii qorannoo tokkoo keessatti kaayyoon isa bu’uurati. Sababni isaas, raawwiin qorannoo tokkoo fudhatamummaa kan goonfachiisan kaayyoon qorannoo yoo galma ga’eedha. Kanaaf qorannoo kunis kaayyoo gooroofi gooretti qooduun kan kaayyeffameedha.

Kaayyoon gooroo, Xiinxala adeemsa raawwii Gumii Me’ee Bokkoo marsaa 75[ffaa] Gadaa Oromoo Gujii yoo ta’u, kaayyoo Gooree qorannichaa immoo,

1. Gumiin Me’ee Bokkoo haalafi eessatti akka raawwatamu adda baasuun sakatta’uu
2. Raawwiwwan Gumii Me’ee Bokkoo keessatti raawwataman ibsuu
3. Wantoonni Gumiin raawwataman Hawaasa Oromoo Gujii keessatti haala itti hojiirra oolan sakatta’uun ibsuu
4. Jijjiiramootafi itti fufiinsa gumii kana keessatti mul’atan maal akka ta’an adda qooduun ibsuu

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon tokko kan qoratamu bu’aa ykn faayidaa adda addaa qaamolee garaagaraaf argamsiisuu qabaachuu ni danda’a. Bu’aan qorannoo kanaas kanneen armaan gadii ta’uu danda’a. Isaanis:

Qorannoon kun kallattii xiinxala adeemsa raawwii Gumii Me’ee Bokoo marsaa 75[ffaa] Gadaa Oromoo Gujii yoo ta’u, Qorannoo kunis bu’awwan armaan gadii kana gumaachuu danda’a

- Maalummaa Gumii Sirna Gadaafi Gumii Me’ee Bokkuu adda baasuun hubachuu danda’u
- Keessumattuu Gumiin Me’ee Bokkoo, Gumii Gadaa Oromoo Gujii yeroo durii kaasee, osoo sirna gitta bittaa hin meellattin waggoota 600 oliif haalaan itti fufuu isaa kan beekkamu ta’ee, raawwii Gumiin sun hojjechuun uummata bulchu ni hubatu ta’a.
- Adeemsa fufiinsafi jijjiirramummaa Sirna Gadaa Gujii, Gumii Me’ee Bokkoo keessatti maal akka fakkatu safuufi safeeffanna sirna Gadaa adda baasuun hubachuu danda’u
- Bakka ardaa jilaa me’ee bokkootti ulfoofi ulfaatina abbootii gadaa, dubartotaafi hirmaattoo dabalatee namusawwan jira adda baasuun hubachuu ni danda’u

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Hojii qorannoo tokkoo keessatti daangaan qorannoo barbaachisaadha. Kunis kaayyoo qorannoo sana irratti hundaa’ee qorannicha amanamummaafi fudhatamuummaa isaa milkeessuu keessatti ga’ee guddaa qaba. Qorannoon “Xiinxala adeemsa raawwii Gumii Me’ee Bokkoo marsaa 75[ffaa] Gadaa Oromoo Gujii” jedhu keessatti, wantoonni lama xiyyeeffannoo daangeffamuu kan argatan, Iddoo ardaa jila Me’ee Bokkoofi gama qabiyyeen immoo, sirna wal harkaa fuudhinsaa

baalli sirna gadaa Oromoo Gujii marsaa 75ffaa adeemsawwan Gumii Me'ee Bokkoo keessatti raawwataman irratti kan xiyyeeffatuudha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorattuun, qorannoo kana keessatti wantoonni akka hanqinaatti ilaalte keessaa, gama fayyadama afaanii keessatti Abbootiin Gadaa, hayyoonnifi Oromoonni Gujii wayita ragalee irraa funaannattu keessatti jechoonni looga naannoo sanatti dubbataman namaaf hubatamuu hindandeenyedha. Yeroo sana keessatti qorattuuu gama hubannoon kan muudataniidha. Kanumaan walqabatee, raawwiiwwan tokko tokko gochaan malee, irra deebiin hubachuuf illee wantoonni gufuu ta'an sirna sana irratti bal'inan kan mul'ataniidha. Haa ta'u malee, wantoota danqaa ta'an kanneen namoota muraasa irraa akka marii gareetti kan fudhatte ta'ullee, adeemsi bal'aafi gochaan raawwatamu battala sanatti taree, gochi itti aanuu bal'aa waan ta'eef waan hunda haguuggii kennuu hin dandeenye.

Hanqinoota kanneen qorattuun, mala afgaaffiin tokkoon tokkoon jechoota danqaa ta'aniifi raawwii hubatamuu hin dandeenye hayyoota sirna gadaafi qorattoota sirna gadaa irraa yeroo dabalataa itti fudhachuun argachuun qorannoo kana galmaan ga'uu dandeessetti.

## 1.7. Haala Naannoo Qorannichaa

Oromoon Gujii gara Kibbaa, naannoo Oromiyaa, Godina Gujii, Gujii Lixaafi Boorana jiraata. Uummanni Oromoo Gujii gooroo quttumaa torba qaba. Isaan keessaa afur (Uraagaa, Maattii, Hookkuufi Haloo) daangaan quttuma isaanii walitti aane yoo ta'u, isaan sadeen hafan Weessituu, Oottuufi Sheelloon sabaafi sablamoota ollaatin marfamanii iddoo durii isaan qubatan jiraachaa jiru. Gadaan Gujii gabaalaa sadi qaba. Isaaniis (Uraagaa, Maattiifi Hookkuudha). Tokkoon tokkoon Gabalaa sadii hagaanaa sadi sadi qabu. Gujii sadeen kun gumii tokko waliin qabu.

Ardaan jilaa guddichi Gadaan Gujii baalli irratti waliif dabarsu ardaan jilaa Me'ee Bokkoo bakki argama isaa aanaa Ardaa Jilaa keessa. Aanaan Ardaa jilaa bara 2013 kan hundaa'e yoo ta'u, haalli teessuma lafa isaa gaarreen, lafa ol ka'aafi gadi bu'iinsi kan itti baay'atu ta'ee, lafa diriiraas kan qabudha. Aanaan kun gandoota 9 kan qabu yoo ta'u irra jireessa bosonaan kan uwifameedha. Aanaaleen aanaa Ardaa jilaa daangessan immoo gara kaabaan aanaa Annaa

Sorraa, gara Lixaan aanaa Uraagaa, Bahaan aanaa Adoolaa Reeddee, Kibbaan aanaa Hoddoo Shaakkisoon daangeffama.

Ardaan jilaa Me'ee Bokkoo bakka Gumiin Me'ee Bokkoo itti walga'u yoo ta'u, ardaan jilaa kun Oromiyaa, Godiina Gujii gara Bahaatti magaala Adoolaa Wooyyuu irraa fageenya Kiiloomeetira 43, aanaa ardaa jilaa ganda Solooloo Qobbootti argama. Magaala guddoo biyyattii, Finfinnee irraa gara Kibbaatti fageenya kiiloomeetira 431 fagaata. Ardaan jilaa Me'ee Bokkoo laggeen garaagaraan dangeeffama. Bahaafi Kaaba Bahaan Malkaa Diimtuun, Kibbaan Bishaan Ceekkataan, Lixaan Malkaa Galmaan daangeffama. Ardaan jilaa kanarra lafa daangeeffame namni irra hin qubane, jilli gadaa qofti waggaa saddeet saddeetiin irra qubatu yoo ta'u bal'ina lafaa heekitaara 952.02 qaba.

Ardaan kun Bonaa Ganna laliisaafi magariisawaa waan ta'eef jireenyaf kan ta'u mara qaba. Moggaasni maqaa kanaas, Me'ee: maqaa mukaa gumiin jala taa'u yoo ta'u, Bokkoon immoo, maqaa lafaati. Me'ee Bokkoo gaafa aangoo wal harkaa fuudhaan kan abbootiin gadaa ardaa jilaa hedduu keessa darbanii, duuba dhumaa irratti itti qubataniidha. Innis, Me'ee Bokkoo—birbirsa—Tuuttoo—Gannaalee---Odaa Odolaa---Shaakkisoo (Dibbee Dhugoo)---Bulee Horaa---(Uraagaa, Maattii, Hookkuu, Alaadduu)fi kkf hedduu keessa erga darbanii booda Me'ee Bokkoo qubatu.

Haalli qilleensa naannoo kanaa Baddaa yoo ta'u, hawaasni naannichaa qonnaafi horsiisa looniin jireenya isaanii gaggeeffatu.Iddoowwan turizimii Gujii keessatti armaan hedduun kan jiraniifi bosonni Gujii haalan bekkamaa kan ta'eedha. (Maddi: Biroo Aadaafi Turizimii Godinaa Gujiiti)

### 1.7.1 Hidda Latiinsa Oromoo Gujii

Gujiin gosa Oromoo keessaa tokko ta'ee, heddumminaan Kibba biyyattii keessa jiraata. Kibba biyyattii jiraaatuyyuu, baay'inaan godinaalee Oromiyaa, naannolee bulchiisa sabaafi sablamaoota biyyoota ollaas ni jiraatu. Isaan keessaa Uraagaa, Maattii, Hookkuufi Haloon haalli qubsuma isaanii wal daangessa. Waldaangessuu qofa osoo hin taane gumii, qaalluufi Gadaa tokko jalatti bulu.

**Orma→ Komba→ Jille→ Waayyu→ Aaga→Boru→Sorra→ Anna → Gujii**

| **1. Uraagaa** | **2. Maattii** | **3. Hookkuu** | **4. Haloo** | **5. Weessituu** | **6. Oottuu** | **7. Sheelloo** |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. Galaalcha | 1.Insaallee | 1. Galaalcha. | 1. Obbituu | 1. Beeqqee | 1. Baanotuu | 1.Obbituu |
| 1. Waajituu | 2. Handowaa | 2. Oborraa | 2. Dhantuu | 2. Hargagaa | 2. Hubboo | 2. Horrituu |
| 2. Sabboortuu | 3. Irqartuu | 3. Michillee | 3. Meerrituu | 3. Wontituu | 3. Abaayee | |
| 3. Hagantuu | | 4. Heeraa | 4. Anoltuu | 4.Daarimuu | 4. Okkotuu neeraa | |
| 4. Daraartuu | | 5. Baallaa | 5.Mansituu | | 5. Eeddoo | |
| 5. Gollaa | | 6. Kinnoo | 6. Hangeetuu | | 6. Weersaalloo | |
| 6. Weessituu | | | 7. Baallaa | | | |

(Maddi, WATGG, 2008:51)

## 1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun gama qindoominaan boqonnaalee shanitti kan qoodamu yoo ta'u tokkoon tokkoon boqonnaalee qorannichaa qabxiilee murtaa'oo kan hammataniidha. Boqonnaa 1$^{ffaan}$, seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, haala naannoo qorannichaafi qindoomina qorannoo kan hammatu yoo ta'u, tokkoon tokkoon qabxiilee ka'anii haala barbaachisummaa isaaniin kan ibsaman ta'uu isaati.

Boqonnaa lammaffaan, yaadrimee sirna Gadaa keessatti. maalummaa Sirna Gadaa, adeemsawwan Sirna Gadaa, sadarkaalee Sirna Gadaa, maalummaa Gumii Gadaa, walitti dhufeenya Sirna Gadaafi ardaa jilaafi kkf kan hammatuudha. Boqonnaa sadaffaan, saxaxaafi malleen qorannoo kan hammatu yoo ta'u, adeemsa mala qorannoo keessatti saxaxa qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee qorannichaa, mala iddatteessuu, tooftaa xiinxala ragaalee qabxiiwwan murteessoo waliin bakka itti ibsamaniidha.

Boqonnaa arfaffaan, xiinxala ragaalee kan hammatu yoo ta'u, adeemsa walirraa fudhiinsa baallii gadaa Gujii marsaa 75 $^{ffaa}$, bakka ardaa jilaa Me'ee Bokkootti maalummaa gumichaa, raawwiifi safuuf safeeffaannaa gumii me'ee bokkoo, taatee fufteefi jijjiiramoo gumichaa,adeemsa raawwiifi raawwannaa gumichaa kan itti sakatta'uun xiinxalamaniidha. Boqonnaa xumuraa, argannoo guduunfaafi yaboon bakka itti ibsamuudha.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana jalatti, barruu yaadrimeewwan kan itti sakatta'amaniidha. Isaanis: maalummaa sirna Gadaa, sadarkaalee sirna Gadaa, jaarmiyaalee sirna Gadaaa, Gogeessa Gadaa, sirna Gadaa keessatti hariiroo sirna Gadaafi Nageenya, Sirna Gadaafi beekumsa hawaasa bakka itti ibsamaniidha. Akkasumas, qorannoo walfakkii fi yaaxinoota qorannoon kun dhimma itti ba'uu kan ibsamuudha.

## 2.1. Sirna Gadaa

Uummanni Oromoo damee uummata Kuush madda qaroominaa, aadaafi seenaafi falaasama isaa qabuudha. Kun immoo, Oromoon uummata aadawaa ta'uu agarsiisa. Aadaan uummata Oromoo aadaa baldhaafi safuufi safeeffannaa eegee hawaasni jiruufi jireenya isaa ittiin tikfachaa jiraatudha. Daraaraa, (2022: 5) "Maatiin qaroomina addunyaaf bu'uura ta'e hiddi dame Kuush, uummanni Oromoo saba Gaanfa Afrikaa sirna Gadaafi aadaa ofiin buluun beekkamuudha". Yaadni waraabbiii kanaa Oromoon aadaafi sirna ittiin bulmaata mataa isaa kan qabu ta'uu garsiisa. Sirni, aadaafi duudhaan uummata tokkoo immoo ibsituu eenyummaati.

Aadaa immoo karaa jiruufi jireenya dhala namaa dhugeeffannoo waan darbee qabatanii har'a ittiin jiraataniiti. Sababni akkas jedhameef aadaa ni jijjiiramaa. Haa ta'u malee garee hawaasaa keessatti haala adda addaan argama. Yaaduma kana kan deeggaru, Filee, (2021:2) "Aadaa jechuun akkaataa murni, hawaasnifi uummannii tokko jiruufi jireenya isaa itti gaggeessu; waliigalu: waan tokko ittiin kalaqu; ittiin mala dha'u, waliin jiraatu; waliif ibsatu; walto'atu, walaabboomu; walumaagalatti safuu ittiin bulmaataafi mallattoo hawaasichaati" Yaadni waraabbii kanaa, uummanni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti waliin jiraachuufi waliif abbomame jiraachuuf aadaan bu'uura ta'uudha. Kanaafuu, aadaan uummata Oromoo sirna ittiin bulmaataa sirna Gadaa dabalatee, aadaa hedduu kan qabuudha.

Akkuma hayyoonni adda addaa kaasanitti, Sirni Gadaa jecha gabaabadhaan ykn waan salphaatti hiikni isa kana jedhamu miti. Yaadrimee baldhaa kan of keessaa qabuudha. Kana jechuun, sirni Gadaa waan mara Oromoo irraa adda ba'ee kan ilaallamuu miti. "Sirna Gadaa jechuun, seera siyaasa, diinagdee, seera wajjiin jireenyafi seera aadaa kan Oromoon guutumatti ittiin buluufi walbulchu madda (burqaa) seerati" (Muhaammad, 2017: 61). Waraabbii kanarraa kan hubatamu, sirni Gadaa bu'uura seera jiruufi jireenya Oromoo dur irraa jalqabee ittiin walbulchaa ture.

Heeraafi seera mara sirna Gadaa keessatti akka tumataniifi ittiin bulan agarsiisa. Kanaafuu, sirna Gadaa uummata Oromoo biratti falaasama ykn madda ittin seera tumee, seera sanaaan immoo sirna Gadaa jechuun badduu ittiin qajeelfatu, tultuu ittiin bulfatu waa mara Oromoo Gadaa isaa keessaa arganna.

Caalaa, (2023:19) "Sirni Gadaa siyaasa, diinagdee, hawaasummaa jennee kan dhiifnu miti. Qaroominniifi falaasamni Oromoo achi keessa jira. Falaasmni sirna Gadaa ittiin ijaare achi keessa jira. Har'a namni achi hin geenye"Yaada kanarraa kan hubatamu, sirni Gadaa uummata Oromoo irraa waan adda baafamee ilaalamu hin dandeenye ta'uu isaati. Oromoon Sirna Gadaa keessatti walbulchuurra darbee aadaa, seenaafi falaasama isaa kan keessatti guddifatuufi mijeeffatuudha. Akkasumas, seera ittiin bulmaataa, haala jiruufi jireenya uumaafi uummama waliin mijeeffatu jechuun ni danda'ama.

Jalqabbiin Sirni Gadaa jireenya bu'uura Orom durii wajjiin akka walqabatu qorattoonni sirna Gadaa hedduun ni kaasu. Boonsamoo, (2015:14), Warqinaa Abbaa Soorii wabeeffachuun akka ibsutti, jalqabbiin sirna Gadaa Oromoo keessatti, Haadha Oromoo kan taate, Ateeteen ilmaan lama Booranaafi Bareentuu akka godhatteefi ilmaan kun miidhaa du'aa walirraan ga'uun, awwaala ilma du'eerraa Odaa dhaabuun sirna Gadaan akka bulan Abbaa Gadaa akka moosisteefi yeroo sanarraa jalqabee, Oromoon sirna Gadaan buluu akka jalqabe kaasa. Kanaafuu Bulchiinsi Sirna Gadaa bulchiisa, dimookiraasii har'a addunyaan itti fayyadamtu kanaaf isaa bu'uuraa jechuu dandeenya.

Kana malees, sirni Gadaa guyyaa murtaa'e iddoo tokkootti jalqabe, kan jennu, bu'uurumarraa, damee Oromoo Booranaafi Bareentuu wajjiin waan eegaleef umuriin isaa, umurii uummata Oromoo wajjin tokko jechuu dandeenya.

> *Gadaa is an indigenous and democratic system of governance which has been used by the Oromoo people, developed from knowledge gained by community experience over centuries. It regulates political, economic, social and religious activities of the community and serves as a mechanism for enforcing moral conduct, building social cohesion and expressing forms of community culture (Gadaa Journal , 2018:1)*

Waraabbii kanarraa kan hubatamu, Sirni Gadaa, sirna dimookiraatawaa uummanni Oromoo yeroo hedduu itti fayyadamaa ture. Akkasumas, siyaasa, diinagdee, hawaasummaa, amantii, aadaa, safuufi safeeffannaa isaa keessatti tifkachaa turee har'aan ga'e jechuun ni danda'ama. Kana jechuuf immoo sababni guddaan, sirna Gadaa keessatti akka siyaasa warreen biroo osoo hin taane, ilmi Oromoo guyyaa dhalate irraa hanga lubbuun darbuutti ga'eefi ittigaafatamummaa tokkoon tokkoon isaa akka qabu kan agarsiisudha. Sanarra darbee tokkummaa uummata Oromoo kan cimsu, aadaa sabichaan hidhata kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.

> *The gadaa system has the principles of checks and balances (through periodic succession of every eight years), and division of power (among executive, legislative, and judicial branches), balanced opposition (among five parties), and power sharing between higher and lower administrative organs to prevent power from falling into the hands of despots (Asefa, 2012:132)*

Yaadni waraabbii armaan olii, Sirna Gadaa keessatti aangoon haala seera qabeessa ta'ee, kan hojiirra oolu ta'ee, qoodinsi aangoo warren seera tuman, seera raawwachiisaniifi seera hiikan haala daangaa aangoo isaaniin kan tajaajilaniidha. Akkasumas, gogeessi gadaa shanan bifa seera qabeessa ta'een olaantummaa osoo hin agarsiisin yeroo isaa eeggatee aangoo kan dabarsuufi yeroo aangoo isaa keessatti amanamummaan hawaasa isaaf akka tajaajiluudha.

"Gada is the widely accepted and obeyed cultural system of the Oromo society through which they formulate the norms, values and customary practices on which their everyday social and cultural lives are based. (Taadese, 2020:1) Sirni Gadaa jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti sirna beekkamaa, aadaa, safuu, sonawwaan, duudhaa isaa guyyuun jireenya hawaasa irratti hirkate kan jiruudha. Kanaaf, sirni Gadaa uummata Oromoo irraa ba'ee adda ilaallamuufi qorachuun akka hin danda'ame agarsiisa. Kun immoo, Waan Oromoo marti sirna gadaa irratti akka hirkatee jiruudha.

"The Oromo Gadaa is a system of gada classes (luba) that succeeded each other every eight years in assuming political, military, judicial, legislative, and ritual responsibilities." (Asmarom, 2000: 31) Kana jechuun, hawaasni Oromoo haala jireenya isaa keessatti kan walitti qabu sirna Gadaa ta'ee sirna Gadaa keessa immoo, adeemsa siyaas diinagdee, lola,

seera tumuufi hiikuu dabalatee jilawwan adda addaas sirnicha keessatti akka hammatamuudha.

Walumaagalatti, Sirni Gadaa Sirna ittiin bulmaata Oromoo, Jaarmiyaa, umuriin ijaarramee, sirna walqixxummaafi dimookiraatawaa ta'eedha. Sirni Gadaa aangoo waggaa saddeet saddeetiin walirraa fuudhaniifi ittigaafatamummaa gama diinagdee, siyaasa, hawaasummaa kan qaban kan ittiin ba'ataniidha. Tokkoon tokkoon sadarkaalee Sirna Gadaa keessatti hunduu waggaa saddeetif sadarkaa ykn gulantaa tokkorra tura. Ilmaa oromoo guyyaa dhalatan irraa hanga lubbuun darbaniitti adeemsa sirna Gadaa keessa kan darbaniidha.

## 2.2. Sadarkaalee Gadaa

Sirna Gadaa keessatti sadarkaalee hedduutu jira. Haa ta'u malee, maqaan isaanii iddoodhaa iddootti garaagarummaa qabu. Ta'uyyuu ga'een hojii isaanii walfakkatadha. kanuma bu'uura godhachuu, "Gadaan haala umuriitiin murna lama qaba. Isaanillee, miseensa Gadaa Qaraafi miseensa Gadaa Laaftuu jedhamanii beekaman" Muhaammad, 2017:69).

Akka waraabbii olii kanarraa hubatamutti, sadarkaaleen sirna Gadaa, miseensa lama, miseensa Gadaa qaraa, miseensota umuriin walfakkaatan iddoo tokkottifi miseensa tokko jalatti walitti qabee kan sochoosu murna sadarkaa ja'aa, sadarkaa tokkoo hanga ja'aa jiran (0-48) jiran jechuudha. Akkasumas, Miseensa Gadaa Laaftuun umurii (48-88) kan jiran, miseensa sadarkaa Gadaa qaraa gorsuufi Abbaa Seeraa ta'uun kan tajaajilan hayyoota ol'aanodha.

"Sadarkaalee ykn gulantaaleen ilmi namaa guyyaa dhalaterraa eegalee akkuma umurii isaa dabalaa, yaadni bilchaataa deemufi ittigaafatamummaa namni bulchiinsa, diinagdeefi hawaasummaa keessatti qabu dabalaa deemuun sirna bulchiinsa Gadaa keessatti gulantaa tokkorraa gara gulantaa itti aanutti ce'aa deema" (WATGG, 2016:50). As keessatti akkuma yaada armaan olii kana irraa hubannu, sirna Gadaa keessatti gulantaa ykn sadarkaa itti aanutti darbuuf ga'eefi itti gaafatamummaa umurii sana madaalufi akka seera sirna Gadaatti itti kenname yeroo ba'an sadarkaa birootti darbu. Kun immoo sadarkaa kam ittillee, ga'eefi ittigaafatamuumman akka jiru nu hubachiisa. Dabalataanis, daangaan aangoo sadarkaalee Gadaa kana keessatti akka jiruudha.

### 2.2.1. Sirna Luba Oromoo Gujii

Oromoo Gujii biratti sirni lubaa 13 tu jira. Sadarkaa Gadaa abbaa waliin kan walqabatu malee kan callisanii waggoota dabalan miti. Fkn namni sadarkaa Doorii irra jiru ilmi isaa Dabbaleedha. Yoo Yuuba Xiqqaarra jiraate immoo, sadarkaa abbaa isaan kan madaalamu Kuusa ta'a. Yoo kan Abbaa Gadaa ta'e garuu, ilmaan Doorii ykn Dabballee hin taatu.Sadarkaa Abbaa Gadaa Qarree xixiqqoo ykn Gaammee Xiqqoo ta'a.(Yuuba Moonaa Godaanaa irraa bilbilaan guyyaa 28/9/2016 odeeffadhe )

> *In Gujii Gada system, there are thirteen age grades and these grades can be grouped in to five phases depending on the social and political roles they play in Gada system: Childhood phase, Dabballee, Qarree (Qarree Duraa, Qarree Duubaa), Kuusa; adulthood phase, Raaba, Doorii, Gadaa; retirement phase/old age phase (three yuubaas) Baatuu, Yuuba, Yuuba Guddaa; extinctive phase (three jaarsaas): Jaarsa Guduruu, Jaarsa Qululluu, Jaarsa Raqeya and terminal age. (Negese, 2018:44)*

Akka Oromoo Gujiitti sadarkaaleen Gadaa kudha sadi kan ta'aniifi garee gorguddoo shanitti akka qoodaman kaasa. Isaanis Sadarkaa ijoollummaa Dabballee, Qarree ( Qarree Duraa, Qarree duubaa), Kuusa) Sadarkaa ga'eessummaa Raaba, Dooriifi Gadaadha; sadarkaa maanguddummaa Yuuba sadeen: Baatuu, Yuubafi Yuuba Guddaa; Sadarkaa Jaarrummaa (Jaarsa sadeen): Jaarsa Guduruu, Jaarsa Qululuu, Jaarsa Raqeyafi sadarkaa dhumaa ka qabuudha. Kanaafuu sadarkaa Gadaa Oromoo Gujii kanneen biroo irraa maqaa addaa qabaatullee, hojiifi ittigaafatamummaa sirna gadaa keessatti qaban walfakkaatadha.

"Sirna Gadaa keessatti sadarkaan ramaddii gulaantaa lubaa namaaf kennamu sadarkaa luba abbaan ijoollee uumate irra jiruun malee gogeessota sadarkaalee Gadaa irratti waggoota saddeet saddeetin dabalaa deemuun sirri miti" (WATGG, 2016:51). Kanaafuu gulaantaan lubaa sadarkaa gadaa abbaa isaa waliin kan walqabatu akka ta'e agarsiisa. Walumaagalatti sadarkaawwan lubaa Gujii bifa armaan gadiin kitaabilee (WATGG, 2008:20-38FI WATGG, 2016:51-74) irraa bifa armaan gadi kanaan ibsuu yaalera.

#### 2.2.1.1. Sadarkaa Ijoollummaa

Sadarkaan kun gulaantaa Dabballee, Qarree Duraa, Qarree Duubaafi kuusa kan hammatuudha. Sirna Lubooma sadarkaa kanaa keessatti itti gaafatamummaa gama adda addaan kennamu hin jiru.Deeggarsafi eegumsa maatiin kan jirataaniidha.

Dabballee: Gulaataa jalqabaa ta'ee, gulantaadhan Ilmaan Doorii warra ta'aniidha. "Namni gulantaa Doorii hin geenne yoo ilma dhalfate daa'imichi gulantaa Dabballee hin ta'u. Hanga sadarkaa sana ga'utti Guduruu ykn Sulluda jedhama. Mallattoon Dabballee agarsiisu ellellan mataatti kaayatu" (WATGG, 2016:52)

Qarree Duubaa: Sadarkaa kana keessatti kan argamu daa'immaan umurii sagalii oliifi isaa gadiis ta'uu malu. Warreen kunis ilmaan abbaa Gadaa warra ta'aniidha. Gulantaan kanatti aanu Qarree Duraati. Isaan kunis warra umuriin 17-24 oliifi gadiis ta'uu malu. ga'een hoji sadarka kanaa, leenjii waraanaa, loon hora geessuu, Foora loonii godaanuufi kkf. Isaan kun ilmaan Baatuu warra ta'aniidha. Sadarkaan Qarree Duraatti aanu Kuusa. Isaan kun warra umuriin 25-28 oliifi gadi ta'uu danda'u. Miseensa luba itti gaafatamummaa fudhachuuf jiran waan ta'eef jila adda addaa raawwatu. Innis Jila walbaruu, nyaachisuufi leenjii fudhachuufi haadha manaa jalqaba fuudhuufi kkf

#### 2.2.1.2. Sadarkaa Ga'eessummaa

Sadarkaa ga'eessumaan luba Raaba, Dooriifi Gadaa ofkeessaa qaba. Raabni miseensa lubaa yeroo leenjii fudhachaa turetti ga'umsaafi naamusa hooggansaa cimaa kan horatedha. Hojiin isaanis daangaa biyyaafi qabeenya uummata eegudha. Bultii ijaarrachuun dura itti gaafatamummaa sirna Gadaa keessatti hin fudhatan waan ta'eef, sadarkaan kun haadha manaa qabaachuu qaba. Haati manaa Raaba mallattoo gulantichaa kan ta'e, Midhoo hidhatu. Lubni gulantaa kana keessa jiru Raaba Midhoo jedhamee waammama. Raabni jila wooddessa muruu booda Dooritti ce'u.

Dooriin gulantaa Raabatti aane kan dhufu yoo ta'u biyya bulchuuf warreen qophirra jiraanidha. "Turtii yeroo lubni kun gulaantaa kana keessa turu waggoota afur qofaadha. miseensonni luba Raabaa dhiiras ta'ee dubartii jila woddeessa muraafi qaajimaa mur'isaa akka walduraaduubatin raawwatu" (WATGG, 2008:25). Raabni jila keessa darbuun gara gadaatti dhufu waddeessa muruu kan dhiirafi qaajimaa muriinsi immo kan warra dubartii ta'uu agarsiisa. Gadaan gulaantaa

sirna bulchiinsaa keessa 6ffaa yoo ta’u, yeroo sanatti aangoo uummata bulchuu kan qabuudha. Sadarkaa luba kanaatti leenjiwwan hedduu waan fudhateef ciminaafi ga’umsa guddaa qaba.

#### 2.2.1.3. Sadarkaa Maanguddummaa

Sadarkaa maanguddummaa keessatti luba Baatuu,Yuuba diqqaafi Yuuba guddaatu jira. Isaan kunis, sirna Gadaa keessatti ga’ee hojii mataa ofii qabu. Baatuun gogeessa gadoome baallirra darbeedha. Ijoolleen warra baatuu qarree duraa keessatti argamu. Baatuun aangorra waan darbeef kallattiin sirna gadaa keessatti ga’ee dhabus, muuxannoo kennuufi luboota duuba isaanii barsiisu.

Yuuba diqqaan dhaloota sadarkaa Gadaa keessatti gulaantaa 8ffaa jiru. Ilmaan Yuuba diqqaa Kuusa keessatti argamu. Gumii keessatti waan aadaa lallabu. Muuxannoofi beekumsaa aadaafi dhimmoota biro dhaloota duuba isaanii barsiisu. Yuuba guddaa gogeessa gulantaa 9ffaa ta’ee, ilmaan yuuba guddaa luba Raabaa keessatti argamu. Sirna Gadaa keessatti ga’ee dhabanillee, Gumii irratti seera woyyuu, seera aadaafi seera adda addaa lallabuufi dhaloota duubaa qaru. Akkasumas, seera gumii haqamu yoo jiraate kan fooyyessu Yuuba guddaadha.

#### 2.2.1.4 Sadarkaa Jaarrumma

Luboonni sadarkaa kanaa umuriin waan nama gurguddoo ta’aniif ga’een hojii kamiyyuu, isaani hin kennamu. Isaanis, luba  Jaarsa guduruu, Jaarsa qululluufi Jaarsa raaqeyaati. Lubni Jaarsa guduruu jaarsa qululluufi jaarsa raaqeyaa caalaa sammuun isaa dammaqaadha. haa ta’u malee, dhimma hawaasumma tokko tokkoon alatti ga’een isaan qaban hin jiru. Jaarsa qululluus ta’e, Jaarsi raqeyaa namoota gurguddoofi sammuun dadhaboo waan ta’aniif kunuunsa ala ga’een hojii isaanii hinjiru.

### 2.3. Jaarmiyaalee Sirna Gadaa

Sirni Gadaa Sirna uummata Oromoo waliin umurii hedduu lakkoofsiseedha. Sirni Gadaas, jaarmiyaalee adda addaatti qoodamuun haala jiruufi jireenya Oromoo kan hammatudha. Sirni Gadaa jaarmiyaalee hedduu of keessaa qaba.

“The Gadaa system of governance is also rich in institutions for resource management, peace restoration and social integration that are worth in the modern system of governance. These traditional institutions have been functional among the Oromo groups who have retained their

indigenous system of governance" (Tesema, 2016: 85). Sirni Gadaa keessatti jaarmiyaan hedduun kan jiraniifi isaan kunis, qabeenya uumaama eeguuf, nageenya tiksuuf kan tajaajiludha.

### 2.3.1. Gumii/ Caffee

Gumiin jaarmiyaalee sirna Gadaa keessaa tokko ta'ee, bakka ijoo waan hawaasa baldhaa itti dubbatamu, waldhabdee guddaan tokko itti furamu qaama olaanaa Sirna gadaati jechuu dandeenya. Yaaduma kanaan kan walqabatu,

"Caffee yookan Gumiin jecha ammaan paarlamaa jechuu yoo tau, ga'een isaa inni guddaan seera tumuufi murtii gaggeessudha" Alamaayyoo,2008:50). Waraabbii kanarraa kan hubatamu, gumiin qaama ol'aanaa seera tumuudha. Seerri kunis, haala jiruufi jireenya uummata sana giddugala godhachuun tumama. Haala sanaan uummati seerri tumameef seerichaan walbulcha**.** Kanaafuu, sirna Gadaa keessatti gumiin qaama bakka olaana qabu ta'uu hubanna.

"The national assembly is made up of all the assemblies and councils of Oromoo who meet in the middle of the gada period, once every eight years, to review the law, to make new laws, to evaluate the men in power, and to resolve major conflicts that could not be resolved at lower levels" (Asmarom, 2000:100). Waraabbii kanarraa, Gumiin qaama olaanaa hojii Gadaan waggaa saddeet keessatti walga'uun, turtii waggaa saddeeti keessatti seerri ba'e kam hojiirra akka oole. Akkasumas seera irra deebi'amee ilaallamuu qabu ilaaluu, seera haaraa baasuu, sirna Gadaa keessatti seericha raawwachiisan haala kamiin akka ta'e madaaluufi waldhabdeewwan sadarkaa xixiqqootti osoo hin furamin gumii bira ga'e furuuf kan hojjetu ta'uu isaati.

Dirribii, (2016:236-237) Sirna Gadaa keessatti Gumiin aangoo hunda caalu qaba. Kana jechuu, murtee gumiin murteesse kan jijjiiru akka hin jirredha. Hawaasnis gumii irratti dhimma biyyaa, seera, aadaafi kkf giddugala godhachuun irraa dubbata malee, waan nama dhuunfaa miti. Kanaafuu, gumiin waan gadaan bara saddettan darban keessatti biyyaaf hojjete ilaaluun, kan dabe sirreesse, kan hanqate immoo guuta. Sanarra darbee daangaa aangoo sirna Gadaan ala namni itti fayyadame yoo jiraate Gumiin taayitaa irraa buqqisa ykn buusa.

Kanaafuu, Sirna Gadaa keessatti gumii wanti caalu akka hin jirreefi seerriyyuu gumii gadi akka ta'e hubanna. Sababni isaa seerri sirna Gadaa keessatti ba'u marti gumiin tumaamuufi kan ilaallamu waan ta'eefidha.

…"Gumii means the multitude because it is a very large assembly made up of many councilors (Hayyu) and assemblies (Ya'a) drawn from different sections of the Gada institution, as well as ordinary citizens who have the ability to express their thoughts on matters of national concern, and the interest to travel to (sic) the site of the pre-gumi meetings" (Negese, 2018: 43). Jaarmiyaa sirna Gadaa keessatti Gumiin sadarkaa Gadaa irraa kan walitti dhufu ta'ee, rakkoo hawaasa gadi fageenyaan kan ilaalu, dhimma hawaasaa mari'achuu, waa'ee daangaa irratti odeeffannoo qabaachuufi akka tasaa daangaan biyya sanaa illee diinaan kan cabsamuuf jedhu yoo ta'e Gumiin waraana labsa. Kanaafuu aangoo waraana labsuu kan qabullee Abbaa Gadaa osoo hin taane Gumiidha.

> *Gumii Bokkoo which in turn divided in to three parts following three confederates of Guji groups Local luba authorities called Haagana Sagal/nine senates/ come together at Bokko to make laws and rehearse them. Therefore, Gumii Bokkoo is the only law-making body in Guji Gada system. Similarly, Gumii Bokkoo is the body that makes/ introduces new law, amend and change if needed. When nine senates summit at Bokko and make laws, yuuba sagal /nine councilors/ play an advisory role during law making. (Isuma:47).*

Keessumattuu, Oromoo Gujii biratti Gumiin Me'ee Bokkoo caasaafi ijaarrama qaban irratti, qaama bulchiinsa Gadaa isa olaanaadha. Kanaafuu, Gumiin Me'ee Bokkoo qaama seera tumu ta'ee sirna Gadaa Oromoo Gujii keessatti tajaajila. Seera haaraa baasuufi yoo barbaachisa ta'e seericha jijjjiiruu qaama danda'uudha**.** Kanaafuu Gumiin Me'ee Bokkoo qaama olaanaa seera tumu, seera fooyyessufi barbaachisummaa isaa irratti hundaa'e seera haquun kan biraa bakka buusuti. Kun immoo Oromoon Gujii bulchiinsa ammayyaa caalaa beekumsa Xabboon qoodinsa aangoo qabaachuu kan agarsiisudha.

### 2.3.2. Irreecha/Dhibaayyuu

Irreechi uummata Oromoo biratti mallattoo galateeffaannaa ta'ee, uumaa biraa eebba fudhachuu jechuudha. Kunis jiruufi jireenya isaa gaggeessuu iddoo itti waaqarra eebbifamuudha. Gosoota Irreechaa Malkaafi Irreecha Tulluu jedhamee beekkama. Irreechi malkaa kan wayitii Birraa adeemsifamu dukkana keessaa kan gara ifaatti nu baaste galatoomii yaada jedhu qaba. Irreechi

Tulluu yeroo Arfaasaa kan kabajamu, yoo ta'u irreecha waaqaa ofii araara itti kadhatanii akka hongeen hin miineef rooba kadhachuuti.

Ashannaafii, (2019:15) "Irreechi ayyaana gamtaadhan ba'anii waaqa kadhataniifi galateeffataniidha. Irreechi duudhaa, amantii fi aadaa Oromoo calaqqisiisu ittiin uumaafi uumamatti dhiyaatu, galateeffatuufi kadhatu sirna irreechati". Akka waraabbi kanarraa hubannu, irreechi mallattoo ykn agarsiiftuu aadaa, amantiifi duudhaa Oromoo ganamaa akka ta'eefi irreechi mallattoo galateeffaannaa waaqaa ta'uu isaati. Kana jechuun, Oromoon irrecha keessatti maalummaa amantii isaa, haala aadaafi duudhaa, kabaja uumaa isaaf qabu ibsata jechuudha.

"Irreecha jechuun waaqa uumaaf garaafi qaamaan jilbeeffatanii jiidha qabatanii irreeffachuu, dhugeeffachuu, galateeffachuufi abdachuudha. Kana jechuun, waaqaaf kabajaafi ulfina kennuun isa irraa immoo irree cimaa, fayyaa guutuu, tarfaasa gaarii, jiruufi jireenya abdii qabu…fudhachuudha" (Filee, 2021:103). Waaqni uumaa uummama maraa ta'uun, qorqalbii ofii tasgabbeessanii rabbiif galata galchuu. Akkasumas, abdiin uumaa irraa eeggatumu, nagaa, fayyaa, hiree gaarii, jiruu mijattuu akka ta'e waraabbiin kun akaake. Kanaafuu Oromoon, yeroo irreeffatu galateeffaannaa yeroo darbeefi kadhannaa yeroo itti aanu dhaloota isaa akka tiksuuf waaqayyootti adaraa kennatudha. Kun immoo irree cimaa akka uummata isaa gidduutti uumuu kadhachuu jechuudha.

Dirribii, (2016:75) irratti, irreessi aadaa amantii waaqeeffattoota biratti kabajamu ta'ee, marga, (coqorsa) daraaraa ykn baala jiidhaa maqaa galata waaqatiif bakka murtaa'e tokko kaa'uudha. Kun immoo, waaqa nagaa namaa kenne, waaqa marga kana magarse, waaqa biqiloota sana daraarse jechuun abdiifi mallattoo fuuldura sana jiru ilaalaa Birraa akka irreeffatamu kaasa. Kanaaf, ayyaanni irreechaa uummata Oromoo biratti ayyaana galataati. Kana jechuun uummaama qabatee uumaa isaa galateeffata. Jiruufi jireenya fiuldura isaaf waaqa kadhata. Haa ta'u malee, yeroo Arfaasaa, immoo roobni wayitii isaa eegee yoo roobuu baate, Oromoon gamtaan tulluutti ba'ee, akka bokkaan roobuuf kadhachuu wajjin walqabata.

### 2.3.3 Ateetee

Ateeteen akka jaarmiyaa sirna Gadaatti mallattoo walhormaataa kan agarsiisu ayyaana dubartiiti. Akkasumas, rakkoolee siyaasaa, hawaasummaafi diinagdee dubartoota irratti mul'atan furuu irratti bakka olaanaa kan qabu ateetedha. Yaaduma kana kan deeggaru,

Boonsamoo, (2015:124)“Ateeteen ayyaana haawwan bulfattu; ayyaana haadhati. Gurmuu dubartiin siinqeefi sardoo qabattee sirna waaqa ittiin kadhattuufi mirga ofii ishee ittiin kabachiifattu” Yaadni waraabbii kanaa, Ateeteen ayyaana dubartoota ta’ee, ulfoofi ulfinni dubartiin tokko akka hortee baay’atuu, deessee ilmoo godhattufi mirgi dubartootallee ittiin kabajamu ta’uu ibsa. Kanaafuu, ateeteen ayyana dubartii ayyaaneffatu, mallaattoo hormaatafi eegsistuu mirga dubartootaa jechuun ni danda’ama.

“Ateeteen jiidhadha.Ateeteen hormaatadha. Ateeteen ayyaana dubartootati. Ateeteen ayyaana dhaloota dabaluuti; ayyaana fayyaafi nageenyati; ateeteen sirna walqixummaa mirga dhala namaa, keessattuu kan dubartootaa itti kabachiisanidha” (Filee, 2021:110). As keessatti ateeteen ayyaana hormaataafi mirga dubartoottarra darbee, dhaloota jiruf fayyaafi nageenya, jaalalaafi tokkummaan dhaloota gidduutti akka baay’atufi walqixxummaa dhala namaa hundaa kan agarsiistu ateetee ta’uu hubanna. Kanaaf, Ateeteen Oromoo biratti dubartoonni yaa ayyaaneffatanii malee, kabajuufi ulfina barbaachisu laachuu irratti dhaloonni hunduu akka ga’ee qabuudha. Sababni isaa ateeteen tiksituu nagaa fi fayyaa dhalootaa waan taateefidha.

Ashannaafii, (2019:14) “Ateeteen ayyaana Haadholiin galata galchuuf ayyaaneffataniifi dubartoonnis mucaa argachuuf ayyaaneffataniidha. Dubartiin ayyaana kana facaafattu ayyaanni haadhashee isheefis tolee akka dhala ishee qajeelchuuf uumamaan waaqa itti kadhattuudha” Waraabbii kanarratti, Ateeteen mallattoo galataa illee akka ta’eedha. Kunis, ayyaanni daddabarsaan dhufe kuni, dhaloota kaleessaa akkuma qajeelchitee dhaloota har’aas milkeessi. Dabalataan, dhaloota ilma namaa qofa osoo hin loonille akka ofkalaafi nagaa ta’an ayyaana ateetee keessatti galateeffatu.

> *“Ateeteen, ayyaanni maaram dubartootan kabajama.Gamtaa dubartoota jabeessee mirga dubartoota eegsisa. Guyyaa ayyaana ateetee dubartiin uffata addaa kan mataa isaa danda’e kan akka qoloo-faanaa, qomee- qomaa, caaccuu, calleefi kkf jifaarrattee waggaatti si’a tokko guyyaa Maarama ijoollee ofii ji’a amajjii keessa dhadhaa baqsaa cuuphxee itti facaafattee eebbiftuudha” (Dirribii, 2016:121)*

Waraabbii armaan olii kanarraa kan hubatamu, ayyaanni ateetee akkuma ayyaana biroo sirna mataafi haala uffaannaa adda ta’e kan qabu ta’uu isaati. Dabalataanis, meeshaalee ulfoofi faaya dubartoota kan akka caaccuu, calleefi kkf ayyaanicha irratti muuda mataa

isaanii akka qabaniidha. Ayyaanni ateetee maqaa biro ayyaana Maaram illee akka jedhamu barreessan kun ni kaasa.

### 2.3.4 .Gumaa

Uummanni Oromoo yeroo rakkoon hawaasummaa itti galte gaaddisa Gadaa jalatti, seera Gadaatin rakkoo hawaasa isaa hiikkachuun beekkama. Rakkoowwan hawaasa keessatti uummaman keessa tokko lubbuu dabarsuu ta'uu danda'a. Kanaaf immoo jaarmiyaan sirna Gadaa keessaa, Gumaan karaa rakkoo kana bifa nagaan itti furaniidha.

Gumaan jaarmiyaalee sirna Gadaa keessa tokko ta'ee, bakka itti waldhabdee ykn qaama lubbuu itti darbe tokkoof beenyaa kennuun araara buusuti. Kanuma ilaalchisee

> *Gumaan seera uummanni Oromoo du'a lubbuu namaa karaa nagayaan hiikuudhaf bifa ittiin walitti bu'insa hiikkachaa tureefi ammas ittiin hiikkachaa jiru, borus itti furudha. Gumaa jechuun nama lubbuu namaa baasee seera hin fiatin yoo ta'u, namicha lubbuu namaa baase immoo gumicha. Akka aadaa Oromootti nama lubbuu namaa baase Gadaan quca itti mura. (Boonsamoo, 2015:84)*

Waraabbii kanarraa kan hubannu, Gumaan jaarmiyaa sirna Gadaa keessaa tokko ta'ee, beekanis ta'ee osoo hin beekiin lubbuun nama yoo nama harkatti bade nagaa eegsisuufu gochaan sun hawaasa sana keessatti akka hin deebineef jecha beenyaa lubbuu sanaa kaffaluu jechuudha.Sunis akka seera sirna gadaatti adabbii namni sun itti keennamu sirna gadaa keessatti tumama jechuudha. Namni sunis gatii lubbuu sana akka seeratti baasa jechuudha.

"Gumaa jechuun gatii lubbuu ajjeefamee ykn meeshaa cabee beenyaa kanfaluu jechuudha "(Filee, 2021:235). As keessatti gumaan lubbuu namaa qofa osoo hin taane meeshaan namaas yoo harka namaatti bade ykn cabe gumaa akka qabu waraabbii kanarraa hubachuun ni danda'ama.

Walumaagalatti, gumaan hawaasa Oromoo biratti jaarmiyaa guddaa gatii lubbuu namaa osoo dhiigaan hin baafatanin ykn dabaree namni dhiibbaa walirraan hin ga'in hawaasa miidheefi miidhame gidduutti gatii lubbuu kaffalee nageenyan jiraatudha. adeemsi seera Gumaa baldhaafi wantoota hedduu kan ofkeessa qabuudha. Gumaan ba'uu yoo baate, nama lubbuu baase qofa

osoo hin taane gosa warra lubbuun ba'eefi lubbuu baasee gidduutti araara buusu kan kaffalamuudha.

### 2.3.5. Siinqee

Asefa, (2012:136, Kuwee, 1997 wabeeffachuun Siinqee yoo ibsu, "women had the siiqqee institution, a parallel institution to the gadaa system that "functioned hand in hand with Gadaa system as one of its built-in mechanisms of checks and balances". Waraabbii kanarra kan hubatamu siinqeen jaarmiyaa sirna gadaa keessaa tokko ta'e, mirga dubartoonni sirna gadaa keessatti qaban kan akeekudha. Kunis, adeemsa aangoo sirna gadaa wal madaaluufi mirkaneeffachuudha.

Siinqeen mallattoo dubartoonni sirna Gadaa keessatti akka ga'ee qaban agarsiisan keessaa isa tokko. Akkasumas, agarsiistuu mirga dubartoonni dhimma hawaasaa keessatti qabaniifi kabaja dubartiiti. Siinqee shammarran kan hin qabannee, dubartoonni dhimmoota adda addaa akka itti fayyadaman qorattoonni ni kaa'u. Kanuma bu'uura godhachuun, Boonsamoo, (2015:119) irratti "Siinqee kan qabatan uumamaaf, heerumaaf, falaaf, araara buusu qabatan. dubartii siinqee qabattee deemtuuf kabaja guddaatu kennama". Waraabbii kanarraa kan hubatamu ulfina siinqeen uummata Oromoo biratti qabduu meeshaa aadaafi faaya dubartii dabalatee mallati. Siinqeen dubartoota qofaan malee warra dhiiraa ykn shamarraniif siinqee kan hin qabatamne ta'uu isaati

Akka Dirribiin, (2016:159-164) irratti, Siinqeen mallattoo aangoofi mirga dubartoonni Oromoo aadadhaan qaban agarsiisa. Kun immoo seera garaagaraa kan mirga dubartii kabachiisuf bahan dhuguumsuuf akka gargaarudha. Siinqeen uummata Oromoo biratti kabaja, saalfii fi sodaatama guddaa qabdi.

Fakkaattiin ishee ulee fakkaatuyyuu, tajaajjilli siinqee wantoota murta'aan qofaaf malee, wantoota hundaf itti hin fayyadaman. Dubartii malee dhiirri ykn shamarran hin heerumne siinqee hin qabatan. Dubartoota siinqee qabatte hin qaxxamuran. Kanaafuu, siinqeen uummata Oromoo biratti faayidaa hedduuf oolti. Isaanis waraana dhaabuu, jila waraanaf ba'u eebbisuu, cidhaafi kkf akka ooluudha.

### 2.4. Gogeessa Gadaa

Sirna Gadaa keessatti paartiwwan shan ykn shanan Gadaa Oromoo jedhamuun beekkamu. Haa ta'u malee, iddoodhaa iddootti maqaa adda addaan waammamu. Kanuma bu'uura godhachuun, Toleraafi Hundessaa, 1995: 80-81) irratti maqaa gogeessa Gadaa haala naannotin maalin akka beekkamu qoodaniru. Isaanis, Boorana keessatti, Daraara, Libaas, Sabbaqa, Moggisa, Makhula jechuun ibsa. Akkasums, Gujii keessatti, Harmuufa, Roobalee, Muudana, Halchiisafi Alana jechuun ka'aDabalataanis, Maccaafi Tuulama keessatti, Birmajii, Michille, Duuloo, Meelbaafi Roobalee jedhamuun kaasa.

Yaaduma kana irratti Dirribii, 2016:248-249) Sababoonni gogeessa Gadaa Oromoo maqaa adda addaa akka qabaatan taasise dhiibbaa sirnoota adda addaa ta'uu isaa ibsa. Kanarraa ka'uun Ayyaantuun mari'atee akka maqaa sana jijjiiru kaasa. Kanaafuu, kun caalatti qorannoo addaa akka barbaadu kaasuyyuu, Gogeessi Gadaa shan qofa akka ta'e kaasa. Dabalataanis, Gadaa Abbaafi Gadaan ilmaa illee maqaa adda addaa akka qabu kaasa.

"The generation-set in the Guji-Oromo Gada system encompasses five groups; namely, Robale, Halchisa, Harmuufa,  Muudana and Dhalanna. These are categories of generations (parties) who assume the leadership power (the Gada power) one after the other every eight years" (Taadese, 2020:2) As keessatti akka Oromoo Gujiiitti gogeessi gadaa shanan eenyu akka ta'an agarsiisa. Isaanis, Roobalee,Haalchiisa, Harmuufa, Muudanafi Dhallannaa akka ta'aniifi isaan kun waggaa saddeet saddeetin aangoo akka walirraa fuudhuu hawaasa tajaajilan paartilee shanan Gadaa Oromoo Gujii jechuun kaasa. Dabalataanis, (WATGG, 2016: 50) baalliin ykn fincaan ykn gogeessi Gadaa Oromoo Gujii shan akka ta'aniifi isaanis wolannaafi qadaadduu akka qaban kaasu. As keessatti wolannaan warreen aangorra jiran sanaaf tumsaniifi gorsa kennan yoo ta'u, qadaadduun garuu warra gara oongotti dhufuuf eeggachaa jiran jechuun kaasa. Kanaaf paartiin ykn gogeessi aangorra jiru wolannaa lamaafi qadaadduu lama akka qabu ibsa.

### 2.6. Seera Sirna Gadaa

Imaammanni 'Seerri nama hundaa oli' jedhu hundee bulchiinsa seera Gadaa oromooti.Oromoon seeran bula malee, ajaja abbaa hirree ykn humnatin hin bulu. Abbaan Gadaas seera ol miti. Seerri mataa isaa immoo Gumii ol miti, Kanaaf Oromoon seera uummanni tumeen bula Dirribii, 2016:287 Asmaroom wabeeffachuun. As keessatti Oromoon seera sirna gadaan bula malee seera

mootutaa ykn abbaa hirreen hin bulu. Kun immoo seerri sirna Gadaa Gumii gadaan tumama. Abbaa Gadaas ta'ee tokkoon tokkoon sirna Gadaa keessatti aangoo qaban seera Gadaa sanaan jiraatu. Haa ta'u malee, seerri immoo gumii ol akka hin taane kaasa. Sababni isaa seera kan baasu, kan madaaluufi jijjiiruu danda'u Gumii Gadaa qofa akka ta'e agarsiisa.

Sirni Gadaa seera mataa isaa qaba. Seerri kunis uummama maraaf seera tumamuun tajaajiluudha. "Caffeen waliigalaa ykn odaan iddoo seerri waliigallaa tumamu, seerri caffee naannoleef madduufi abbootiin gadaa itti muudamaniidha.

> *Seera implies customary laws operating at local gadaa centers among various groups of Oromoo at different parts of Oromia. Thus, it is more of a normative practices for the Oromoo that their life aspects is historically subjected to jurisdiction of laws enacted at different times and under the various gadaa administration centers (Gadaa Journal, 2018:62)*

Waraabbii kanarraa kan hubatamu, seerri sirna Gadaa keessatti ba'u, sadarkaalee adda addaatti hawaasa kan tajaajiluudha. Kun immoo hojirra oolmaan isaa hawaasa mara biratti akka wal fakkaatatti kan hojiirra ooludha. Seerri sirna Gadaa bulchiinsa Gadaa hunda biratti haala tokkoon tajaajila. Kaanif olaantummaa ykn gadi aantummaa wanti kennuuf hin jiru.

"They mentioned that the principle of Gadaa system known as Seera Caffee Oromo or Seera Walaabuu was formulated centrally and comprised of most common laws directly or indirectly addressing socio-political, economic and religious life of an individual Oromoo. (Isuma: 64) As keessatti seerri sirna Gadaa, seera caffee ykn seera Walaabuu jedhamuun kan beekkamu, gama kallattiinis ta'ee, alkallattin, siyaasa, diinagdee, hawaasummaa, amantiifi tokkoon tokkoon amma jireenya dhuunfaa Oromoo tokkootti kan deemudha. Kun immoo, seerri ittiin bulmaata nama tokkoo irree hanga hawaasa bal'aa murtee, siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa dabalatee kan gaggeessu ta'uu isaati.

Gadaa system rules norms of intra and intergenerational relationship, gender relationship, intra and inter family relationship, power relations among social, age and gender categories as well as the norms and values of Oromo relations to nature and supernatural power (Tadesse, 2002). As keessatti, sirni Gadaa seera mataa isaa qaba. Seerri kunis seera walqixxummaa dhala namaa,

umurii, saalaa, qabeenyaafi kkf osoo hin qoodin seera uummamni uumaaf qabu, akkasumas, seera dhalli namaa kunuunsafi kabaja bineensotaafi biqiloota dabalatee qabuudha.

## 2.7. Sirna Gadaafi Sonawwan Hawaasaa

Sirni Gadaa hawaasa Oromoo biratti safuufi safeeffaannaa eegsisuu caasaa hawaasaa ijaarurraa darbe sonawwan hedduu lubbu qabeeyyiifi lubbu maleeyyii hundaaf qabu hedduudha.

"the Gada embodies values and practices that help the Oromo society to organize and sustain their social, political and religious lives" (Taadese, 2020:2). Sirni Gadaa sonaawwaniifi gochaawwan uummata Oromoo walitti qabaniifi karaa itti hawaasummaa, siyaasafi amantiifi jireenya isaanii keessatti waliin hariiroo gaarii akka qabaatan gochuu keessatti waan akka laayyootti ilaallamuu miti.

Sirni Gadaa Oromoo biratti waan mara hammatee kan jiraatudha. Kana jechuun waliin jireenya hawaasa keessatti hariiroo gaariifi nagaa qabaachuu. Siyaasa keessatti hirmaannaan hawaasa Oromoo akka sirna Gadatti bakka guddaa ta'uufi akkasumas, diinagdeen Oromoollee sirna Gadaa keessatti haala ittiin ilaallamu qaba.

The Gada system values, norms, and beliefs are shared by society members and are reinforced through citizens' participation and relevant institutions. The interaction within the society and with other society is based on these values, beliefs, and principles and any brich of them by members will have prescribed consequences to restore truth and peace (Abdurahman, 2019:49)

Akka waraabbii kanaatti sirni Gadaa hawaasni waliin jireenya isaanii akka cimsatan, saba biraa waliin hariiroo gaarii akka uumaniifi nagaan jiraachuu keessatti bakka guddaa kan qabuudha. Isa keessaa tokko Oromoon moggaasafi guddifachaan kan beekkamu, dhala ormaa guddifachuufi gara saba ofitti dammaqsuuf moggaasaan waan jiruufi sirni Gadaa kan sabni Oromoo qofti ittiin walgaggeessan osoo hin taane, karaa hariiroo gaarii saba biro waliin uumanii jiraataniidh ajechuun ni danda'ama.

### 2.7.1. Sirna Gadaafi Nageenya

Oromoon uummata nagaa jaalatuufi nagaaf illee iddoo guddaa qabuudha. Kana immoo sirna Gadaa keessatti seeraan tolfatee, ofii waliin, olla, uumaafi uummama waliin nagaa jiraachuuf

safuufi safeeffannaa isaa eeggata. Hojiin Gadaa inni guddaan caasaa Gadaa ijaarurra darbee rakkoowwan dhabamsiisudha. Araarri wabii nageenyati. Nageenyi immoo wabii jireenyati" (Caalaa, 2015:178). As keessatti Oromoon nagaan akka jiraatuf araarri jiraachuu akka qabu kaasa. Araarri immoo, araara namaafi uumaa, araara namaafi biqiloota, araara namaafi bakkeewwan ulfoo Oromoo, malkaa, Tulluu, abdaarii ta'uu danda'a. Araarri kun marti yoo jiraate nagaan ni jira. Nagaan immoo wabii jireenya uummamma maraa ta'uu agarsiisa.

Kanaafuu, sirni Gadaa nagaa hawaasa, nagaa uummamaafi naannoo nagaa uumaafi uummama maraa tiksuu keessatti bakka guddaa qaba."The Gada system reinforces peace and peacefulness as holistic process that involves cooperation among human beings, between human beings and natural environment as well as between human beings and super natural power" (Taadese, 2020: 8). Sirni Gadaa nagaan akka dhala namaa gidduu jiraatu, dhala namaafi naannoo, akkasumas, dhala namaafi uumaa gidduu akka jiraatu dhiibbaa gochuu irratti ga'ee guddaa akka qabuudha.

Sababani isaa, sirni Gadaafi Oromoon adda ba'ee hin ilaallamu. Akkasumas, nagaafi Oromoon waliif bu'uura ta'uu agarsiisa. Kun yoo hin taane garuu hariiroo akka malee uumaafi uummama giddutti dhalata. Sun immoo gara badaatti namas ta'ee uummama mara akka karaara goru taasisa. Yaaduma kana kan deeggaru, "The Oromo people of east Africa has been living and practicing a peace culture based on its Gada system values, way of life reinforced through its institution. The Oromo culture is a culture of peace which believes in a comprehensive peace for humans, their mountains, forests, rivers, animals, cows " (Abdurahaman, 2019:45). ummanni Orommoo, uummata Gaanfa Afrikaa abbaa nagaa ta'uun beekkamudha. Osoo akka har'a siyaasni sirna Gadaa hin balleessin dura. Haa ta'u malee, Sirni Gadaa dhiibbaa sana mara dandamatee, jaarmiyaalee isaan waldhabdee furuufi jiruufi jirenyaa isaa qajeelchuun beekkama.

"The Gada System and its Culture of Peace The Oromo concept of peace is central in the Gada system. Gada system itself is a system of peace that has peacemaking and peace building as its central value" (Isuma: 47). Sirni Gadaa mataan isaa nagaa akka ta'e waraabbii kanarraa ni hubatama. Sababni isaa sirni Gadaa paartiin shanan Gadaa keessatti walitti bu'iinsa tokko malee karaa nagaafi jaalalaan aangoo waggaa saddeetti waliin qoodaniidha. Kanaafuu, aadaan nagaafi nagaa eegsisuu uummata Oromoo biratti akka duudhatti kan ilaallamuudha. Akka aangoo jabanaa waraanafi waldhabdee gogeessa Gadaa keessatti hin mul'atu

(De Salviac, 1901; 2013). ….”These principles lay the foundation for conflict prevention and building peace culture. The Gada system is based on rule of law. It has laws governing socio-economic, political, and other aspects of societal life. These laws are parts of everyday life of every one and nobody is above the law. There is a rule of law not rule by . Any conflict at any level is solved based on these laws”. Sirni Gadaa nagaadha kan jedhameef, seerri sirna Gadaa keessatti Gumiin tumtu hanga waggaa saddeet aangoon gogeessi Gadaa biraa fudhatutti ittin bula. Seerri kun immoo seera siyaas- diinagdee, hawaasummaafi kanneen birooti. Seerri kun immoo qaama waan maraafi namni hunduu isaa gaditti buluudha. Yeroo seerri sirna Gadaa hojiirra oole nagaan ni jiraata.

“The Gada institution embedded the indigenous knowledge of conflict prevention and resolution” (Mando, 2023:357)

### 2.7.2. Sirna Gadaafi Beekumsa Hawaasaa

Sirni Gadaa beekumsa oromoon dur irraa jalqabee walgaggeessaa ilmaan isaa beekumsicha keessatti guddisaa akka dhufe ragaan adda addaa ni kaasa. Kun immoo beekumsa ilmi Oromoo tokko erga dhalatee jalqabee hanga lubbuun darbutti sirna Gadaa irraa qooddatuun ifooma. Kanaaf immoo bu’uurri ga’eewwan hojii sadarkaalee Sirna Gadaa keessatti tokkoon tokkoon ilmaan Oromootif qooddamuudha. Isaan kun immoo hawaasa giddugala godhachuun waan barbaachisufi hariiroo hawaasa sanaa cimsuufi guddisuu danda’uudha.

> *Young Oromo are expected to learn important things that are necessary for social integration and community development. They learn appropriate social behavior by joining age-sets and generation-sets. From their families, communities and experts, they learn stories, folk tales, riddles, and other mental games that help acquiring the knowledge of society. As age-mates, they share many things because of their ages; members of generation-sets also share many duties and roles because of their membership in grades or classes. (Asefa, 2012:134)*

Waraabbii olii kanarraa kan hubatamu, ilmaan Oromoo daa’imummaa irraa waan hawaasa keessatti hirmaatan akka qabaniidha. Kun immoo amala nama dhuunfaa irraa hanga hawasa guddaatti sadarkaalee Sirna Gadaa keessatti barachaa dhufu. Dabalataanis miseensa maatii irraa hawaasa irraa waan seenaa, aadaa, safuu, duudhaafi kkf bifa oduu duriin,

hibboodhanfi himiinsa adda addaan walirraa qooddachuun beekumsa isaanii cimmifachaa guddatu. Haa ta'u malee, ammumaa umuriin isaanii dabalaa deemu, dirqamoonni gama biyyuumman argatanis beekumsa isaanii akka kuufatan taasisa.Kanaafuu, Sirni Gadaa akka madda beekumsafi dandeetti dhalootatti sadarkaa daa'imaa irraa hanga itti gaafatamummaa ofii ba'anitti qooddachaa adeemu.

"Gada system promotes respect for persons with practical knowledge and wisdom. Such sense of respect for wise and knowledgeable persons helps to make members of the society strive for knowledge and wisdom" (Tadese, 2020:13) Akka waraabbii kanarraa hubatamutti, sirna Gadaa keessatti hawaasni beekumsaafi ogummaan dagaagaa deema. Kun immoo daa'imi guyyaa dhalaterraa hanga lubbuun darbuutti hirmaannaan Gadaa keessatti taasisan jecha hayyuufi abbooti Gadaa dhaga'aa guddatu. Waan dhaga'ann san immoo gochatti jijjiiranii biyya bulchu. Adeemsa sana keessatti beekumsaafi ogummaan dagaagaa waan deemanii Sirni Gadaa beekumsa hawaasa ijaaruu keessatti bakka olaanaa qaba.

### 2.7.3. Sirna Gadaafi Dubartoota

Asefa, 2012:136 irratti Waqayyoo 1991 wabeeffachuun, yoo ibsu ""the woman wields determinative influence in the society as a whole." The gadaa system and the siiqqee institution had influenced the value system of Oromo society". Siinqeen jaarmiyaa sirna Gadaa keessa tokko ta'ee, dubartoonni immoo siiqqee qabachuun araara buusuufi lola adda addaa dhabuun hawaasa keessatti hirmaannaa taasisu. Kanaafuu, sirni Gadaafi dubartoonni adda ba'amani hin ilaalaman.

Dubartii bulchiinsa sirna Gadaa keessatti kallattiin abbaa gadaa ta'uu baatullee, sirna Gadaa keessatti ga'ee guddaa qabdi.Sirna Gadaa jalatti buluu ykn sirna Gadaan buluu jechuun dirqama Abbaa Gadaa ta'uufi dhiisu osoo hin taane sirna sanaan oogganamuu jechuudha.

, women participated in the Gadaa system governance/politics in the legislature, executive and alternative dispute resolution organs of the system through different mechanisms ". (Muluken 2012:81). Dubartoonni sirna Gadaa keessatti bifa adda addaatin hirmaannaa taasisu. Keessumattuu, Jaarmiyaa siinqee ragaa jabaa ta'uu danda'a. Dubartoonni tasgabbiifi nagaa eegsisuu keessatti sirni siinqee bakka guddaa akka qabu qorattoonni adda addaa ni kaasu.

“The wives of Gadaa Officials are entitled to equal status with their husbands. Women have also exclusive institutions that symbolize their participation in Gadaa rituals, power and influence decision makings. These institutions serve as agency of women at macro level among Oromoo communities through ensuring their collective political participation in the governance of Gadaa system.(Isuma:95) As keessatti dubartiin abbaa Gadaa ta’uu baatullee, abbaan manaa ishee yoo abbaa Gadaa ta’e hawaasni kabaja isaaf qabu mara isheefis qaba. Haadha Boollaa (Jaartii Abbaa Gadaa) ta’uun jila Abbaan Gadaa irratti hirmaatu mara keessatti hirmaatti. Sirna siyaasa keessatti hirmaanna qaban, akkasumas diinagdee utubuufi jiruufi jireenya hawaasaa barechuu keessatti ga’een dubartootaa waan salphaa miti. Sanarra darbee waldhabbiiwwan dubartootafi qaamota adda addaa gidduutti uumaman araara buusufi gara falatti deemuu keessatti ga’ee dubartoota salphaa miti.

“Under Gadaa umbrella the role of women as part of Oromo community is fundamental and very vital. Women are half part of Oromo society and equally considered with men under Gadaa system. It is believed that Gadaa system is not complete without role and participation of women”. (Endalkachew, 2018). Akka waraabbii kanaatti uummanni Oromoo akka sirna Gadaatti kabajaafi ga’ee hojiin sirna Gadaa keessatti qabdu kaasa. Sirni Gadaa walqixxummaa dubartoos kan kabajuudha.

### 2.8. Sakatta’a Qorannoo walfakkii

Mata duree kana jalatti qorannoo walfakkii jechuun mata duree kanaan warreen walitti dhiyeenya qaban namoota biraan kan qorataman bakka itti sakatta’amaniidha.

Qorannoon as jalatti sakatta’aman keessaa qorannoo Shamshaddiin Jamaal bara 2008/ 2016 mata duree “Xiinxala gogeessa sirna Gadaa Odaa Bultum” kan jedhu yoo ta’u qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamuun kan qoratameedha. Kaayyoo irratti hundaa’ee qorannoo bu’uuraafi mala ibsaan qorannicha kan gaggeessedha.

Maddi raga qoratichi dhimma itti ba’e immoo, hayyoota ykn namoota waa’ee dhimma qoratee quba qaban, sanadawwaan adda addaa, Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Harargee Lixaa, Waajjira Aadaafi TurizimiiAanaa Odaa Bultum, Aanaa Ciroofi Galma Odaa Bultum keessatti argaman warreen argaman akka madda ragaatti dhimma itti ba’eera. Akkasumas, haalli iddaattoo dhimma itti ba’e miti carraa keessaa akkayyoofi darbaa dabarsaa ta’uu isaa qorannichi raga ba’a.

Dabalataanis, meeshaaleen funaansa ragaalee qorataan dhimma itti ba'e afgaafiifi daawwannaa yoo ta'u, kallatti bakka ayyaanichi itti gaggeeffamau deemuun hirmaachaa daawwachuufi daawwii alaa ykn hirmaannaan ala taa'ee ilaaluun raga qindeeffachuu danda'era. Akkasumas. kaayyoo qorannoo isaa bu'uura qodhachuun waan daawwii irratti mul'atan tokko tokko odeeffannoo guutuu akka argatuuf namoota adda addaaf afgaafii banaa ta'e dhiyeessuun raga qindeeffachuu danda'eera.

Kaayyoo gooree lakkoofsan sadi ta'an:

1. Maalummaa Sirna Gadaafi Gogeessa Sirna Gadaa Oromoo keessaa kan Odaa Bultumitti gaggeeffamu xiinxaluu.
2. Haala gaggeessa Ayyaana Sirna Gadaa Odaa Bultum xiinxaaluun beeksisuu
3. Ayyaana Sirna Gadaa Odaa keessatti Afooloota tajaajilan qaacceessuu.

Kaayyoo gooree bu'uura godhachuun argannoowwanifi xiinxalli adda addaa gogeessa sirna Gadaa Odaa Bultumitti gaggeeffamu adeemsa akkamii akka qabu, kabaja sirna Gadaa Odaa Bultum adeemsawwan adda addaa akka qabufi ayyaanonni hedduun akka keessatti argaman. Kaayyoo guddaan sirnichaa karaa nagaafi dimookiraatawaa ta'een aangoo dabarsuu akka ta'e qorannoon irra ga'eera. Akkasumas, haaldureewwan ayyaanicha keessatti barbaachisaniifi yeroo ayyaanaa raawwataman adda baasuun ibsuu danda'eera. Dabalataanis afoolawwan sirna sana keessatti dhimma itti ba'aman kan xiinxaleefi qaaccesseedha.

**Tokkummaa Qorannoowwa kanaafi Shamshaddiin:**

Lachuu sirna Gadaa bu'uureffaachuun Afaan Oromoon kan qoratamaniidha. Lachuu sadarkaa barnoota walfakkaataa MA ittiin guuttachuuf qorannoo qoratamaniidha Lameen isaanii malleen qorannoo yoo ilaallamu, mala ibsaan kan dhiyaatan qorannoo bu'uuraati. Malli xiinxala ragaalee qorannoo lameenii akkamtaadha.

**Garaagarummaa qorannoo lameenii:**

Qorannoon kun jaarmiyaalee sirna Gadaa keessaa Gumii irraatti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, kan Shamshaddiin garuu gogeessa sirna Gadaa irratti xiyyeeffata.Qorannoon kun uummata Oromoo Gujii, Gumii Me'ee Bokkoo irratti wantootafi adeemsawwan adda addaa irratti kan qoratame yoo ta'u, kan Shamshaddiin garuu Oromoo Harargee giddugala godhachuun taatee ardaa jilaa

Odaa Bultum irratti ta'e waliin walqabata.Qorannoon kun taatee fufaniifi jijjiiramoota adda addaa Gumii Me'ee Bokkoo irratti dhiyaatan illee kan ilaalu yoo ta'u, kan Shamshaddiin garuu waan ayyaana sana qofarratti mul'atan xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha.

Qorannoon biraa mata duree kanaan walitti dhufeenya qabu, qorannoo Tasfaayee Toleeraa bara 2017, mata duree "Xiinxala Sirna Gadaa Naffuroo fookiloorii Oromoo keessatti" kan jedhu boqonnaa shanitti qoodamuun kan qoratameedha. Kaayyoo irratti hundaa'ee qorannoo bu'uuraafi mala ibsaan kan dhiyaate. malli xiinxala ragaalee mala akkamtaatti dhimma ba'uun kan qoratameedha..

Maddi raga qorannichaa maanguddoota, Abbootii Gadaa, hayyuufi sanadawwan barreeffaman waajjira aadaafi turizimii aanaa Amuruu irraa argameedha. Akkasumas, iddattoo miti carraa keessaa akkayyootti dhimma ba'uun kan qorateedha. Meeshaalee Funaansa ragaalee afgaaffii, daawwannaafi sanadoota barreeffamaa sakatta'uuttoi dhimma ba'uu raga funaanname. Daawwannan qorataan iddoo qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu kennuu danda'utti argamuun daawwii kan taasiseedha.

Afgaaffiin wantoota qorannoo sanaaf ta'u jedhee qorataan itti amane gaaffii banaa qopheeffachuun namoota dhimma sanarratti hubannoofi muuxannoo guddaa qaban gaafachuun raga fudhateera. Kaayyoon qooree shan ta'a kan qorannicha keessatti hammatamaniidha.

Kaayyoon gooree qorannichaa:

1. Haala hundeeffama sirna Gadaa Naffuroo fookloorii Oromoo keessatti ibsuu;
2. Haala uumama muka Odaa Naffuroofi hiika mallattoo Odaa kanaaf kennamu aadaa hawaasaan walqabsiisuun ibsuu;
3. Seerota Gadaa Naffuroorratti tumaman aadaa hawaasaan walqabsiisuun ibsuu;
4. Sirna kabaja Gadaa Naffuroorratti raawwiileen barbaachisoo ta`an maal akka ta`an adda baasuun ibsuu;
5. Gadaa Naffuroo keessatti waldhabdeen akkamiin akka furamu aadaa hawaasa naannoo saniin walqasiisuun ibsuu

Kaayyoo gooree bu'uura godhachuun argannoowwa adda addaa argamaniiru. Isaanis hundeeffamaafi haala hundeeffama Gadaa Naffuroo, yeroo kabaja ayyaanichaa,argamafi

fakkoommin muka Odaa Naffuroo. Adeemsa raawwii sirna Gadaa Naffuroofi kkf qabxii qaxiitti qooduun qorachuu danda'eera.

**Tokkummaa Qorannoo kanaafi kan Tasfaayee**

Lachuu yaadrimee Gadaa jechu bu'uureffachuun Yuunivarsiitii Finfinneetti Afaan Oromoon sadarkaa barnoota walfakkaataaf MA guuttachuuf kan qophaa'aniidha.Qorannoon kun lameenuu, malleen qorannoo kaayyoo irratti hundaa'ee ibsaafi qorannoo bu'uurati. Malli xiinxala ragaalee, haalli iddattoofi meeshaaleen funaansa ragaalee walfakkatatti dhimma kan ba'ameedha.

**Garaagaruumman isaanii:**

Qorannoon Kun jaarmiyaalee sirna Gadaa keessaa Gumii irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, kan Tasfaayee, garuu sirna Gadaa keessatti waa'ee Naffiroon fookiloorii Oromoo keessatti qabuun giddugala godhachuun kan qoratameedha.Iddoon qorannoo/ hawaasni qorannoo lachuu gargari. Qorannoon kun Gadaa Oromoo Gujii yoo ta'u, kan Tasfaayee garuu, Horroo Guduruu Wallaggaatti. Kanaaf, haalli raawwiifi fayyadamni jechoota iddoo lachuu garaagarummaa qabu.

Qorannoon biro mata duree kanaan walitti dhufeenya qabu, qorannoo Dabalaa Gurmeessaa bara 2022/2014 mata duree "Xiinxala sirboota qeexala Gadaa Oromoo Gujii Aanaa Ardaa Jilaa" kan jedhu boqonnaa shanitti qoodamuun kan qoratameedha. Kaayyoo irratti hundaa'ee qorannoo bu'uuraafi mala ibsaan kan dhiyaatedha. Malli xiinxala ragaalee dhimma itti ba'e akkamataadha.

Maddi ragaalee, jaarrolii, Abbootii Gadaa, waajjira aadaafi Turizimii godina Gujiiti. Malli iddattoofi iddatteessuu mit-carraa keessa akkayyoofi darbaa dabarsaatti dhimma kan ba'eedha. Meeshaaleen funaansa ragaalee dhimma itti ba'e afgaaffii namoota qeexala sirbuu keessatti ga'ee qaban Raaba, Doorii, Gadaafi Yuuba irraa qeexala kan walittii qabeedha. Marii gareefi sakatta'a sanadaatti dhimma ba'uu ragaalee funaannate. Kaayyoon gooree qoratichaa amman 3 ta'an qopheeffachuun qorannoo isaa kan gaggeessedha. Isaanis:

1. Qabiyyeewwan afwalaloo sirboota qeexalaa jila Gadaa Oromoo Gujii irratti sirbamu ibsuu
2. Ergaa afwalaloo sirboota qeexalaa jila Gadaa Oromoo Gujii tarreessuufi
3. Gahee afwalaloon sirboota qeexalaa jila Gadaa Oromoo Gujii hawaasummaafi dinagdeefi keessatti qaban ibsuu.

Kaayyoo gooree bu’uura godhachuun argannoowwa adda addaa argamaniiru. Isaanis hundeeffamaafi haala hundeeffama Gadaa Naffuroo, yeroo kabaja ayyaanichaa, argamafi fakkoommin muka Odaa Naffuroo. Adeemsa raawwii sirna Gadaa Naffuroofi kkf qabxii qaxiitti qooduun qorachuu danda’eera.

Kaayyoo Gooree bu’uura godhachuun argannoowwan adda addaa argamaniiru. Isaanis ergaan qeexala sirbamani adda ba’aniiru. Kunis qeeqaa gadaa ibsuu, hojii gaarii abbaan Gadaa bara gadaa isaa keessatti raawwate duudhaafi aadaa hawaasichan walqabsiisun ibsuufikkf

**Tokkummaafi garaagarummaa Qorannoo kanaafi Dabalaa**

Lachuu sadarkaa barnoota walfakkaatatti kan qoratameedha. Qorannoowwan lachuu Oromoo Gujii bakka ardaa jilaatti giddugalessa godhachuun raawwii sirna Gadaan walqabatan irratti qoratame.  Gama garaagarummaa isaanitti immoo, Qorannoon kun maalummaa Gumii Me’ee Bokkoo, haala raawwii, iddoo raawwii, tartiiba raawwii Gumii Me’aa Bokkoo giddugaleessa kan godhatudha. Qorannoon Dabalaa garuu, Sirboota Qeexalaa jila irratti sirbaman, maalif akka sirbamaniifi tokkoon tokkoon hiika qeexalaa irratti kan xiyyeeffateedha.

**2.9. Yaaxinaalee Qorannichaa**

Yaaxinni qorannoo, qorannoo tokko hawaasa keessatti haala kamiin akka hojiirra oolu bifa yaaxina fookilooriin kan walqabatuudha. yaaduma kana ilaalchisee, “yaadiddama mata duree qorannoo tokkoo waliin deemu filachuun kallattii qorannoo, malleen qorannoo,ka‟umsaa qorannoofi kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan gahuu keessatti daran barbaachisaadha”( Filee, 2019:22). Kanaafuu yaaxinni qorannoo ka’umsaafi ga’umsaa qorannoo tokko mirkanneessurra darbee, fookiloorii keessatti karaa kamiin akka ilaallamuuf karaa saaqa.

Sanaaf immoo yaaxinni qorannoo kana keessatti ilaaluuf filatame yaaxina Faayidaati.  Yaaxinni faayidaa akkataa fookilooriwwan sirna sana keessatti tajaajilan kan qoratuudha.Waa’ee kanaa ilaalchisee, Sims (2005:176) yaaxina faayidaa yoo ibsu  “Working with this methodology, the functional approach is always conservative and static, the functions themselves are conservation functional analayis, then, is a historical, suggesting that the text was used or the performance occurred for the same reason regardless of context.” Yaaxina kanarrattii, akkaataa dalagaafi afee jiru tokko seenaan walqabsiisuun hawaasa keessatti faayidaan inni kennu maal akka ta’eedha.

Yaaxinni faayidaa, haala bu'a qabeessuu isaan faayidaa wanti tokko jiruufi jireenya hawaasafi biyya tokko keessa jiru qorachuuf bu'aan isaa salphaa miti. Yaaxinni kun jiloota adda addaafi bu'aan hawaasaf isaan qaban maal akka ta'e akeeka. Dabalataani, hirmaanna hawaasani jila aadaa sanarratti hirmaachuuf qaban giddugaleessa akka godhatu Fileen ni kaasa.

Kanaafuu raawwii Gumii Me'ee Bokkoo keessatti raawwataman akkamiin uummata Oromoo gujii akka tajaajilan. Akkasumas, seeronni gumiin tumuufi gochaawwan iddoo sanatti raawwataman nagaa hawaasaa eegsisuu keessatti bakka guddaa akka qaban, akkasumas, dalagaawwan yaadota mul'atan tumsan sirni Gadaa bifa nagaafi safuu qabeessaan akka gaggeeffamuuf gumaachaa guddaa qabu. Adeemsawwan Gumiin keessa darbu hawaasa baldhaa/ Orommoo Gujii biratti haala itti fayyadu duudhaa, aadaa, seenaa hawaasaa tiksuu keessatti bakka guddaa qaba.

# Boqonnaa Sadi: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa

Adeemsa hojii qorannoo keessaa qabxii ijoofi barbaachisa ta'e malleen qorannooti. Qorannoon qoratamu tokkos, amanamummaan isaa kan mirkaneeffamu malleen qorannoo sanatini. Dawson (2002:14) waa'ee malleen qorannoo yoo kaasu, "The first thing you need to do is to think about your research methodology. This the philosophy or the general principle wich will guide your research". Yaadni Waraabbii kanaa, adeemsa qorannoo keessatti jalqaba malleen qorannoo adda baasuufi galma ga'insa qorannoof immoo malleen qoraannoo murteessaa akka ta'e kaasa.Kanaafuu, boqonnaa kana jalatti qaxiiwwan ka'an, Saxaxa qorannichaa, madda ragaalee, iddattoo,meeshaalee funaansa ragaalee, mala xiinxala ragaalee warreen ta'an kan ka'aniidha.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun, kaayyoo irratti hundaa'ee qorannoo bu'uurati. Sababni isaas, kaayyoo qorannoo kanaa yaaxinoota adda addaa fayyadamuun sirna Gadaa keessatti maalummmaa Gumii Gadaa, Gumiiwwan Gadaa jiran keessaa waa'ee Gumii Me'ee Bokkoo, yoomifi maalif akka gumiin sun taa'u, adeemsawwan raawwii adda addaa Gumii Me'ee Bokkooti. Akkasumas jijjiiramootafi itti fufiinnsi gumii kana keessatti mul'atan maal akka ta'an bakka itti ibsamuufi adda baafaman waan ta'eef qorannoo bu'uurati jechuun danda'ame. Dabalataanis, hayyoonni Sirna Gadaa, Gumii Me'ee Bokkoo keessatti hirmaatan maal akka kaasan bakka itti adda ba'uudha.

Malli/ haalli dhiyaannaa qorannoo kanaa qorannoo ibsaati. Kunis kan jedhamuu danda'ef, adeemsa raawwii baallii wal harkaa fudhannaa Oromoo Gujii keessatti, Ga'een Gumii Me'ee Bokkoo, tokkoon tokkoon taatee raawwatanii, haalli safuufi safeeffannaa heerafi seera Gumii Me'ee Bokkoo kan ibsamu mala ibsaan ta'uu isaati.

Malli xiinxala ragaalee qorannoo kanaa mala akkamtaan kan xiinxalamuudha. Innis adeemsawwan baallii wal harkaa fuudhuu gadaa Gujii marsaa 75$^{ffaa}$ bu'uura godhachuun raawwiifi adeemsa Gumii Me'ee Bokkoo keessatti raawwatan, yaaxina sirna Gadaa irratti hundaa'uun mala akkamtaan kan xiinxalamuudha.

## 3.2. Madda Ragaalee

Akka madda ragaatti qorannoon kun dhimma kan itti ba'ame, madda odeeffannoo tokkoffaa hayyoota Gadaa, haala sirna raawwii Gumii Me'ee Bokkoo keessatti raawwatan (taatee) gumicha keessatti raawwatamaniifi barruuwwan adda addaa hayyoonni wa'ee Gumii Me'ee Bokkoo irratti barreessan yoo ta'u, tokkoon tokkoon qabiyyee, taatewwan sirna walirra fuudhinsa baalli Gadaa Gujii bakka Adda ardaa jilaa me'ee Bokkootti raawwataniidha.Kanaaf akka madda raga tokkoffaatti iddattoowwan fialataman keessaa kallattiidhan dirree qorannootti dhiyaachuun madden irraa yaadannoo qabachuufi waraabbii sagaleefi suur-sagaleen ragaan kan funnannamaniidha.

Dabalataanis, kitaabileen adda addaa dhimma gummiiwwan sirna gadaafi adeemsa baallii wal harka fuudhuu, jijjiiramootafi itti fufiinsa raawwii adda addaa adeemsa gadaa keessatti kan jedhamn irratti warren barreeffamn immoo akka madda raga lammaffaatti dhimma itti ba'amaniiru.

## 3.3. Meeshaa Funaansa Ragaalee

Meeshaaleen funaansa ragaalee qorannoo kanaa, afgaaffii, daawwiifi marii gareeti. Qorattuun qorannoo kana irratti ragaa qubsaafi amansiisaa ta'e argachuuf meeshaalee kanatti dhimma baate. Walharka fuudhinsa baalli Gadaa Gujii marsaa 75^ffaa kana irratti, iddoo Gumii Me'ee Bokkoo qubatu bakka ardaa jilaa Me'ee Bokkoo jedhamu kanatti argamuu ragaa qorannoo kanaaf ta'u funaantetti. Sanaaf immoo daawwii jila, afgaaffii namoota dhimma sana irratti hubannoo qabaniifi marii garee fayyadamteetti.

### 3.3.1 Daawwannaa

Adeemsa qorannoo keessatti odeeffannoo argaa dhageettiin walitti qabamu kamuu caalaa daawwannaan amanamaadha. " Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhan argamee qaama qorannichaa irratti gaggeessu sana hordofa" (Dastaa, 2013:118). Mala daawwannaan ragaalee funaanuu keessatti qorataan bakka gochi ykn taatee sun itti raawwatutti argamuun adeemsa qorannoo isaaf warreen barbaachisan walitti qabuun qorannicha galmaan ga'uu yaada jedhu qaba.

Daawwannan qoraannoo kanaaf taasifames, adeemsa raawwii yeroo jilli kun iddoo sana turetti, maalummaafi ga'ee hojii gumichaa, naamusa gumii, adeemsa lallaba seeraa keessatti wantoota jijjiirramaniifi maalirraa ka'ee akka jijjiirame, tokkoon tokkoon raawwii isaanii keessatti safuufi safeeffannaa hirmaattotaa, akkasumas, mirgaafi dirqamni hawaasni jila sana irratti argaman raawwatan bifa daawwiin ragaaleen kan funaannamaniidha.

Dabalataanis lallaba seeroota gooroo irratti haala lallaba gooroo, aadaafi seeraa eenyuun akka lallabamuufi maal jechuun akka lallaban.Yeroo yeroon lallaba xumurame afwalaloo akkamiin Gumiin akka ka'u daawwannaa irraa argachuu danda'eera. Sanarra darbee gumiin yeroo ka'een booda qeexalli akka jirufi lallaba seeraa booda walga'ii guddaan hawaasa mara hirmaachiseefi komii hawaasaa ilaalu qorbisa akka ta'an daawwaannaa irraa hubachuun danda'ameera. Haala cheekliistii daawwiif qophaa'een walqabatee, gaafilee qorannoofi kaayyoo gooree waliin haala walsimuu danda'uun kan daawwatamedha malee, kaayyoo gooreen ala ba'ee daawwiin hin taasifamane Daawwiin kunis guyyaa 4-14/6/2016 Me'ee Bokkootti argamuun, taatewwa/raawwii raawwatamu eenyuun haala kamiin akka raawwatu kan hammatuudha.

### 3.3.2 Marii Garee

Mariin garee odeeffannoo adda addaa namoota muuxannoo dhimma qoratamu sana irratti qaban irraa ragaa funaanudha " Focus group discussion is an important method of collecting primary data when people sparking off one another, suggesting dimensions, nuances of original problem that any individual might not have" (Berg, 2001:121). Waraabbii kanarraa kan hubatamu, mariin garee yaadoota namoonni irratti walii hin galle tokko walitti araarsuufi odeeffannoo caalatti qabatamaa ta'e argachuf akka gargaarudha. Qorattuunis, namoota muuxannoo qabaniifi Gadaa sana irratti hirmaatan gama marii gareen adeeffannoon irraa argameera. Kana malees, abbootii Gadaa maalummaa seerafi haala lallaba seeraa, kabajaafi safuu Gumii Me'ee Bokkoo keessatti raawwataman mala marii gareen ragaleen funnaannamaniru.

Marii garee kanas qabatamaa taasisuuf namoota lakkofsaan ja'a ta'an Yuuba, Baatuufi Hayyuu kan hirmaatan yoommuu ta'uu, namoonni hirmaatan kun hundi isaanii dhiira kan ta'aniidha. Kunis wantoota yeroo afgaaffii odeef-kennitoonni kaasaniifi haala gadi fageenya ta'een hubachuu dhibeefi dhimmoota caalatti adda hin baafannee kan mariisiseedha.

Gama qabiyyee gaafileen, dhimmoota murteessoo ta'an, amala gaafilee banaa ta'een gaaffiin lakkoofsaan 5 ta'e kan dhiyaatedha. Kunis afgaaffii keessatti wantoota ifa hin taanefi caalatti hubachuuf rakkisaa ta'an adda baafamuun kan dhiyaatedha. Kanaaf, qabiyyeen isaa raawwii gumii keessatti yaa'aafi gadaan daangaan aangoo isaanii eenyuun akka to'atamu, wantoota jijjiiramaniifi dhiibbaa ykn bu'aa wantoonni jijjiiraman hawaasa keessatti qabanifi maalirraa ka'uun akka jijjiiraman kan jedhu qabiyyee gaafichaati.

### 3.3.2 Afgaaffii

Malleen ragaan ittiin funaannaman hedduu keessaa tokko afgaaffidha. Afgaaffiin adeemsa dhimma tokko irratti qorataafi namni gaafatamu kallattiin ykn fuulaa fuulatti dhiyaachuun walgaafataniidha. " Afgaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorataafi odeef-kennaan fuulletti walarganii odeeffannoo walii kennani" (Dastaa, 2013: 111). Kanaafuu adeemsa mala kanaa keessatti qoratan dhimmoota hedduu odeef-kennitoota irraa argachuu danda'a. Sanaaf immoo akka qorannoo kanaatti afgaaffii banaa ta'an lakkofsaan 8 ta'an qophaa'uun qorannicha milkeessuu danda'aniiru. Yaaduma kanaan walqabatee, Creswell (2003:181) irratti yoo adeessu, "In interviews, the researcher conducts face to face interview…, These interviews involves unstructured and generally open-ended questions that are few in numbers" jechuudhaan ibsa.

Gama afgaaffiin namoota muuxannoo qaban keessaa Abbaa Gadaa Baalli kennaan, Yuubota, Hayyoota gadaa, dubartootafi namoota hedduu irraa ragaan bifa afgaaffiin walitti qabameera. Kunis gosa afgaaffii banaatti dhimma ba'uun kan adeemsifame yoo ta'u, kallattii kaayyoo gooree qorannoon ragaan sakatta'ameera.Kallattii kanaan namoonni dhimma qorannoo koo irartti afgaaffiin dhiyaatef namoota 14 yoo ta'u namoota 12 dhiirota yoo ta'u, 2 dubartoota. Gaaffileen dhiyaatan ammaan 8 kan ta;an yoo ta'u, kunis kallatti gaafilee bu'uuraafi kaayyoo gooree deebisuufi argannoo haaraa argachuun danda'amuun kan qophaa'edha. Gaaffiin tokko keessatti deebiifi argannoon walkeessa fuudhamuun kan deebi'ullee waan jiraatuu hamma isaa baay'isuun murteessa akka ta'e agfaaffii hayyoota, abbootii gadaafi hirmaattotta irraa akka fudhachuuf mijatutti kan qophaa'edha.

### 3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Adeemsa qorannoo keessatti qorataan, odeeffaannoo caalatti fayyadan argachuuf malaafi iddattoo murteessuun barbaachisaa. “Iddattoo jechuun tuuta qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa wantoota ykn namoota ragaa kennuu danda’an ykn ragaaleen irraa argaman filachuu jechuudha.” (Filee, 2019:66) Yaada kanarraa kan hubatamu, adeemsa qorannoo keessatti ragaaleen waan bu’uura qorannoo sanaa waan ta’ee, qaamota ragaaleen sun irraa funaannamu adda baasuu ykn filachuu jechuudha.

Qorannoo kanaafis iddatta mijataa kan ta’e, alcarraa keessaa, iddattoo kaayyeeffataafi darbaa dabarsaadha. Yaaduma kana ilaalchisee, Addunyaa, (2019:67) “Akaakuun iddattoo mit-carraa kun qorataan tokko beekumsa dhimmichirratti qaburraa ka’ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu murteessuu ilaallata” As keessatti kallattii odeeffannoon tokko ittiin argamu mala iddata alcarraa keessaa akkayyoon akka barbaachisu kaasa.

Haala mata duree qorannoo kanaa waliin walsimuufi mijataa ta’een akaakuun iddattoo keessaa kan qorattuun dhimma itti baate iddata alcarraati. Iddata alcarraa keessa kaayyoo/ akkaayyoofi (purposive sampling) mala darbaa dabarsaan iddeessuuti. Sababni akkayyoofi darbaa dabarsaan Kallattiin kaayyoo qorannichaa irratti hundaa’e namoota odeeffaannoo sana caalatti beekan mala darbaa dabarsaafi kaayyeffataatti dhimma ba’ameera.

“When developing a purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population” (Berg, 2001: 32). Kanaaf immoo, uummata Oromoo Gujii keessaa waa’ee odeeffaannoo barbaaddamee kan ibsuu danda’an sirni wal harkaa fuudhinsa Baallii Gadaa Gujii marsaa 75$^{ffaa}$ keessatti iddoon ardaa jilaa Me’ee Bokkoo ykn Gumiin Me’ee Bokkoo hojiin isaa maal akka ta’e, adeemsi raawwii isaa maal akka ofkeessa qabufi haala sirna Gadaa keessatti wantoota foyya’an ykn jijjiramaniifi akkuma duriitti aadaa isaanii qabatanii itti fufan maal akka ta’e adda baasuudhaaf kallattin hayyoota sirna Gadaa keessaa kaayyeffadhee kanan filadheedha. Dabalataanis dhimmoonni jijjiiraman dhiibbaa maaliin akka ta’e adda baasuuf mala iddattoo kaayyeffatan kan ilaallamaniidha.

### 3.5. Malleen Xiinxala Ragaalee

Malleen xiinxala ragaalee, mala hojiin qorannoo tokko itti hiika argataniidha. Cooper and Schindlier (2000) tooftaa xiinxala ragaalee akkanatti ibsa, “Data analysis is the process of editing and reducing accumulated data to a manageable size, developing summaries. seeking for patterns and using descriptive”. Kana jechuun, qorannoo tokko akkaataa qorannichaan, hiikuu, ibsuu babbal’isuu yoo ta’u, adeemsa sana keessatti immoo mala kamiin akka ragaaleen xiinxalaman ykn qaacceffaman filachuun barbaachisaadha.

As keessatti Qorannoo kana keessatti ragaaleen argamanis, haala qorattuun qorannichaaf mijataadha jettee amante, mala akkamtaan qorannoon kun kan xiinxalameedha.Qorannoon mala akkamtaan xiinxalaman bu’uurumarraa, falaasama hawaasaa, duudhaafi miira hawaasa kan ibsu, adeemsa waliin jireenya guyyuu keessatti jechoonnifi taateen kan irra deebi’aman ta’uu akka qabudha. Dabalataanis, odeeffannoo sana hawaasni akka jedhutti akka hiikutti, ilaalutti, ibsutti ibsuufi qaaccessuu irratti qorannoon hundaa’e mala akkamtaan akka xiinxalamu. Akkasums, akkamtaan wantoota walxaxoofi kallattii adda addaan jiru keessafi duuba ilaale kan xiinxaludha. (Filee, 2019: 108-111) irratti ni kaasa.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

Boqonnaa kana jalatti kaayyoowwan gooree ta'an bakka itti adda ba'uun argannoon xiinxalamaniidha. Ragaaleen dhimma kana irratti argaman bakka itti adda baafamuun xiinxalamaniidha. Kunis maalummaa Gumii, gumiin eessatti akka taa'uu, adeemsa raawwii gumii qaamolee gumii, ga'ee hojii gumii, jijjiramootafi fufteewwan hojii gumiifi kkf bakka itti ibsamaniifi qaacceffamaniidha.

## 4.1. Seenduubee Odeef-Kennitootaa

Qorannoo kana keessatti odeef-kennitoonni kallattii lama afgaaffiifi marii garee irratti namoota hirmaatan kan hammatuudha. Odeef-kennitoonni marii garee namoota 6 keessaa hayyoota 2, baatuu 2, doorii 1fi jaarsa 1dha.Dooriin sadarkaa sirna gadaa keessattui warra aangoo fudhachuuf qophaa'an waan ta'eef, jila adda addaa gaggeessufi daawwachuun ga'ee isaaniti. Kaabinee abbootii gadaa keessatti ga'ee hayyuu imaammata waggaa saddet saddetin bocuu, murteewwan adda addaa dabarsuu, waldhabdeewwan adda addaa warreen hiikaniidha. Baatuun immoo waarra umuriin 49-56 ta'anii aangoo sirna gadaa keessatti kan hin qabneefi kallattiin hirmaachuu baataniyyuu hawaasa keessatti muuxannoo kennuu, dhaloota barsiisuufi gorsuu irratti kan bobba'aniidha. Jaarsi immoo sadarkaa sirna gadaa keessatti aangoo dhabullee dhaloota barsiisuu, gorsuufi kkf irratti kan hirmaatudha

Namoota afgaaffii irratti dhiyaatan 14 keessaa 2 dubartoo haadha boollaafi hirmattuu walharkaa fuudhinsa baalliti. Haati boollaa ga'ee ishee abbaa manaa ishee/ Abbaa Gadaa waliin jila deemudha. Abbootii Gadaa 2, Waggoota darban saddeetif biyya bulchaa kan turan jechuudha. Namoonni 5 qorattoota aadaa, sirna gadaafi ogeessa aadaafi turizimiiti. Ga'ee hojii isaanii sirna gadaa qorachuu, aadaa qorachuufi ogummaa gaggeessumman biiroo aadaafi turizimii kan gaggeesaniidha. Yuubota 2, ga'een hojii isaanii gooroo, aadaafi seera labsuudha. Baatuu 2n , immoo gorsaafi muuxannoo dabarsuudha. Raaba 2n immoo sadarkaa gadaa keessaa 4ffaa irratti kan argaman ta'ee, leenjii adda addaa fudhachuun ga'umsa, naamusaafi diinagdeefi hawaasummaa isaanii keessatti namoota shoora olaanaa ba'aniidha. Hayyuu 1 kan ta'e immoo, akkuma armaan olitti kaase miseensa kaabinee gadaa ga'ee adda addaa qabaniidha.

### 4.2. Maalummaa Gumii Me'ee Bokkoo

Bokkoo Dharroo afgaaffii 8/ 6/2016 Iddoo Gumii Me'ee Bokkootti waa'ee Gumii Me'ee Bokkoo yoo kaasu, Bokkoo jechuun lafa gumiin waggaa saddeeti saddeetiin irra qubatu. Moggaasni kunis maqaa namaa irraa ka'uun kan moggaaffame yoo ta'u, nama lafa sana jiraata ture hayyuu bokkuu gurraacha jedhamu yeroo jalqabaaf seera Gadaa Gujii lallabe fi jalqaba kan ijaaredha Maanguddoonis yeroo waaqa kadhataan waaqa bokkoo, waaqa bokkuu gurraacha nu dhaga'ii jechuun kadhatan. Maqaan isaas bakkichaarraa kan mogga'eedha.

Asirraa kan hubatamu, Bokkoo maqaa namaa irraa akka mogga'eefi namni Bokkuu gurraacha jedhamu yeroo jalqabaaf seera Gadaa Gujii jalqaba ijaaru isaati. Kanaaf bu'uurumaarra Oromoon Gujii Sirna Gadaa walbulchaa akka ture hubachiisa. Gumii jechuun yaa'aa jechuudha. Yaa'atu iddoo tokkoti lafa bokkoo jedhamuti walitti dhufa. Kanaaf Gumii Me'ee Bokkoo jedhamee bakka taa'umsa Gumii ta'e. Moggaasni maqaa isaas Gumii ardaa jilaa Bokkoo jedhame.

Akka Gannaalee Mi'eessaa irra afgaaffiin 9/7/ 2016 maalummaa Gumii Me'ee Bokkoo akkan adeeffadhetti, Ardaan jilaas lafa wayyoomaati. Sababni isaa bakka kana muka Me'ee jedhamu waan tureef muka kana dur yeroo muruuf ka'an 'Na hin muriinaa ani woyyuudha' jedhee himate. Mukti ni dubbata waan ta'eef akka hin muramne lafti kun woyyuudha. Namnis akka irra hin qubanne jedhamee, gumiin lafa duraan ture dugda gumii irra gara kanati akka dhufu ta'ee jechuun kaasu. Gumiinis bakka seena qabeessa kana akka ta'uu ta'ee mukti kunis lafa kana keessa waan jiruuf achumaan bakki kun ardaa jilaa Gumii Me'ee Bokkoo jedhame. Gumiin gara kana erga dhufees waggoota 600 lakkofsiseera.

Nagaa Naga'ee, 9/6/2016 afgaaffiin akka odeeffadhetti, Bokkoon maqaa lafa sanaati. Me'ee maqaa muka ulfaa bakka sana jiruutti. Gumiin muka kana jala taa'a. Bakkichis mukichis ulfoo dha. Kan irra taa'anis kan jala taa'anis ulfoo dha. Gumii jechuun immo sirna gadaa keessatti caasaa olaanaa seera tumuufi lallabu, murtee olaanaa kennudha. Kanaafi Bakki kuni Me'ee Bokkoo jedhamee waamama.

Asirraa kan hubatamu uummanni Oromoo Gujii hariiroo isaan uumaa isaanii waliin qabaniidha. Kana immoo waaqni afuura mukaarra buluun wayyooma isaa kan agarsiisedha. Sana booda wayyooma isaaf jecha ardaa jilaa ta'ee akka tajaajilu namni akka irra hin qubannefi teessuma Gumiin ala akka dhimma biraaf hin oole gochuu isaaniti. Kanaafuu Gumiin Me'ee Bokkoo yaa'a

Gumiin waggaa saddeet saddeti seera sirna Gadaa Gujii keessatti lallaba seerafi walharkaa fuudhinsa baalliif dhimma itti ba'amuudha.

Akka Duubee Aduulaa afgaaffii guyyaa 10/6/2016 irraa odeeffadhetti, Galteen Gumii Me'ee Bokkoo uumee yaa'aa. Yaa'ii kunis, yaa'a Gujii guutuuti. Yaa'aa Uraagaa, yaa'aa Maattifi yaa'a hookkuu kan jedhamu gosti gurguddaa Oromoo Guji walitti yaa'ee Gumiin uumama. Yaa'aa jechuun gurmuu Gadaati. Kunis gurmaa'e socho'uun bulchiinsa Gadaa dhimma dinagdee, hawaasumaafi siyaasa uummata Oromoo Gujiif ardalee jilaa irra bara saddeeti saddeetiin naanna'ee Gumiin akka ta'uuf galtee kan ta'uuf jechuudha. Jila jechuun ammoo raawwi isaan hojjetani. Hawwaasumarratti, dinagdeerratti, siyaasarratti waan raawwataniidha. Gadaan Gujii Gabalaa sadii (Uraagaa, Maattiifi Hookkuu) kan qabu yoo ta'u, tokkoon tokkoon isaanii Hagaanaa sadi sadi (Gadaa,Dooriifi Raaba) kan qaban yoo ta'u, Gumiin immoo waliigala hagaanaa saglan kanaan kan ibsamudha.

Kanaaf, Sirna Gadaa Gujii keessatti yaa'i, yaa'a Gujii sadeen (Uraagaa, Maattiifi Hookkuu ta'ee tokkon tokkoon isaanii immoo haaganaa sadi sadi qabachuun yaa'a gumii akka ta'u ta'era. Gadaan hagaanaadha, Dooriin hagaana, Raabin hagaanaa, warri Uraaga, warri Maattifi warri Hookkuu haaganaa sadi sadii qabu. Warreen kun hagaana sagali. Kunneen hojii jilaa kan bara bara isaani hojjechuu qabu. Inni Raabaa kan bara daroomasaatti hojjechu qabu Doorins, warri Gadaas kan bara gadooma isaanitti hojjetani erga hojjetani xumurani booda ardaa jilaa naanna'anii gooroo godaananii booda warri Gadaa sadaan gara ardaa jilaa Me'ee Bokkooti galu.

#### 4.2.1. Hirmaattota Gumii Me'ee Bokkoofi Ga'ee Hojii Isaanii

Jiloo Mandhoo Abbaa Gadaa duraa guyyaa 10/ 6/2016 afgaaffiin akkan odeeffadhetti, Gumiin caasaalee gurguddoo sadi qaba. Isaan kunis akka seera Gumii sirna Gadaa Gujiitti ittigaafatamummaa mataa isaanii kan qabaniidha. Akkuma mootummaa daangaa aangoo aanga'oota isaaf kennamu, Gumii keessatti caasaaleen Gumii ga'ee hojii isaanii qabu.

##### 4.2.1.1. Yuubafi Baatuu

Jiloo Mandhoo waa'ee Yuubafi ga'ee hojii isaanii yoo ibsan, Yuubni wayyooma ykn woyyuu kan lallabuudha jechuun kaasan. Gaheen yuuba ijoon seeroota lallabaman keessaa Gooroo lallabuudha. Gooroo jechuun gosa seeroota Gumiin Gadaa Gujii lallaban keessaa waan waliigalaa iddoo hundatu hojiirra ooluu danda'u jechuudha. Kunis waan woyyuun walqabatan

ykn wantoota kabaja addaa barbadaniif kan lallabamuudha.. Woyyuu jechuun uumaa fi uumama kabaja addaa ilma namaa irraa barbaadan. Fakeenyaaf woyyuun jalqabaa waaqa. Yeroo lallabaniis waaqni woyyuudha gooroo jedhu. Kana jechuun namni hunduu waaqa kabajuu qabaa jechuudha. Akkasumaas lafti woyyuu gooroo jedhu. Kunis namni lafa irraa dhufe isa irraa qotani nyaatani bishaan irra argatani kabaja barbaachisaaf jechuudha. Haa ta'u malee Yuubni sadarkaalee afur keessa jiran Baatuu,Yuuba Diqqaa, Yuuba Guddaafi Yuuba Guutuu jedhamu.Tokkoon Tokkon sadarkaalee afran Yuuba akka sirna Gadaa Oromoo Gujiitti ga'een hojii isaaniis gargari.

Sadarkaa yuuba Baatuu warreen gadaa harkaa qabaatani aangoo reefu kennani jechuudha. Isaan kuni warreen gosoota lallaba keessa waan seera waan sirritti hin beekneef gooroo waan wali galaa lallabu. Akkasumas, Yuuba diqqaa yoo jedhamu warreen Baatuu irraa sadarkaa tokko kan ol jiraan yoo ta'aan isaan kun ammo aadaa labsan ykn seerota Gumii keessaa waan aadaa irratti xiyyeeffachuun kan labsaniidha.

Sadarkaan Yuuba Diqqaatti aanuu ammo Yuuba guddaa yoo jedhaman isaan kuni seera labsu. Seerota Gumiin keessaa waan seeraa irratti tumame labsu ykn hawaasaf ifa godhu jechuudha. Sadarkaa arfaffaan Yuuba guutuu jedhama. Inni kuni gumii teesissa. Isaan kuni caasaalee gumii keessa isaa tokkodha.

Kanaafuu, sirna Gadaa Oromoo Gujii keessatti tokkoon tokkon caasaalee Gumii ittigaafatamummaafi daangaa aangoo ni qabu. Yuubni kamiyyuu hojii Yuuba isa biraa hin hojjetu. Akkuma mootummaan amma hojii raawwatoota isaa gidduuti qooduun ga'ee ofii ba'an Oromoon Gujii duri waggootaa 600 oliif mala kanaan walbulchaa hawaasa diingdeefi siyaasan qaroo ta'an caalaa ofiin ofbulchuu isaanii agarsiisa.

#### 4.2.1.2. Gadaafi Yaa'a Gadaa

Akka Adoolaa Me'ee irraa guyyaa 11/6/2016 afgaaffin irraa odeeffadhetti, Gadaa jechuun kan aangoo fudhate waggoota saddeeti walitti aananiif biyya bulchu jechuudha. Gadaan caasa mataa isaa qaba. Kana jechuun mana maree bulchiinsa qabaa jechuudha. Kunis yaa'a qaba. Innis Abbaa Gadaa walitti qabaa yaa'aa, jalkeya, hayyuu, jaldhaaba, faga, waamura fi torbii jedhamu. Isaan kun miseensa Gadaati. Akka Oromoo Gujiiti Gadaa Uraagaa, Gadaa Maattiifi Gadaa Hookkuu jedhamanitu jiru. Kunneen miseensa isaani waliin miseensa gumii jedhamu.Tokkoon tokkoon

isaani miseensota torba torba waan qabaniif walii gala miseensota 21 yoo ta’an hunduu miseensa gumiiti.

Asirraa kan hubatamu, haaganaa sagal keessaa tokko Gadaa yoo ta’u, waggaa saddeetif hojii biyya bulchuu irratti kan bobba’u ta’ee, innis akkuma mootummaan miseensa mana mare qabu miseensota kan qabaniifi tokkoon tokkoon isaanis ga’ee mataa ofii ba’atu. Hawaasa bulchaa jiranif amanamumman hojii isaanii raawwatu

Dambee Turcee guyyaa 9/6/2016 akka afgaaffiin irraa odeeffadhetti, hunduu Gadaa keessatti yaa’i jiru ga’ee mataa ofii qabu. Jalkeya miseensa caasaa sirna bulchiinsa Gadaa ta’ee, yeroo tokko tokko irkisa Abbaa yaa’aa jedhama. Hojiin isaas gargaara Abbaa Gadaa ta’ee kan tajaajiluufi yeroo Abbaan Gadaa hin jirre illee bakka sana bu’ee tajaajila. Hayyuunis akkasuma, miseensa caasaa sirna Gadaa ta’anii waggaa saddeet saddeetin seerota kan bocu, Lubota seera kan gorsu, waldhabdeewwan adda addaa hiikuufaadhan tajaajila.

Jaldhaabni qaamota hooggansaa kan filataman yoo ta’u, waamichi maqaa aangoo makkala jaldhaaba jedhama. Ga’ee hoji isaas poolisii ta’ee seera kabachiisudha. Waamurri caasaalee bulchinsa Gadaa keessa tokko ta’ee ga’een hojii isaas yaa’a qajeelchuufi deeggarsa kennuudha. Torbiinis akkasuma, miseensa yaa’aa ta’ee qaama seera dabruufi murtee murtaa’u hojiira oolchaniidha.

#### 4.2.1.2.1. Doorii

Iyyaasuu Asaayyee afgaaffii Guyyaa 8/6/2016 akkan odeeffadhetti, Doorii jechuun warra Gadaa aangoo qabu irraa warroota aangoo fudhataan jechuudha. Inni kunis akkuma warra Gadaa caasa guutu qaba. Caasaan isaas caasa Gadaa waliin walfakkaata. Adda addumaan isaa Doorii kan hoogganu Abbaa murtii Dooriiti. Hanga aangoo Gadaan fudhatutti Abbaa murtii dooriin hoogganamu. Miseensa mana maree gadaan qabu Doorinis ni qaba. Hojiin isaanis inni guddaan Gadaa waliin ardaale jilaa irra deeme hojii gadaan hojjetu shaakaluu, waan Gadaan hojjetu ilaalu, jila adda addaa gaggeesuufi akkasumas waan gumiin me’ee bokkoo irrati lallabde uummata keessati raawwachiisuudha. Sababni isaa baroota itti aanan ykn Gadaa waggaa saddeet biyya bulchaa jiru irraa aangoo fudhachuun yeroo itti aanu kan biyya bulchu isa waan ta’eef, hojjilee Gadaa ilaalaafi shaakalaa jiraatu.

Tokkoon tokkoon hojii Doorii irraa kan hubatamu, isaan warra waggaa saddeet booda aangoo biyya bulchuutti dhufan waan ta'aniif hojii abbaa Gadaa shaakalu. Hawaasa keessatti seerota Gumiin labsite hojiitti akka hiikamu ga'ee ba'u. Kanaafuu, aangoon karaa nagaa waan ta'eef , waldhabdeefi rakkoo tokko malee bara ofii eeggachuun aangoof qophaa'u. Kun immoo keessumattuu, addunyaa yeroo ammaa kana aangoof walnyaataniif fakkeenya guddaa madda dimookiraasi ta'uu agarsiisa.

#### 4.2.1.2.2. Raaba

Duubee Aduulaa afgaaffii guyyaa 10/6/2016 irraa odeeffadhetti, Raabnis caasaa gumii keessa isa tokko ta'ee Dooriin erga Gadaa ta'ee waggaa saddeet bulchee booda bakka doorii bu'ee aangoo warra gadaa irra fudhatu jechuudha. Innis akkuma gadaa fi doorii caasa miseensa mana maree gadaan qabu hunda qaba. garuu abbaa murtii Raabaan durfama. Hojiin isaa inni guddaanis akkuma Doorii ardaalee jilaa garaa garaa irra naana'uudhaan shaakkala adda addaa gaggeessa. Irra jireessa isaa warra biyya bulchaan Gadaa waliin godaanuun leenjiwwaan garaagaraa fudhata. Akkasuma barnoota Gadaa irra barata.

Walumaa galaan sadeen kunneen haaganaa sagali jedhamu. Gadaan Uraagaa Abbaa Gadaa, Dooriifi Raaba qaba. Gadaan Maattiis Abbaa Gadaa, Dooriifi Raaba kan qabu yoo ta'u, Gadaan Hokkuus akkasuma Abbaa Gadaa, Dooriifi Raaba qaba. Isaan kuni sadi sadii waan ta'aniif haaganaa sagali miseensa gumii jedhamu. walumaa galaati haaganaan warreen seera gumiin tumamu fudhatani uumata ittiin bulchanidha.

#### 4.2.1.2.3 Torbii

Torbii jechuun namoota agaalla keessa ta'aani seera caqasan jechuudha. Ykn dhageeffatoota yeroo seeri lallabamu dhageeffatan. Wareen kun gumii keessati sagalee hin qaban garuu ta'ani caqasan. Kun immoo, seera gumiin labsu caqasuun hawaasa keessatti warreen hojiirra oolchan ta'uu odeef-kennitoonni naaf odeessaniru.

### 4.3. Akkaatafi Bakka Raawwii Gumii Me'ee Bokkoo

Akkan Nagaa Naga'ee irraa afgaaffii 9/6/2016 odeeffadhettiIddoon raawwii Gumii Me'ee Bokkoo, ardaa jilaa Me'ee Bokkootti kan raawwatamuudha. Iddoo kanatti waggoota saddeetti yeroo tokko qofa Gumiin teessi. Kunis seera lallabuuf kan taa'amudha. Guyyaa Gumiin teessuu

hanga cufiinsa Gumiitti raawwiiwwan tartiiban raawwataman hedduudha.Seera Gadaan uummata ittiin bulchutu waggaa saddeet saddetiin Gumiin tumamee uummataaf lallabama.

Kanarraa kan hubatamu, Bakki Gumiin Me'ee Bokkoo teessu, ardaa jilaa Me'ee Bokkoodha. Yeroo kanas waggaa saddeetitti al tokko turtii guyyoota muraasaa keessatti seera hawaasni aadaa, safuufi duudhaa isaa akka eeggatu, aangoo ykn baallin akka sadarkaanitti anuuf darbuuf iddoo kanatti walga'u. Adeemsi walga'ii isaani kunis yaa'aa bulchiinsa sirna Gadaa walga'uun aangoon kan dabarfamuudha.

Akkuma diinagdeen uummataa dabalaa deemu, jiruu fi jireenyi uummataa jijjiirama deemu seerris foyya'aa waan deemuuf seerri haaraan ni tumama. Akkasumaas ni fooyya'as. Dabalataanis haalli barbaachisummaa isaa hagas mara hawaasa kan hin fayyanne yoo ta'e ni haqama. Lallabni seeraa bu'uura ta'uyyuu taatee ykn raawwiin Gumii tartiiba mataa isaa qaba. Kunis, deemsa gara Me'ee Bokkoo jalqabee hanga Baalli fudhachuu ykn aangoo dabarsuutti tartiiba jiruudha.

Jiloo Mandhoo afgaaffii guyyaa 10/6/2016 isaan waliin taasiseen, Yaa'ii gara Me'ee Bokkoo osoo hin dhufiin dura waggoota darbaaniif jila gaggeessa tura. Gadaan Uraaga ardaa jilaa Daraartu Adoolatti argamurra yoo ka'u, Gadaan Maatti Roobaleeti kan argamu ardaa jilaa Damboobarraa, Gadaan Hookkuu ardaa jilaa Gombooba Bullaala irraa ka'uun gara ardaa jilaa Me'ee Bokkootti imalu. Bakki isaan irra ka'aan kuni teessuma Gadaa sadeen sanaati.

Gara ardaa jilaa Me'ee Bokkootis warra Gadaatu durse gala.Warri doorii itti aanu, warri raaba sadaffaadha. Sadani isaani ardaa jilaa Me'ee Bokkoo qubatu. Warri Yuuba erga isaan qubbachiisani booda dhumarra qubatu.


Akka yaada Abbaa Gadaa kanarraa hubatamutti, Gujiin sadeen teessuma isaani qabu. Jila dhuunfaa isaanin ardaa jilaa ofii irratti ni gaggeesu. Sana booda gara Me'ee bokkoo tartiiba hangafummaa isaanis akka gala kan agarsiisudha. Kun immoo aadaa, safuufi duudhaa Oromoo Gujii biratti waggoota 600 ol lakkofsiseefi hawaasa itti olche walbuchaa ture ta'uu agarsiisa.

Iddoon qubannaa isaanii Qachaa. Qachaa sana keessa gadaan tartiiban qubata. Gadaan Uraaga hangafa waan ta'eef gama harka mirgaan yoo qubatu, Maattii, Hookku jechuun tartibaan yoo

qubatan balbala dhumaarra warra Yuubatu qubata. Keessi isaasi walitti kan banamu yoo ta'u balbala balbala ofi qaba jechuun Jiloo Mandhoo ibsu.

Bokkoo Dharroo afgaaffii 8/6/2016 irraa odeeffadheen, Gara raawwii sirnoota adda addaatti yoo deemu, jalqaba Abbootiin Gadaafi miseensonni luboota yeroo Me'ee Bokkoo ga'an sirni dursa raawwatamu Tuulii Buluu jedhama. Kunis Waaqaaf galata dhiyeessuf marii iccitii halkan guutuu waggoota saddeettan darbaniif rakkoofi gammachuu keessa darbaniif gumiif ga'uu isaanii galata Uumaaf galchuu jechuudha.

Oromoon Gujii waggaa saddet darbaniif taateefi rakkoo jala huluqanii darban sana uumaa isaani galateeffachuuf hirriba malee bulu. Kun immoo ammam Oromoon Gujii uumaa isaa waliin hariiroo akka qabu agarsiisa. Aadaafi safuu isaa eegee rakkoo mara jala ba'uu isaa waaqa galateeffata jechuudha.




### 4.3.1. Walto'achuufi Nagaa walgaafachuu

Adoolaa Me'ee afgaaffii guyyaa 11/6/2016 irraa akka odeeffadhetti, Adeemsa teessuma Gumii dura wantoonni raawwataman keessa tokko walto'annaafi nagaa walgaafachuudha. Kunis Gujiin Sadeen (Uraagaa, Maatiifi Hookkuu ardaa jilaa Me'ee Bokkootti galuu isaanii karaa walitti

qabaa Gumii ykn Abbaa Gadaa Uraagaan adeemsi nagaa gaafachuu adeemsifama. Dursa garuu teessumni Gumii mijataa ta'uu isaanii qoratu. Sana booda Yuubonni, yaa'ii Dooriifi Raabaa Gabalaa hundaa Me'ee Bokkoo galuu isaani adda baafatu. Yoo hin galle ta'e garuu guyyaan dabalamee dafanii akka galan qodhama. Sababni isaa Gumiin guutuu yoo ta'uu baate Gumiin hin teessu. Erga adda baafatanii Gumiin akka taa'u heeyyamu.

As keessatti taa'umsa Gumiif miseensonni hundi argamuun murteessaa ta'uu agarsiisa. Keessumattuu, qaamolee keessa hafan yoo jiraate gumiin ta'uu dhabuun, namni haaganaa sagal keessa qaamni hir'atu akka hin jirannefi yoo duubatti hafe illee akka dafee galuuf lallabuun, hundu murteefi lallaba gumii dhaga'uu akka qabu. Akkasumas, ga'een isaan hundaa taa'umsa gumii irratti waan adda ba'uuf hunduu ittigaaftamummaa ofii akka ba'atuuf walto'annaan qaamolee haaganaa hundaa barbaachisaa ta'e jechuudha.

Akka Yuuba Moona Godaana irraa afgaaffiin guyyaa 8/6/2016 odeeffadhetti, Ganama barii sana guyyaa jalqaba gumiin taa'uf jettu buna qalanii daadimatan (waaqa kadhatan). Akkas jechuun daadimatu:

Waaqa abboo

Waaqa ayyoo,

Waaqa me'ee bokkoo,

Waaqa ardaalee jilaa,

Waaqa daama, waaqa daarra nu milkeesi

Ee kunoo me'ee tiyyaa sirratti boba'a jirraa nu nageessi

Gumii ta'aa jirra bokkoo nuu nageessi

Bakkichi woyyuu waan ta'eef rakkoo keessa akka hin galee waaqa kadhatu. Oromoon Gujii waan hundi ayyaana qaba jechuun amana. Kanaaf waaqaa abbaafi haadhaa, waaqa ardaa jilaa jechuun gumii gumii milkii, gumii nagaafi jaalalaa akka taatu uumaa isaanii kadhatu. Biyya hundaaf waaqa kadhatani buna qalaan eebbiffatani aannaan unanii, buna unnani daadhii biiffani. Warreen kana irratti hirmaataniis abbaa gadaa, fatticha, hayyichafi yuubadha. Annaan unachuun qabbana nuf godhii, damma biifuun immoo gumii afaan tolchi walitti nu mi'eessi. jila nagaa,

nama nagaa nuuf taasisi fakkoommii jedhu akka qabun adeeffadhe. Kana booda uluultuu ykn ciree, nyaata namooni ganama gumiitti bobo'aan sun nyaatani gara gumiiti bobo'an sooratanii gumii ba'uuf qophaa'u jechuudha.

Kana booda yoobata lama hanga sadii ta'an filani akka yaa'ii Gadaa Me'ee Bokkoo qubate qachaa qubate keessa bahuun gara lallaba gumiitti akka boba'aniif ajaja akka dabarsaniif ergu. Isaaniis balbala qachaa hunda irra naana'uun gumiin geesse bahaa jedhuun. Akkasumaas goggeessan hiriira keessan eega deema, hin dubbatiina jechuun ergaa dabarsuuf.

"Gumiin geesse

Gadaa bobba'i,

Doori bobba'i,

Raaba bobba'i ,

Gumi bobba'i,

Gujii bobba'i"

jechuun lallabu. Bokkuu qabatani warreen galma keessa akka isaan bobba'uu qophaan ajaja dabarsu. Yeroo kana Gadaan sadaan durse yoo boba'u, dooriin sadii, raabni sadii, ijoolleen kuusa itti aanani tartiiba isaani eegani bobba'u.

Kanaafuu bobbaan gumii adeemsafi naamusa durirraa jalqabe hanga ammatti ittin baasee walgalchuun bobba'ee seera waliif labsa. Seera labseen gara ardaa ofitti deebi'e walto'ate walbulcha.

### 4.3.2. Naamusaafi Sirna Bobbaa Gumii

Adeemsa bobbaa Gumii keessatti tartiibnifi haalli Gumiin itti bobba'u sirna mataa isaa qaba. Adeemsa isaa keessatti gumiin naamusa mataa isaa qaba. Isaan kunisa karaa adda addaan ilaallama. Namusa qachaarraa gara agaallaa, naammusa agaallaa keessatti raawwataam keessaa immoo namusa lallaba seera, naamusa Gumii itti kasan, erga gumii ba'anii immoo haala itti qeexalaniifi dhumarratti baallii waliif kennan qabu.

#### 4.3.2.1. Naamusa Adeemsa Gumii Qachaarraa Gara Agaallaa Gumii

Qorattuun iddoo sanatti argamuun guyyoota 6-12/6/2016 akka daawwattetti, seera Gumiin lallabde keessatti yeroo qachaarra gara agaallaa Gumii imalan Tokkoon tokkoon taatee Gumiin raawwattu naamusaan kan guutameedha. Miseensonni yaa'a Gadaa, Dooriifi Raabaa gara agaallaa Gumii yeroo deemaan hiriiran deemu.Angafaa fi maandaa ykn quxisuun walduraa duubaatiin deemu. Deemsa kanarratti Bullukkoo isaanii gara mirgaa facaafatu. Waraana ykn horooroo isaanii gudurmuu mirgaatti qabatu. Jaldhaabi mirgaa fi bitaan deema. Seerri adeemsa gara agaallaa gumii warra yuubatiin himama.



Suura 1: Gumii qachaarra gara agaallaa yeroo deeman (Maddi daawwii guyyaa 7/6/2016)

Isaanis akkas jechuun hawaasa naamusa qabsiisaa deemu.

Agaallaan seera qabaa beekkadhu!

Namni Cabbii tule agaallaa gumii hin seenu beekkadhu

Agaallaa Gumii

Gadaan hin seenaa seera

Dooriin hin seena seera

Raabi hin seenaa seera

Yuuboti hin seenaa seera

Gumii goggeessan deemanii beekkadhu!

Uffata facaafati middaa beekkadhu

Qabannaan woraanaa middaa beekkadhu

Haaganaa sagal keessaa namni oolu hin jiraatu beekkadhu

Haaganaa sagal keessaa tokko oollaan Gumiin taa'uu hin dandeessu santu seera

Agaallaa wanti seenaanif seera lallabuufi santu seera

Agaallaa Gumii Kopheen hin seenanii beekkadhu

Addee Gumiin teetturratti hancufa hintufanuu beekkadhu

Gumiin yoo teettu jaldhaabatu balbalaafi boroo marsee eega seera

Gumii kan saaqu Abbaa Gadaa hangafaa santi seera.

Seera Gadaan tumteen Gadaan uummata bulchaa santu seera.

Naamusa deemsa Gumii Qachaarraa gara agaallaa taasisu kana keessatti agaallaan seera mataa isaa akka qabuudha. Kana jechuun namni nama ajjeese agaaallaa Gumii hin seenu, kan abbaa isaa tumellee akka muraa Sirna Gadaatti yoo abbaa isaa waliin araara hin buusne agaallaa seenuu akka hin dandeenye Abbootii Gadaa irraa odeeffadhe. Dabalataanis akka seera Gumiitti qaamoleen ykn miseensonni Gadaa agaallaa seenuu qaban seeran tumame lallabama. Akkasumas, harcaatiin akka hin uumammanef Gumii gogeessaan akka deeman agarsiisa.

Haalli uffannaa Bullukkoofi qabannaa waraanaa mirgatti ta'uu in saa fakkoommii Sirna Gadaa Gujii keessatti mirgaan deemna mirga nu oolchu fakkoommii jedhu akka qabuudha. Haaganaa sagal Gumii irraa akka hafuun hin danda'amneefi kan hafe yoo jiraate Gumiin akka hin teenye lallabni armaan olii agarsiisa.  Kun immoo sirna Gadaa keessatti Haaganaa saglanuu ittiigaaftamummaa ofii waan qabanuuf afuun akka hin heyyamamneedha. Agaallaa Gumii keessatti immoo seera kan lallabamuuf ta'uu ibsa.

Agaallaa Gumii kopheen galuufi iddoo sanattii hancufa tufuun akka hin danda’amneedha. Me’ee Bokkoo iddoo ulfoofi ulfina qabduudha Kanaaf Kopheefi hancufa tufuun akka seersa Gumiitti ni dhorkama. Dabalataanis Gumii kan saaqu Abbaa Gadaa hangafaa kan ta’e, Abbaa Gadaa Uraagaa ta’uu isaati. Kun immoo Oromoon Gujii hangaafaa kabajaafi ulfina hangamii akka qabu nutti agarsiisa. Sababni isaa Gujii Biratti hangafti wayyoomaa qaba waan ta’eef. Lallabni adeemsaarraa kun Yuubota adda addaan dhimmoota beekkamu qaban lallabaa adeemu

Bokkoon aadaa beekkadhu

Bokkoon woyyuu beekkadhu

Waan lafa bu’ee fuudhi yoo fuute abbaaf galchi

Fudhatete kiisi hin kaayatu

Waan namaa hin fuudhannu,

Waan hamaa hin dubbatannu,

Yoo walitti muffate walitti araaramta beekkadhu.

Lallaba deemsa gara agaallaa kana keessatti wayyooma Ardaa jila kan agarsiisu ta’e waa yoo nama jalaa bade fudhachuun akka hin danda’amne. Iddoo ardaa jilaatti waan namaa ofitti fudhachuun cubbuu guddaa akka ta’e, dubbii hamaan idddoo sanatti akka hin dubbatamne, ardaa dhugaafi haqaa akka taate deemsa kana keessatti barsiisaa deema. Oromoon Gujii ulfoofi safeeffannaan Ardaa jilaa Me’ee Bokkoof qabu olaanaa ta’uu isaa agarsiisa. Sanarra darbee Gujiin hawaasa duudhawaafi haqaan jiraatu, dharaafi hanna irraa bilisa ta’ee waliin jaalalaafi nageenyaan akka walbulchu lallaba kanarraa hubachuun ni danda’ama.Sanaaf immoo hariiroon uumaa isaa waliin qabu kabajaafi jaalala isaan gidduutti mul’atu agarsiisa.

Goggeessa Goggeessan,

Uraagaan dura deema,

Maattiin itti aana,

Hookkuun itti aanaa beekkadhu.

Yaa’ii goggeessa hin jijjiramu,

Aadaan Gujii sirna beekkadhu,

Gujiin sirna qaba,

Sirna ofiin bula,

Sirnaan deemta beekkadhu.

Lallaba olii kana keessatti haala deemsaa maatii Gujii keessatti agaallaa seenanii hangafafi quxusuun tartiiban akka seenu. Kun immoo Gujii sadan keessaa Uraagaan hangafa, Maattii kan itti aanufi Hookkuun immoo quxusuu ta'uu agarsiisa. Kanaaf kabajaafi safuu hangaafaaf malu Gujii biratti haalaan kan muul'atuudha. Akkasumas haala deemsa kana irratti Gadaan gogeessa isaan kan deemu ta'uu agarsiisa.Oromoon Gujii sirna Mataa isaa Sirna Gadaan akka bulufi sirna boonsaa akka qabu lallabaafi barsiisaa deema.

Waraana qabata beekkadhu,

Waraanaan bobaata,

Waraana ofirra qabda,

Wadaanu waraanaan boba'ee,

Uleen hin bobaatu

Bokkuun hin bobaatu,

Waraanaan bobata,

Waraana buufata beekkadhu.

Har'a jarjartee beekkadhu.

Waan hin beekkine ana sibarsiisa,

Yuuba sibarsiisa beekkadhu.

Akkan Yuuba Moonaa Godaanaa irraa odeeffadhetti, Waraana qabachuun aadaa Abbaa Gadaa, aadaa oromoo maraa agarsiisa. Kanaaf waraani meeshaa warra Gadaati. waraana lafa naquun ofiif seera. Bokkuunis bakka tokko kaayama kunis aadaadha jechuu dubbata. Kanaafuu, diinni lafa kee cabsee akka hin seenne waraana malee hin bobba'in, yoo akka tasa rakkoon si muudatte waraanaan ofirraa dhorkita yaada jedhu qaba. Kanaafuu Yuubonni waraanni mallattoo abbaa Gadaafi eegumsa biyyaa ta'uu agarsiisuf seera kana lallabaa adeemu.

Jilaan jila qabdi dhagahadhu.

Jilti aadaa qabdi dhagahadhu.

Me'een laga qabdi,

Agaallaa aadaa qaba,

Aadi maleen agaallaa nin seentu dhagahadhu,

Seentu bakkalli dhugaa qabdi,

Cabbii tultee agaallaa hin seentu dhagahadhu

Namni Leenca ajjeese

Nama cabbii tuulee dhagahadhu.

Deemsi Gumii yaa'a. Yaa'i kun immoo jilaaf deema. Waan jilaaf deeman immoo aadaafi safuun deemmama. Bakka taa'umsa Gumii kunis iddoo ulfoo waan ta'eef safuufi safeeffannaa qaba. Iddoo Gumiin teesse seera lallabdu agaallaan aadaa qaba. Akka aadaa sirna Gadaa Gujiitti namni agaallaa seenuun hin eyyamaneef ni jiraata. Sunis, nama nama ajjeeese, kan leenca ajjeese, kan muka ulfoo mure. kan cubbuu adda addaa raawwate agaallaa akka hin seenne ni dhorkama. Haa ta'u malee, Osoo beekuu namni seene akka aadaa Gujiitti adabbii mataa isaa danda'e adabama yaada jedhu ergaa lallaba olii namoota irraa odeeffadheera.

Barumsafi hubannoo dhimma sana irratti kennuuf qaamni agaaallaa seenuufi hin seenne adda ba'a. Akka tasa osoo cubbuu addaa addaa, aadaa cabse, seera gumiin tumte jallise agaallaa seene addabbi ardaa jilaa sana xureessu jedhun muraa itti muramutu jiraata. Namoonni wantoota akkana raawwatan osoo hin qulqulla'i, kan walitti muufate osoo hin araaramin yoo agaallaa seene adabbi sun akka irra hin genyeef labsama. Sirni Gadaa Gujii mallattoo nagaa nama waliin, uumaa walii, bineensotafi biqiloota walii akka jiraatu taasisuudha.

Gujiin aadaan bulaa,

Aadaan wal qoraa beekkadhu.

Abbaa kiyya hin jedhiin,

Soddaa kiyya hin jedhiin,

Ollaa kiyya hin jedhiin

Nama aadaa irra jallate

Aadi malee jedhani.

Nama aadaan jiru

Aadaa kennaniif beekkadhu.

Akka Oromoo Gujiitti akka aadatti malee firooman badii tokko ilaaluun akka aadaa cabsaniitti fudhatama. Kan aadaa Gujii jallise abbaa, ilma, soddaa ykn olla jedhanii garaa hiruun barbaachisaa akka hin taane barsiisa. Keessumattuu, haala bulchiinsa ammayyaa caalaa Gujiin aadaa jal'attef aad-malee, nama aadaan buluuf immoo aadaa kan qabu jechuun beksisuun baratamaa akka ta'eedha. Kanaaf raawwii sirna Gadaa keessattis ta'ee waliin jireenya Oromoo Gujii biratti namni kamiiyyuu aadaafi duudhaa Gumiin labsiteen qofa walbulchuufi jireenya isaa gaggeessuu akka qabu lallabni kun ragaa ba'a. Kanaafuu malaammaltummaan ammaan tana caasaa bulchiinsa mootummaa keessatti balaaleffataman Oromoo Gujii birattis kan balaaleffatamu ta'uu agarsiisa.

Gubboon biyya balleesse,

Walciree nyaate,

Cubbuu keessa hin baatu beekkadhu.

Dhugaa baasna,

Dhugaa dubbana beekkadhu.

Gumiin ni dhokiffata,

Ati ni beekita,

Himi dhugaa baasi lallabadhu,

Yoo ati dhokisite sitti dhokata beekkadhu.

Yeroo amma kana haala addunyaafi biyya keenya dabalatee namni gubboo nyaachuu akka amaleeffateefi lubbuufi qabeenya hedduu kan irraan miidhaa kan ga'aa jiru cubbuu sana ta'uu kaasa. Dabalataanis, namni osoo seerri Gujii cabu, aadaa Gujii dabu argee dhokse uumaa biraa akka itti badu. Dhugaa malee dharri akka nama balleessu, Kana immoo Gumiin ajaja dabarsituyyuu namni akka seeratti hiiku kaasa.

Hin dubbatani hin dubbatiin,

Har’a kan keeti miti

Har’a dubbiin kan aadaati,

Har’a dubbiin kan seeraati, kan heeraati,

Lallaba armaan olii kun adeemsa qachaarra gara agaallaa ta’ee, Yuubonni tokkoon tokkoon hawaasni maal gochuu akka qabu agarsiisa. Keessumattuu, deemsa sana irratti dubbii tokkolee akka hin barbaachisne agarsiisa.Kana jechuun waa’ee aadaa, seeraafi heera ittiin bulmaata Gujii maraatu har’a lallabama malee kan tokkon tokkoon hasa’an akka jiraachuu hin qabne kaasa.

Erga hiriiranii iddoo Gumii ga’anii Lafa Hurquu waan jedhamutu jira. Akkan Adoola Me’ee irraa afgaaffiin guyyaa11/6/2016 odeeffadhetti, Lafa hurquu jechuun eebootiin si’a sadii lafa dongoruu jechuudha. Kunis gaafa dhufani bakka gumii hiriiraan seenan warra Gadaa warra biyya bulchantu dursee seena. Yeroo kana dursa lafa hurqanni seenu jedhu. Akkan hayyoota Sirna Gadaa irraa odeeffadhetti, fakkoommiin isaa, dachee warra keenya lafa keenya biyya keenyaarratti seera keenya gadi dongoreerra ykn gadi dhaabinneerra jechuu akka ta’eedha. Kanaaf jalqaba lafa Gujiitti, ilmaan Gujii seera ittiin bulmaata Gujii tumanne jechuun seera tuman sana hawaasaf labsuuf qophii taa’uu isaa agarsiisu.




Suura2: Haala Naamusa Bobbaa Gumii

#### 4.3.2.2. Naamusa Gumii Agaallaa Gumii Keessatti

Bakka gumiin teessu gaaddisa Me'ee jala erga gahani kophee baafatani, bokkuu fi waraana ciibsani, rigaa qabatanii gara gumii seenu. Yaa'ii bakka lallaba seera waraana fi bokkuu qabatee hin seenu. Waraana qara isaa gara lixa biiftuuti galgalchaani buufatan.

**A. Waraana Ciibsuu**

Sababa isaas akka Buunee Gannaalee irraa 7/6/2016 odeeffadhetti, waraana hamaa, cubbuu hamaa achi dhidhimsii, gumii nagaan nu xumursiisi, waan hamtuu nurra dabarsii jechuudha. Waraanas ta'u bokkuu goggeesa goggeessa ofiin buufatan. Gadaan bakka tokko, dooriin bakka tokko, raabni bakka tokko akkasuma yuubnis bakka tokicha buufatan. Kunis akka hangaafi quxisuun adeemaan teesumni waraanaafi bokkuus sanuma hordofa. Kanaaf waraana, horooroo ykn bokkuu gara lixa biiftuutti ciibsuun isaanii rakkinaafi gadaadoo akka dhabamu, jaalalli tokkummaa Gumii akka jiraatu akeeka kaa'uu isaaniti. Dabalataanis, Lallabaaf yeroo gara agaalla seenaan garuu, waaranii waan dhiiga jigisu, du'a qaqabsiisu, balaa geesisu waan ta'eef waraana ni cibsaan. Kunis bara gadaa kanati nageenyi akka jiraatuuf, namni akka hin duuneef, nageenya malee walitti bu'iinsi, hammeenyi akka hin jiraane hawwii jiru agarsiisuuf. Akka sirna gadaati bokkuun mallatoo bulchiinsa waan ta'eef hanga seerri gadaa tokko lallabamee gadaan itti aanu baalli fuudhuti bokkuu ni hirkifama.



Suura 3: Haala Teessuma Waraana Gumii

Erga achi gahaniis jalqaba akkas jechuun eebiffatu. Eebba Gumiin ittiin saqamu ( abbaa gadaa Jiloo Mandhoo gadaa Uraagaa )

Yaa waqaa Abbaa

Yaa waqaa  Aayyoo

Yaa waqaa Ulaa

Yaa waqaa Malkaa

Yaa waaqaa Ardaa

Yaa waaqa Bokkuu

Kan bokkoo gurraachaa

Waaqa gadaa kanaa, yaa waaqaa gannaalee

Waaqaa gannaa bonaa

Yaa waaqi kolbaa kana eebbisi

Xiiqqaa naaf eebbisi

Guddaa naaf eebbisi

Gumii gumii nagaa naaf godhi

Bobbaasi nu galchi

Bobbaasi nu mumeesi

Baallii baallii nagaa nuuf godhi

Kan kennulee nageesi

Kan fuudhulee nageesi

Yaa waaqi nu nageesi

Oromoon waan kamiiyyuu yeroo raawwatu eebban milkiifi fuula isaa kka qajeelchuuf iyyata gara uumaa isaa dhiyeeffata, Oromoon Gujiis, hawwiifi abdii uumaa isaanirra qaban eebban teessumni gumii teessuma nagaa, jaalalaa, milkiifi tokkummaa akka ta’uuf waaqa isaa kadhata. Bakki ardaa jilaa martii iddoo ulfoo waan ta’eef waan hundaaf hawaasa isaani akka afaan walbeeksisu uumaa isaanii kadhatu. Teessuma Gumii booda baalliin kan wal harkaa fuudhaan

waan ta'eef, isa aangoo kennuufi fudhatuuf nagaa kadhatu.  Gadaa nagaa, gumii nagaa, kora nagaa akka ta'uuf kadhatanii gara lallaba seeratti imalu.

Abbootiin gadaa sadanuu akka hangaafi quxusuun walduraa duubaan eebbisuun gumii saaqu.Kana booda yuubi guddaan yuuba guutuun ati na dura jirtaa guyyaan keeti ati Roobalee afaan banadhu! Odeessi jedhaan. Yuubi guutuun kunis gooroo lallabuun lallaba eegalchiisa.

**B. Rigaa Qabachuu**

Akkan Nagaa Naga'ee irraa guyyaa 9/6/2016 odeeffadheetti, Miseensooni gumii rigaa muka dhugoo irraa qopheeffachuun ilkaan rigachaa gara agaallaa seennama. Mukti kunis fakkoomi dhugaati. Bakka sanati dhugaa malee hin dubbatani miseensoni kunneenis dhugaa dubbachuuf dhufnee kan jedhu agarsiisuuf rigaa kana qabatani seenu. Inni lammaffaan ammo yeroo lallaba seera irra ka'u rigaa sana lafa taa'e sanatti suuqe ykn sikkatee deema. Kunis mallattoo barcumaati. Boru yeroo deebi'u rigaa haara kan biroo qabate dhufuun isaas achuma sikkatee ykn suuqe deema. Guyyoota lallaba seerarra achi turu mara achumaati suuqa guyyumaan haara bakka buuffacha deema. Kuni akka seera mootummaa ammaa biyya bulchaa jiru, teessoo mana maree bakka bu'oota uummata maqaa qabu sanaan fakkeeffama. Warreen lallabaniis rigaa kee irraa hin goriin jechuun akkas jedhanii labsu.

Rigaa qabda rigaa keetiin yaata,

Goggeessaan deemta beekkadhu,

Ati rigaa qabda iddee teesse sikkata

Achiitti dongorataa beekkadhu

Bariillee irraa hin kaatu beekkadhu

Rigaan kun Oromoo Gujii, Gumii me'ee bokkoo biratti akka qabannaa teessooti ilaallama. Sanarra darbee akka maddoota odeeffannoo koo irraa hubadhetti fakkoommiin muka tokko dhugoo qofarraa murachuu isaanii, Gadaa tokko, seera tokko jalatti bulla yaada jedhutti akka fakkeeffamuudha.



Suura 4: Yeroo Rigaa suqqatanii

#### 4.3.2.2.1 Naamusa Lallaba Seeraa

Akka Daawwii lallaba seeraa guyyaa 6-12/6/2016 qorattuun daawwattetti lallabni seera naamusa mataa isaa qaba. Jaldhaabota naamusa kabachiisan malee, warri kaan taa'ee seera lallabamu caqasa. Jaldhaabonni luba Gadaa ta'an boroo eegan, luba Dooriin immoo karra eegu.Yuubonni seera lallabanis ta'uun walduraa duubaan lallabu.

Jalqaba Yuubota Gadaa Uraagaa, Maattiifi Hookkuu. Itti aanee Yuubota Doorii Gujii sadeenii hangafaa gara quxusuuti. Itti fufee Yuubota Raabaa Gujii sadeenii Hangafaa gara quxusuutti walirraa fuudhuun lallabu.

Adeemsa lallaba seera Gumii Me'ee Bokkoo keessatti jechamoonni beekkaman ni jiru. Akka Qorataa sirna Gadaa Duube Aduula irraa afgaaffii 8/6/2016 irraa odeeffadhetti. Yuubi duraa seera lallabe yoo xumure 'Toggise' jechuun lallaba dhaabuu isaa beeksisa. Inni itti aanee lallabu immoo 'Qophise' jechuun fuudhee lallaba. Seeronni lallabaman barreeffan kan jiran osoo hin taane Yuubonni akkanumatti lallabu. Akka tasaa Yuubni yeroo lallabu yoo dogoggore Yuubni irraa fuudhe lallabu 'Qoxxise' jechuun mormee sirreessee lallaba. Maddi jechoota kanaa yuubota. Afaan lallaba yuubootati malee afaan idilee namni marti akkuma argee itti fayyadamu

miti.Jechoota yaa'aa bokkoo iirratti yuubootaan hasa'amudha. Jechooni kunneen erga eegalani umurii dheera lakkofsisaniru. Duri jalqabani yuuboni gumii irratti itti fayyadamu jechuun kaasu. kanaaf afaan jilaati malee afaan idilee miti.



Suura 5: Teessuma Gumii

#### 4.3.3.4. Naamusa Gumiin ittiin kaasaan

Gumiin Me'ee Bokkootti seera lallabdi. Lallabni seeraa ganama sa'aatii 4:00- 6:00 qofatti kan taa'udha. Sana booda Gumiin hin teessu. Haalli Gumiin lallaba seera yeroo sa'aatiin ga'u ittiin kaasanis naamusa mataa isaa qaba. Ergaan Jaldhaabota Boroofi karra eeganitti Gumiin ergaa dabarsa. Ergaa Gumii sana immoo Jaldhaabonni Agaallaa Gumii eeganis ergaa dabarsuun gara Qachaatti akka dacha'an taasisa. Kanaaf immoo afwalaloo Gujiin itti dhimma ba'antu jira. Akka

Obbo Nagaa Naga'ee 9/6/2016 irraa odeeffadhetti"Gumiin seera kan lallabdu ganama sa'aatii 4:00 hanga 6: 00 yoo aduun utubaa irraa dabde seerri nidaba. Kanaaf Gumiin Me'ee Bokkoo erga aduun utuba irraa darbitee seera hin labsu sana booda Qorbisa ta'aa jechuun ibsan"

Kanaafuu akka Gumii Me'ee Bokkootti seerri ganama yeroo qabbanaafi hanga walakkaa guyyaa qofatti seera tuman uummata Gujiif labsu. Sanaaf immoo Gumiin eeggannoo akka gochuutu hubachuun ni danda'ama. Guyyaa hunda yeroo Gumiin seera lallabdee xumure gara qachaatti deebi'uuf Abbaan Gadaa,

"Hinaafaan niitii Yaadee
Hafuuraan garaa yaadee
Hojjetaa hojii yaadee

Gumii galti geette”

Yoo jedhanuu, jaldhaabonni karra eegan immoo

“Hinaafaan niitii yaadee

Hafuuraan garaa yaadee

Hujataan hujii yaadee”

Gumii karra bani jechuun, karra eegaa jiran banaanii Gumii gara qachaatti deebi’ee gala.



Suura 6: Yeroo Gumiin agaallaa Gumii irraa gara qachaatti deebi’u (Daawwii guyyaa 8/6/2012)

Afwalaloon olii kun kan agarsiisu akka Sirna Gadaa Gujiitti yeroo lallabni seeraa yeroon isaa ga’u dhimma itti ba’u. Kana jechuun yeroon kun yeroo, abbaan manaa haadha manaafi maatii ofii arguudha. Yeroo itti namni laaqana nyaatu; yeroo boqonnaati. Kanaafuu Gumiin ka’ee gara iddoo qubannaa isaa qachaatti deebi’uun ofirraa akka boqatu, maatii ofii waliin walarguufi kkf ergaa jedhu qaba. Guyyaa xumuraa gooroo sii lallabe gooree teetin galadhu jedhanii xumuru.

#### 4.2.3.5. Qeexala

Akkan iddoo ardaa jilaa sanatti argamuun daawwadhetti, yeroo Gumii irraa ba’an qeexala adda addaa qeexalu. Qeexalichis wolannaafi qadaadduun waliif qeexaluu danda’u. Ittiin wal jajajuu, wal qeequufi kkf qabiyyee sana keessatti argamu. Caaseffama gulaantaalee bulchiinsa sirna

Gadaa keessatti namoota bilchina yaada, muuxannoofi beekumsafi hoogganssa keeessatti muuxannoo qabaniin kan sirbamuudha.

Akkan Buunee Gannaalee irraa afgaaffii guyyaa 7/6/2016 irraa odeeffadhetti, Qeexala jechuun waan nagaa dubbachuu farra fageesuudha. Kanaafis farra fageesinnee ardaa nageesinnaa kan jedhaniif. Qeexalli jaalala. Yeroo qeexalan farra fageesse, biyya nageese jedha. Qeexalli Yeroo nagaas, yeroo hammeenyaas ni qeexalani. Bariis, galgalaas, yeroo qalanis, yeroo baalli kennaniis aadaa waan ta'eef ni qeexalan. Gumiirra deebi'uun warri qeexalaan yaa'a. warrii gadaa qofaa, dooriin qofaa, akkasuma raabi qofaa qeexala.

Akka yaada olii kanaatti, qeexalli sirba aadaafi jila gadaa keessatti qeealamu ta'ee nagaaf farrisu kan agarsiisudha. Kunis gogeessa gogeessan akka qeexalan agarsiisa. Sanarra darbee waan qeexalamu sababa adda addaaf akka ta'eedha.



Suura 7: Yeroo qeexalanii

**Qeexala Seera Sirna Gadaa Agarsiisu**

Moonaan ulee muree

Araddaan nagaan bulee

Gadabii muummee lafaa

Gadaa muummee namaa

Qeexalli armaan olii kun seera sirna gadaa kan agarsiisu yo ta'u, Akka sirna Gadatti namni seera ol ta'e kan hin jirredha. Hundu walqixa akka ta'e agarsiisa. Knaaf moonaan ulee muree, araddaan nagaan bule jechuun seerri sirna gadaa tumamae. Dhalli namaas ittiin nagaan waljiraachise yaada jedhu kan qabuudha.

**Qeexala warrii baalli fuudhatee**

Ardaan kiyyoo ani siraa fuudhe hoo

Ani gadaa gadaa goobee jedha

Erga gadaan deebi'ee

Nageessaaf qajeelee kuunnoo

Farra fageese biyya nageese

Damboobaan qajeele kunnoo (magarsa Badheecha)

Kana jechuun natu gadaa si harkaa fuudhe natu goobee, natu aangoo qabaa jechuudha, Kun immoo, kana booda nagaan jiraachuuf qajeelera. Farra, jibba, gadadoofi kkf fageesse. karaan naaf qajeela ergaa jedhu kan qabuudha.

Gama biraan qeexala jechuun akka paartii wali mormuuti. Kan ofi jajjachaa kan wallaana isaani moo bakka itti bifa haasan mormaan ykn qeeqaanidha. Qeexali jiraachuuf wallaanaan jiraachu qaba. Qeexalii sababoota lamaaf taphatama. Yookaan farra fageesuuf ykn gammachuu ibssachuuf. Adeemsa gumii keessati qeexala duuba namni gara qachaa ofiiti deebi'e gala.

**Qeexala Gadaa Haalan Ittigaafatamummaa ofii Hin Baane Ittiin Qeeqan**

Muuyyoo garaa qarqabaa

Afaaniin biiraa dhandhamaa

Harkaan nadhiin qaqqabaa

Muuyyo yeroon geettee baallii kenni! (Sulultee Waatee, 11/6/2016)

As keessatti warra Gadaa aangorra turee seera, duudhaafi safuu isaa osoo hin eeggatin tureef akka qeexalamu maddi odeeffannoo ni ibsu. 'Muuyyoo garaa qarqabaa' jechuun kan dhimma uummatarra kan dhimma ofiif oole, kan faayidaa ofii caalchifate akka ta'e adeeffadhe. 'Afaaniin

Biiraa dhandhama' yaadni jedhu immoo Abbaan Gadaa waan nama macheessu akka hin dhugne, akka hin machoofnefi haadha boollaan ala dubartii biraan ala buluu akka hin dandenye waan beekkanifidha. Kanaaf aangoo keetti haalan hin fayyadamne baalli galchi yaada jedhu akka qabuudha.

**Qeexala ofeegannoo Lubni gochuu qabu**

Luboo kiyyaa, Lubbuu achaaba

Wareebittaa, Wareerritta

Qalloo bitta, Qallaa fidda

Qaaddoo lixxa (Sulultee Waatee, 11/6/2016)

Qeexala kana keessatti luboonni sadarkaa tokko jiran eegumsa waliif ykn ofii isaanif gochuu qaban agarsiisa jedha maddi odeeffannoo koo. Lubni aadaa tiksuu, safuu eeguu, dhuudhaa kan eegu waan ta'e achaaba ta'uun beekaa ta'uu agarsiisa. Achaabni waan gurratti godhataniidha. Kanaaf ofeegganoo lubni tokko birmannaaf ba'ee weeraruu danda'uufi hamaafi gaarii adda baaste beekuu qabda. Kanaaf ittigafatamummaa sabni sirraa qabu yaadadhu yaada jedhu akka qabu odeef-kennan kiyya naaf hime.

Walumaagalatti qeexalli sirba yeroo jila Sirna Gadaa Oromoo Gujii biratti, jaalala, qeeqa ykn dadhabbina sadarkaa gadaa tokkoo kan ibsuudha. Dabalataanis, wolannaafi qadaadduun kan ittiin waljajaniifi walqeeqan akka ta'eedha.

### 4.3.3.6. Qorbisa

Qorbisa jechuun akka waliigalaatti gumii irratti waan walitti qabaman osoo hin taane, teessuma gumii duuba kan taa'amuudha. Isaanis haala lamaan ilaaluu dandeenya. Qorbisa yuuboonni lallaba seeraa booda taa'aniifi gumiin marti guyyaa dhumaa irra walga'aniidha.

#### 4.3.3.6.1 Qorbisa Yuubaa

Dambee Turcee irraa akka guyyaa 9/6/2016 afgaaffiin odeeffadhetti, QorbisaYuuba kan jedhamu guyyoota seeronni lallabaman hunda sa'aatii booda yuubonni walga'uun lallaba lallabame kan itti gamaggamaniidha. Kana malees, gaaffiiwwan toora seerota lallabamanitti ka'an kan deebisaniidha. Kallatti seera barii sana lallabamus bakka itti akeekaniidha. Sababni isaas lallaba irratti seera maleen yoo lallabame gaaffii gaafachuus ta'ee, deebii kennuun hin danda'amu.

Kanaafuu Gumii me’ee bookkoo keessatti waan hundi raawwatamu naamusa ofii akka qabu agarsiisa.

#### 4.3.3.6.2 Qorbisa Gumii

Akkan ardaa jilaa sanatti argamuun daawwadheefi afgaaffiin odeeffadhetti qorbisa hunda lallaba seera booda kan hawaasni baldhaan ta’uudha. Iddoo sanatti namni hundi komiifi yaada qabu bakka itti dhiyeeffatuudha. Akkan Addee Wasanee Biluufi Haadha Boollaa irraa afgaaffii 11/6/2016 odeeffadhetti qorbisni bakka namni hundi dhiiraa dubartiin, xiqqaa guddaan yaada ofii, waan ifa hin taanellee itti gaafataniidha. Mirgi dubartoota gadaa darbe keessattillee yoo sarbameera ta’e qorbisa irratti himachuun gadaa Baallii fudhatuuf akka sirreessu mariisisu jechuun kaasu. Dabalataanis, Gannaalee Mi’eessaa 9/6/2016 qorbisni walga’ii hawaasa hunda hirmaachise, kan galma abbaa gadaattii ta’aamuudha. Bakka itti seera labsame yoo ifa hin taane itti gaafataniidha. Hundu kora sanarratti waan barbaade gaafachuu mirga akka qabu kaasa.

Qoribsi namoonni hundi sirna Baallii wal harkaa fuudhisa sirna Gadaa sanarratti hirmaatan marti bakka itti walitti qabamaniidha.Kutaalee kamiyyuu kan hirmachisuudha. Dhiira, dhalaa, xiqqaafi guddaan kan irratti hirmaatu. Kana qofa osoo hin taane, Gadaan Baalli kennu turtii waggaa saddeeti keessatti hojii raawwate, kan hin xummurin hafe bakka itti ibsuudha.

Bokkoo Dharroo irraa akkan odeeffadhetti, Qorbisa kan teessisu abbootii Gadaa baallii kennan keessaa abbaa Gadaa Hangafaa (Kan Uraagaati). Ibsa Abbaa Gadaa irraa kennamu kana haaganaa saglanuu irratti hirmaatanii dhaggeeffatu. Guyyaa hunda teessuma gumii booda qorbisni taa’ama. Seerota Gumiin lallabde kan ifa hin taane irratti waliif mari’achuuf ibsi laattama.Ol iyyannoo adda addaatti murteen dhumaa kennama.

**Qorbisa guyyaa xumuraarratti ergaa darbe, daawwii guyyaa 12 /06 2016 waraabbame**

Oromoon Oromoo balleessu hin qabu

Nagaa murteesinee nagaan galaa nagaa labsaa

Warrii fagoo dhuftaan warri dhiyoo dhuftaan nuyi nagaa labsine

Waraana hin jaalannu nuyi nagaa murteesiinee

Nagaan nuuf galaa

Yoo galtaan nagaa nuuf labsaa

Bara gadaa Roobalee

Warri walwaraanu kun ofiin walwaamee

Walitti araaramuu qaba

Lafti kun woyyuu araara labsinnee isiinis araarama

Namni araara bu'e kana fuudhe duubati harkisu ykn araara didu yoo jiraate nu waan jennu hin wallaallu

Ergaan darbe kun haala jiruufi jireenya Oromoon amma itti jiru kan giddu galeessa godhateedha.Qaamoleen waldhabe karaa nagaan araara akka buusu, waraanni akka hafu, namni fagoos ta'ee dhiyoo irraa jilicha irratti argame nagaa akka labsu ergaa dabarsa. Kanaaf qabataman sirni Gadaa nagaa labsuu, nagaa eegsisuufi tiksuu keessatti ga'ee ammamii akka qabu nama hubachiisa.

#### 4.3.3.7. Sirna Adeemsa Wal-harkaa Fuudhinsa Baalli Gadaa 75ffaa

Walharkaa fuudhinsa baallii Gadaa marsaa 75ffaa Gadaan Harmuufafi Roobalee gidduutti taasime mallattoo Oromoon madda dimookiraasi akka taate agarsiisa.

Warrii Gadaa of harkaa qabuufi baalli kennuuf qopha'ee jiru guyyaa baalli kennaan sana qophaa'anii qachaa keessa ta'ani warra fudhatu sana naamusaan eegu. Gayyaa kana hayyoota abbaa gadaa warreen jedhamaan dursa ergamani gara qachaa abbaa gadaa dhufuun maarree nama dhufaa jiraa eega jedhuun. Isaan kuni namoota torba. Isaanis, hayyuu, faga, jalkiyaa, jadhaaba, waamuraa fi torbii ta'uun ergaa dhufne jechuun, dubbatani abbaan gadaa baallii harkaa qabu maarree dhufaa jirtani jedhee gaafata. Eeyyee jedhaniin.

Namni baallii fudhachuuf dhufus ol seene yeroo taa'u, abbaan gadaas

Aannaan gadaa kiyyaa hoodhu

Ittiin ititi,

namaan ititi,

Sa'aa kormaan ititi. Jechuun aanaan unsiisan.

As keessatti aannan sirna Gadaa keessatti mallattoo nagaati. Mallattoo qabbanaati. Aaannan biifuun nagaa labsuu, karaa nagaa ta'een aangoo dabarsuutti fakkeeffama jedhu maddi

odeeffannoo. Abbaan Gadaas aangoo karaa nagaafi jaalalan dabarsuu isaa kan agarsiisu aannan biifuu isaati.

Warri Gadaas aannaaan, booka, daraara, qopheessani eegaan namooni torba dhufan sun waan sana erga unanii booda, kan baalli fuudhatu ol ka'ee, Abbaa Gadaa maqaan waama. Yeroo Abbaan Gadaa jalaa owwaatu baalliin kiyya moo keeti jedhee gaafata. Yeroo kana Abbaan Gadaa gaari kiyya baalliin teeti jechuun deebisaaf.

Yeroo kana baallii kallatii bitaa jiru Abbaa Gadaa duraani irraa buqqisaani isa baallii fuudhuuf suuqan. Baalliin aangoodha. Mallatoon aangoo sunis guchiidha. kan aangoo fudhatuus baallii karaa bitaa jiru buqqiffata. Kunis aangoon kan isa ta'uu agarsiisa. Baalli abbaa gadaa aangoo kenne gara mirgaa garuu ulfinaafi kabaja isaa waan ta'ee irraa hin fuudhamu. Abbaan Gadaa aangoo dabarse malee, kabajni kanuma isaati



Suura 8: Yeroo Baallii walharkaa fuudhanii (Maddi: Daawwii guyyaa 13/6/2012)

Yeroo kana abbaan gadaa baalli kenne

Gadaan Gujii nagaadha

Gujii nageesi

Gujii bulchi

Gujii dhiisi anille amma harka keeti anallee bulchi

Loon kiyya si biraa marga hin dhabiin

Loon kiyya quxii hin dhabiin

Mucaan kiyya ulfina hin dhabiin

Jaartiin kiyya ulfina hin dhabiin

Baalli kenne malee ulfini kanuma duriiti

Kolbaa kana nageesi

Kolbaa bulchi

Afaan beeki

Ni obsatanii obsadhu

Isinillee gahaa baallii kennaa

Hora bulaa nagaan deema. Jechuun eebbaan gaggeessan.

Abbaan Gadaa baalli fudhate aangoon biyya bulchuu, nagaa hawaasa tajaajiluu ga'ee isaati.Gadaa Gujii akka eegu, bara Gadaa isaatti quufa malee beelli akka hin jirri kabajaafi ulfina haadha manaa abbaa Gadaa, ilmaan isaaf akka kennu gaafata.Sana booda abbaan gadaa baalli fudhate hanga waggaa saddeeti guute aangoo dabrsuuti ardaalee jilaa irra marsaa ardaa fi biyya eebbisaa biyya bulchuu itti fufa.

#### 4.3.3.8 Hojii Gumii Ardaa Me'ee Bokkootti

Gumiin ardaa Me'ee Bokkoo erga quabatanii maal maal akka hojjetan asin gaditti ibsameera.

##### 4.3.3.8.1. Wal-harkaa Fuudhinsa Baalli

Gadaan Harmuufafi Roobalee gidduutti taasime
Gayyaa kana hayyoota abbaa gadaa warreen jedhamaan dursa
Ergamani. Isaan namoota torba.
hayyuu, faga, jalkiyaa, jadhaaba, waamuraa fi torbii ta'uun
ergaa dhufne jechuun, dubbatani
abbaan gadaa baallii harkaa qabu maarree dhufaa jirtani jedhee
gaafata. Eeyyee jedhaniin.

Akka Bokkoo Dharroo irraa guyyaa 8/6/2016 odeeffadhetti, Gumiin Gaafa qubatanis adeemsa itti qubatan qabu. Kan isaan qubachiisu warra yuubaati. Galma ykn qachaa akka ijaaratanis warra yuubatu bira dhaabate gorsa. Qachaa jechuun qubsuma haaganaa sagali itti qubatu jechuudha jechuun kaasu. Kanaafuu Dalagaan ykn hojiiwwan gumiin raawwatu keessaa tokko qachaa ijaarsisuudha. Qachi immoo iddoo qubannaa haaganaa sagalii hanga Gumiin seera lallabdee baallii waliif kennuutti iddoo tursuma isaanii jechuudha.

Dursa gaafa galmi qubanna ykn qachaan ijaaramu, waan akka aannanii, dammafi nadhiin dongoratani galma Abbaa Gadaa ijaaru.  Akka Moonaa Godaanaa jedhutti, Sababni isaas Lafti me'ee bokkoo woyyuu waan ta'eef Woyyuun humna ijaan hin argamne kan waaqayyoo kenneef jira jedhama. Yoo akkasumaan lafa kana tuqan ykn waraanan humni sun nama miidhuu ykn ajjeesu danda'a. Kanaaf akka miidhaa nama irraan hin geenyeef lafa sana dursani kabajanii itti dhibeeffatu. Kabaja sanaafis lafa kana gaafa waraanan aannaniifi damma itti naqani. Kunis kan nagaa nuuf ta'ii, jilaaf qachaa ijaaracha jirra qachaa nagaa nuuf godhi. Yeroo lafa kana irra muka dhaabuuf jedhani dursa fagatu agama, booda abbaa gadaatu tuqa ykn waraana.

Sababa aannaanifi dammi filatameef, aannan nama hundatu jaalata waan ta'eef seera me'ee irratti lallabamu, woyyuun achiti dubbatamu akka jaalatamuuf hunduu akka itti gammaduu akka ofitti fudhatuufi akka aannanitti akka jaalatuuf aannaniin dongoran.

Damma fayyadamuun 1ffaan kabajaaf, akkasuma waan hamaan akka namati hin dhufne waan gaariin kadhatanii ofirra dhorkani jechuudha. Gama biraan waan lafa kanarratti afaan namaati bahu namaa fi uummataaf akka mi'aawu, waan hadhooftuun akka afaan namaa hin baaneef dammaan dongorani. Dammi waan gaariin fakkeeffama

Akkan Nagaa Naga'ee irraa guyyaa 9/6/2016 odeeffadhetti, Qachaa kan ijaaru Jaldhaaba. Galma Gadaa Jaldhaaba warra Gadaa, galma Doorii Jaldhaaba warra Doori, galma Raaba Jaldhaaba warra Raabatu ijaara. Ijaarsa isaaf gosa mukaa filatamu jira. Gosooni mukaa filatamaniis mukeen uumamaa biqilaan muka namni hin dhaabinee fi muka yeroo muramu aannaan qabanii fi warreen yoo muraman deebi'an latan ykn deebi'ee biqilu filatama.. Mukeen jiraan keessaas irra jireessaan muka uraagaa fi muka mi'eessa filatama.

Mukiti uraaga kabaja qaba. gosa Oromoo Gujii gurguddoo keessa Uraagaan hangafa waan ta'eef muki kunis moggaasa kana qabaachuun isaa muka jilaa muka kabaja qabu jedhamuun jilaaf filatama. Akkasumaas muki mi'eessaas muka jabinaan beekkamu waan ta'eef muka jilaaf filatamudha. Kana malees yeroo cidhaa, yeroo jila bobbaasan muka uraaga muratanii balbalarratti hidhuun urii nu fullaasi jedhu. Kana jechuun nu guddisi, bara keenya bara gadaa caalu haa ta'u jechuudha. Kunis mallattoo guddinaa waan ta'eef gadaan keenya gadaa hunda caalee fulla'ee beekkamu akka ta'uu hawii jedhuuf itti fayyadamu.

Qachi jabina akka argatuuf kan ittiin hidhanis dhoqonuu jedhama. Dhoqonuun akka hidhaatti hidhuuf qola isaa irra quncisuun qachaan akka jabaatuuf ittiin hidhan. Dhoqonuun gosa mukaa lafa gaarreen irratti biqilu ta'e, dur yeroo saamunaan hin jiree akka saamunaati itti fayyadamuun rifeensa mataa ittiin miicachuuf fayyada. Keessuma dubartoon rifeensa mataa ni guddisa waan jedhamuuf irra jireessa itti fayyadaman. Qulqulina eeguurra darbee akka qorichaatis muka fayyadu akka ta'edha.Qunceen muka dhoqonuu haphii ta'ee yeroo harkiffamu hin ciitu. Yeroo baqaqfamuus keessi isaa akkuma saamuna hoomacha guddaa qaba. kana malees muki kun uumamumaan ofiin wali utubee walguddisa.

Walumaagalatti, fakkoommin yeroo qachaa ijaaran mul'atan aannan, dammafi mukkeen filataman immoo muka uraagaa, mi'eessafi quncee dhoqonuu akka ta'eedha. Aannan kan unamu,kan jaalatamu qabbana kan qabudha. Gadaa Gujii keessattis, hojii gumii qabbana taasisi gumii waljaalachiisi jechuutti kan fakkeeffamuudha. Akkuma Jaarroliin jedhan Gujii walitti mi'eessi, aadaa isaa jaalachisi, tokkummaa kenniif yaada jedhu qaba. Mukkeen filatamanis muraman kan deebi'anii latan jechuun Gujiin seera isaa ofii tumeen itti horee, badhaadhee akka jiraatu, dhala godhatee Gadaa isaa dhaloota akka dhaalchisutti kan fakkeeffamu ta'uu isaati.

Qachaa sana keessa Gadaan tartiiban qubata. Gadaan Uraaga hangafa waan ta'eef gama harka mirgaan yoo qubatu, Maattii, Hookkuu jechuun tartibaan yoo qubatan balbala dhumaarra warra yuubatu qubata. Keessi isaasi walitti kan banamu yoo ta'u balbala balbala ofi qaba. Haalli ijaarsa qachaas geengawaadha. Kunis kan agarsiisu marsaan sirna Gadaa umuriin kan naanna'u ta'uu isaati.



Suura 9: Haala Qachii itti ijaarramu (Maddi: daawwii guyyaa 9/6/2016)


**4.4. Seera Lallabuu**

Akkan Obbo Dambee Turcee irraa guyyaa 9/6/2016 odeeffadhetti ga'een Gumii ijoo kan ta'e seera Gadaan dhufu/ baallii fudhatu ittiin uummata bulchu hawaasaf lallabuudha jechuun kaasu. Seerri lallabamu kunis, kan duraan ture, fooyya'ee, haaraan itti dabalameefi kan duris jiru deebi'ee lallabamuu danda'a. Keessumattuu haala jiruufi jireenya Oromoo Gujiin walqabatee dur kan turana kan keessaa hafan, kan yeroo ammaa xiyyeeffannoo argatafi kkf ni mul'atu. Kun immoo komii hawaasaafi barbaachisummaa isaa waliin kan madaallamuudha.Seerri Gumiin Me'ee Bokkoo lallabdu gooroo malee gooree miti jechuun kaasu.

Waan lallabaman Gooroo, aadaafi seera. Gooroon waan Woyyuudha. aadaan immoo, haala haawasni itti fayyadamaa dhufe bu'uura qodhachuun aadaa kabaji jechuudha. aadaan kalaqa haala jiruufi jireenyaa, jila, uffaannaa, nyaatafikkf ta'ee yoo cabe aad-maleedha. Namni aadaa irraa maqee deebii yoo dide. Aadaafi gooroo sana tiksuuf immoo seerri tumama. Namni kamiyyuu seera jalatti bula. Gadaanis seera qaba. Waggaa saddeet saddeetin tumate ittin walbulcha.

Yaaduma kana irratti, Bokkoo Dharroo guyyaa 8/6/2016 Seerri, aadaafi woyyuun Gumiin lallabdu gooroo malee gooree miti. Sababni isaa seeronni kun hunda isaa Me'ee Bokkootti lallabanii xumuruun waan hin danda'amneefi Oromoon Gujii iddoo garaagaraa waan jiraatuf garaagarumman hedduun isaan keessa jiraachuu danda'a. Kana bu'uura godhachuun Yuubonni

xumura irratti “Kuunnoo seera gooroo sii labse gooree teetin galadhu ittiin walbulchi waloolchi” jechuun dhaamu. Kanaafuu seerri, aadaafi wayyuun akka seera goorootti kan ilaallamu, seerri gooree garuu erga kutaa kutaa ofitti galanii goororra dhaabbachuun seera gooree baafatanii akka ittin walbulcha ta’uu isaa naaf ibsan.




### 4.4.1. Seeroota Gumiin lallabu

Akka sirna Gadaa Oromoo Gujiitti Gumiin seerota tumte ardaa jilaa bakka Me’ee Bokkootti ni lallabdi.Walharkaa fuudhinsa Baallii Abbootii GadaaHarmuufaafi Roobalee Gadaa Gujii Marsaa 75ffaa irratti qorattuun sirnicha irratti argamuun kan daawwatte lallaba seeraa Gumii wantoonni hedduun akka lallabamaniidha. Lallabni seeraa kunis guyyoota hedduu kan fudhateedha. Isaanis Kanneen armaan gadiiti.

#### 4.4.1.1 .Gooroo

Gooroon Gosoota seeraa keessaa waan waliigalaa irratti lallabama. Kunis guyyaa jalqabaa Gumii Me’ee Bokkoo irratti guyyaa 6/6/2015 warreen lallabaman warreen wayyooma ta’aniidha. Bakka Gumii Me’ee Bokkootti argamuun lallabichi akkas ture:

Waaqni woyyuu,

Lafti wayyuu,

Abbaan Woyyuu,

Haati woyyuu

Jechuun lallabu. Kun immoo waaqni uumaa uummama hundaati. Ni sodaatama. ni kabajama. Waaqni waan mara uumee kan jiraachisu isa qofaadha Kanaaf Gumiin Me'ee Bokkoo waaqni wayyuu jechuun labsa. Dabalataanis uummanni Oromoo hammam akka uumaa isaaf kabaja qabu agarsiisa. Kuni immoo sirna Gadaa keessatti akka seeratti lallabamuun Gujiin hundi akka beekuufi wayyoomaWaaqaa barsiisa.

Laftis wayyuu kan jedhameef, dhalli namaa uumaatti aanee lafarratti uummame. lafarra jirataa. qulqulluufi xurii dhala namaa dacheetu danda'a. Irraa qotee nyaata. Lafarratti horee baay'ata. Kanaafuu lafti wayyuudha. Dabalataanis Abbaan Wayyuudha jechuun Abbaan mataa maatiti. Bu'uura maatii ta'ee abbaan kabajaafi safuu argachuu qabu ibsuuf Me'ee Bokkoo wayyooma abbaa agarsiifte ykn hawaasaf lallabdi. Haati utubaa manaati. Haati dandeessuu waan hundaa ilmaan isheef jecha wantoota hedduu dhabdi. Gidiraa hedduus agarti. Kun immoo ilmi namaa bu'uurri isaa haadha ta'uufi kabajaafi jaalala haadhaaf qaban agarsiisuuf wayyooma haadhaa lallabama.

Malkaan Woyyuu,

Mukti Woyyuu,

Ilmi woyyuu,

Intalli Woyyuu

Jechuun Gumiin lallabdi. As keessatti Oromoon Malkaaf wayyooma guddaa qaba. Malkaan madda Bishaanii xurii ofii itti qulqulla'an, Dheebuu itti ba'an waan ta'eef Oromoo biratti wayyooma qaba. Mukti Wayyuu kan jedhameef, gaaddisa ta'ee Oromoo araara itti fayyadama. Bakka ulfoo abdaarii ta'uu kan danda'u mukadha kanaaf mukni Oromoo biratti wayyooma qaba.

(Soddaan Wayyuu, Ollaan Wayyuu) jedhamee lallabama. Oromoon "soddaa sodaadha" jedha. Warra alagaa ta'etu dhiigni isaanii walitti makamuun tokko ta'an. Kanaaf Oromoo biratti olla

wayyooma qabdi. “Ollaan ofii uffata ofiiti” jedhama. Yoo olla nagaa qabaate nagaa qabaanna. sanaaf olla kabajaafi wayyooma guddaa akka qabu agarsiisa.

#### 4.4.1.2. Aadaa

Seerota ykn dhimmoota aadaa waliin walqabatan Yuuba Qaraati kan lallabamu yoo ta’u, Gumiin Me’ee Bokkoo waan aadaa kan lallabdeefi dhimmi kun immoo hawaasa keessatti aadaa, dhuudhaa, safuufi safeeffannaa uummata Gujii keessatti waggaa saddeet itti anaananif hojirra kan ooludha. Uummannis sana beekee aadaa ofii akka tikfatufi namni karaa aad-malee akka hin deemne ittii walbulchuuf kan lallabamuudha.

A. **Lallaba Aadaa Dubraafi Haala Fuudhaafi Heerumaa**

Intalli ni dhalatti aadaa

Dhalattu hin guddatti aada

Intala ni fuudhani aadaa

Ilmi intala fuudhu abbaa araara dhaqaa – aadaa

Galgala dhaqanii ganama intala kennaa – aadaa

Abbaan intalaa gumaata hin qabu – aadi malee

Gumaata yaa’a qabaa - aadaa

Intali ofiin hin heerumtu – aad- malee

Intalti gulantaa teesse araara hin fudhatu – aad malee

Intali bara kanaa osoo abbaan hin beekiin araara guuratii – aadi malee

Oromoo Gujii biratti seeronni dhimmoota aadaa tumamanii lallabaman akka hawaasani aadaa sana hin cabsine safuufi duudhaa isaa akka eeggatee jiraatufidha. Kun immoo, daa’imni dhalachuun, kan dhalate fuudhee ykn heerume jireenya gaarii akka jiraatuf of eeggannoo dursee hawaasni beekuu qabu agarsiisa. Aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Gujii keessatti intalli durbaa ofii heerumti osoo hin taane akka aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo Gujii Gumiin tumteefi lallabdeen aadaa osoo hin cabin akka bultii gaarii ijaarrataniif seeraan maatii isheerra kadhatanii kan fuudhan ta’uu agarsiisa.

Heerumni aadaa qabaa – aadaa

Duwaa baati – aadi malee

Duwaa fuudha – aadi malee

Intalti iddoo abbaan hin beekine hin bultuu – aadaa

Intalti mataa waaqati ol hin hiitu - aadi malee

Intalti mataa ol hiitee mooyyee gootee – aadi malee

Intalti mataa ol hiitee abbaa warraa bira hin teesuu – aadi malee

Intalti gulantaa sokkiti – aadaa

Oromoo Gujii biratti tokkoon tokkoon taatee durbi tokko erga heerumtees ta'ee, osoo hin heerumin safuu eeggachuu qabdu kan agarsiisudha. Keessumattuu, akka aadaa Gujiitti haalli tolfannaa rifeensaa ijoollee shamarranis ta'ee, haadholii seera marsaa 75 keessatti lallabe waliin rifeensa ofii haala aadaa Gujiin gadi dha'achuufi olfannisuun akka aad-malee ta'eefi bareechuuf jecha Wiigii itti hidhuun aad-malee akka ta'e labsameera.

A. **Lallaba aadaa abbaa warraa fi haadha warraaf**

Abbaan warraa aadaa qabaa alaa gala – aadaa

Haati warraa abbaa warraatif wayyuu

Gulantaa taree abbaan warraa haadha warraa hin dhaanu – aadi malee

Sokkaan ishee – aadaa

Mirgi ishee guutuu –aadaa

Isheen abbaa warraa himati - aadaa

Firatti himatii – aadaa

Himannaa dhaquun – aadi malee

Fira sanatu waa'e ishee qorataa – aadaa

Yoo tarii dadhabamee yaa'aa dhaqtii – aadaa

Haadha boollaatu galchaa – aadaa

Abbaa warraa hiikani heerumuun- aadi malee

Dhugaa ishee gulantaa baasa – aadaa

Oromoo Gujii biratti maatiin tokko ykn abbaa manaafi haati manaa haala kamiin jiraachuu akka qaban kabajaafi safuun hawaasa keessatti ittiin jireenya isaanii gaggeessan Gumiin ilaaluun murteessite lallabdi. Kunis Abbaan manaafi Haati manaa rakkoo adda addaan walitti muufachuu danda'auun aadaadha. Innis akka tasaa ta'ee haati manaa yoo abbaa manaa isheetti muufatte manaa baate Haati Boollaa ykn jaartiin Abbaa Gadaa akka aadaatti waan isheef muramu muranii manatti galchu malee dhirsa biraa heerumuun Gujii biratti aad-maleedha. Haa ta'u malee, amma sadarkaa waldhabdeen sun hiikkamuu danda'a. Kana jechuun, yoo fira bira darbe sadarkaa yaa'aa ga'uun haati Boollaa akka araarsuu dandeessudha.

Haati warraa dibata abbaa warraati. Kana jechuun qe'een sun akka quufu, akka badhaadhu, akka milkaa'u, akka horu ayyaantumaa haadha warraa sanaatu waan sana milkeessa ykn eega. Abbaan warraa sun hawaasa keessati nama gaachana qabu, nama dubbatu dubbiin isaa tolu, nama milkiin isa tolu, nama jabaa lollee diina biyya irraa fageesu akka ta'u kan taasisu eebba haadha warraa isaati. Haati warraa abbaa warraa ishee eebistee baste taanaan inni ala kanati mootiidha jechuudha. Faalla isaatiin yoo eebba haadha warraa isaa hin qabaanne nama salphaa dibbata hin qabne nama milkii hin qabne jedhama.

#### 4.4.1.3. Seera

Dhimmoonni Gumiin Me'ee Bokkoo akka seeratti tumanii lallabaman dhimmoota hedduu giddugala godhachuun kan lallabamuudha. Akka Marii garee irratti odeef-kennitoota irraa odeeffadhetti, Oromoon aadaan bula. Aadaa kaan keessatti kan wayyooma qabaniif of eeggannoo ykn lagannoon kabaja isaaf malu kenne jiraata. Adeemsa keessa namni aadaa dagatee gara aad-maleetti luucceffama yeroo dhufu aadaa sana ittiin eeggachuuf tokkoon tokkoon dhimmoota adda addaaf seera tumuu jalqabame jechuun kaasu. Kanaafuu seerronni tumaman waan dur akka aadaatti turanii hawaasni sharafaa dhufe kun iddoo isaa gadhiise gara badiitti akka hin deemnef seera tuma. Namni kamiiyyuu seera jalatti waan buluuf aadaa isaa eeggatee jiraata jechuudha.

**A. Seeraa Lafa Me'ee Bokkoo**

Lafti bokkoo wayyuu – seera

Lafa ishee hin baqaqsani- seera

Gaaddisa jiraa gumiin itti baati – seera

Qurxumii keessa jiraa - seera

Raacha keessa jiraa – seera

Qurxumii waaqa daddee – seera

Raacha waaqa daddee – seera

Caamni jiraa – seera

Rooba gugumisaa – seera

Muka me'ee bokkoo yoo muran akka jaldheessa bookisani – seera

Oromoon lafa ardaa jilaa ta'eef kabajaafi kunuunsa addaa qaba. Akka Oromoo Gujiittis Ardaa Jilaa Me'ee Bokkoo lafa laguufi safeeffannaa qaban bakka Gumiin teessee seera tumtuufi lallabdu waan ta'eef tuqamuu akka hin qabneef seerri lallabama. Oromoo biratti ardaan jilaa seera qaba. Akka barbaadanitti irrayyuu hin ejjetan. Kana malees, iddoo ardaa jilaa sana lubbu qabeeyyii hedduun waan keessa jiraniif akka hin miidhamneefi eegumsa gochuudha. Kanarraa kan hubannuu sirni Gadaa uummama maraa mirga kan eegu ta'uu isaati.

B**. Seeraa Gujii**

Gujiin aadaa qabaa – seera

Gujiin wayyuu qabaa – seera

Gujiin seera qabaa – seeraa

Gujiin ballaa hin qabuu – seera

Gujiin naafa hin qabuu – seera

Gujiin kobaa hin qabu- seera

Kadhattuu hin qabuu – seera

Namati hin galuu – seera

As keessatti Oromoon Gujii amman aadaa isaa akka bulu, Hawaasa kabajamaafi duudhaa isaa tiksuu keessaatti aarsaa hedduu baase ta'uu hubanna. Dabalataanis, akka seera uumaatti bula

malee cubbaamaa akka hin qabne Waaqa isaa waliin hariiroo gaarii waan qabuuf qaama hir'uu Oromoo Gujii biratti akka hin argamne agarsiisa.

Dabalataanis, qaamni hir'uun ykn haraamuun kan dhalatu yoo dhiigni walfuudhe qofa akka ta'etti amana. Sanaaf immoo Gujiin seera tuma. Akka haraamuun hin dhalanneef gosti walqoratu malee akka wal hin fuunee seera lallaba. Akkasumas, daa'imni tokko guyyaa dhalattu irraa kaaste mirga qabeenyaa godhachuu handhuuran kan beekkamu waan ta'eef Gujii biratti kan harka namaa ilaalu akka hin jirredha. Kun immoo sirni Gadaa diingadeefi hawaasumaa uummata Oromoo jabeessuu keessatti shoora inni ba'u kan agarsiisudha.

**C.Seera Uummamaa**

Kottee baqaqqaan afurii - seera

Kottee duudaan sadii – seera

Loon kottee baqaqqaa – seera

Re'een kottee baqaqqaa – seera

Hoolaan kottee baqaqqaa – seera

Gaalii kottee baqaqqaa – seera

Ilkaan gubbaa hin qabdu – seera

Namni kottee duuda – seera

Fardi kottee duuda – seera

Harreen kottee duuda – seera\ilkaan gubbaa qabdii - seera

Seeronni olii kun kan agarsiisu haala uummamaa hawaasni akka beekuufi garaagarummaa uumaama kotte dudaafi baqaqaa ibsuufi muuxannoo dabarsuu seerri kun kan lallabamuudha. Kanaaf immoo sirni Gada beekumsa hawaasaa cimsuu keessatti ga'ee inni qabu kan agarsiisudha.

**D. Seera Intalaa**

Intaltii aadaan bulti – seera

Intalti kan abbaati – seera

Intalti abbaa seera qabdii – seera

Ofiin ala hin bultuu – seera

Gujiin birrii intalaa hin nyaatu – seera

Birriin intalaa dhiiga – seera

Seerri kun intala durbaaf kan labsamu yoo ta'u, Gujii keessatti dubri kan abbaatin seera. Yeroo manaa baate bakka maatiin hin beeknes ta'ee ala buluu hin dandeessu. Sababni isaa miidhan gama adda addaan irra ga'uu waan danda'uuf dursa ofeegganoon qodhamafi. Akka aadaa Oromoo Gujiitti maallaqani yeroo fuudhafi heeruma maatiin nyaachuun akka aad malee ta'e lallabni kun ni agarsiisa. Gatii aadaan murte ala maallaqa hin fudhatan.

### E. Seeraa Fuudhaafi Heerumaa

Akkaa aadaa Oromoo Gujiitti intalli tokko firoota kan akka obboleessaa, akaayyoo, abbaafi firatti heerumuu waan jedhu ni balaaleffata. Aad-malefi fokkataadha jedhee amana. kanaaf seera armaan gadii kana lallaba.

Intalli gosatti hin heerumtu seera

Ilmee hin heerumtuu seera

Abbaa hin heerumtuu seera

Akaakoo hin heerumtuu seera

Akka waliigalaatti Oromoon hanga abba torbaatti fuudhaafi heeruma hingaggeesu. Oromoo Gujii biratti yaadni sun sammuu hawaasaa keessatti argama. Firri yoo walfuudhe haraamuu akka dhalatu dursanii waan beekaniif fuudhaafi heeruma firoota gidduutti ni dhorku. Oromoon Gujii yoo firri walfuudhe naafaa, jaamaafi sanyiin baddu waan dhalatuf Gujii morri kuni akka hin tuqnef dursee akeekkasee seera itti baase hawaasa hubachiisa. Dabalataanis, warri sadarkaa Gada tokko keessa jiran akka obbolawaat waan wal ilaaalaniif walfuudhuun hin heyyamamuuf.

### F.Seera Buttaa shamarranii waliin walqabatee

Intala durbaa hin butanuu seera

Butan ni iyyitii seera

Iyyitu muraa qabdii seera

Muraan loon torbaa seera

Jibichi tokkoo seera

Raaddi ja'aa seera

Jibicha Gosatu qalataa seera

Raaddi ja'a abbaa intalaatti galtii seera

Goromsi bantii ishee bakka bu'aa seera

Aadaa Oromoo Gujii keessatti durba butuun aad-maleedha.Buttiin fuudhaafi heeruma gaggeessun akka aadati hin heyyamamu. Seerri kunis buttaa shamarranii hambisuuf kan labsameedha. Akka aadaatti maatii irraa kadhatanii fuudhaafi heeruma milkii qabu jiraachisuuf akka ta'e odeeffannoo argadheera. Kanaaf adabbiin isaallee loon torba ta'e. Namni adabbii kana sodaachuun yakka kana akka hin raawwaneefidha. Kun immoo mirgi dubartootaa akka hin cabneef qixuma nama kamuu baatee akka galtuuf shoora olaanaa qaba.

**G. Seeraa Bosonaa**

Bosoni aadaa qabaa – seera

Bosona hin xuqanuu – seera

Bosona ni eegani – seera

Bosoni mirga qabaa – seera

Hin jigsani – seera

Gujiin aadaa qabaa – seera

Bosona hin jigsuu - seera

Sirni Gadaa sirna seera dhala namaa qofaaf seera tumu osoo hin taane bosonaaf seera labsa. Gumiin Me'ee Bokkoos bosona muruun akka hin danda'amne seera labsite. Bosona keessa mootii mukaa, muka kichuu, sootiin mukaa ni jiraata. waanuma salphaa ta'eef muka kana balleessuun akka hin jireennef seera tuma. Dabalataanis, bosonni mana bineensotati. madda Turizimii biyyaati. Qilleensi qulqulluun akka jiraatu shoorri bosonaa xiqqaa miti.

**H. Seera Bishaan Lagaa**

Lagi obaa oduu qabaa – seera

Aadaan deemani – seera

Aadaan dhaqani – seera

Naanigaa qabaa – seera

Naanigaa hin cabsanu – seera

Naanigaa cabsinaan – aadi malee

Laga balleesinaan – aadi malee

Laga bishanii hin balleesani – santu seera

Lagni bishaan qabaa – seera

Naanigaan oduu qabaa – seera

Naanigaan abbaa herreega qabaa –santu seera

Malkaan woyyuu. Kabaji Oromoo Gujii bishaan lagaaf qabu guddaadha. Bishaan laga loontu dhuga. Haalli deemsa isaas aadadhaani. Yoo sana ta'uu baate aadaan waan cabuuf aad-maleedha. Laga hin balleessan madda loo dheebuu baasudha. Kanaafis Gumiin seera tumee lallaba. Loon obaasu qofa osoo hin taane, bishaan bu'aa hedduf oola. sanaaf immoo eegumsiifi kunuunsi barbaachisu yoo hin godhamnef hoongeen biyyatti dhufa. Yeroo sana loonfi namni illee faayidaa bishaanii sana dhabuun waan miidhamaniif seerichi barbaachiisadha.

**I. Seera Horii**

Jabbilleen wayyuu – seera

Hin dhaananu –seera

Laga fiigee bu'aa – seera

Hin dhorkanuu – seera

Kormi duudi wayyuu – seera

Gaafa hin cabsanu - seera

Namni gaafa cabse kormaa goromsa baasa – seera

Kormi abbaa warraati – seera

Abbaa warraa hin xuqanuu – seera

Gaadiin wayyuu – seera

Gaadiin nama hin dhanaani – seera

Elmaan woyyuu – seera

Okoleen woyyuu – seera

Aanaan qabaa – seera

Ciccoon wayyuu – seera

Butteen woyyuu – seera

Butteen dhadhaa qabdi – seera

Yoo dhadhaa dhabdee – aadi malee

Loon Oromoo biratti wayyooma guddaa qabu. Oromoofi loon adda baafamanii hin ilaallam. maddi diinagdees ta'ee, sooranni Oromoo irraa caalaan loonirradha. Sanaf akka sirna Gadaatti Oromoon Gujiis seera looniif bakka guddaa qaba. Gumiin loonif seera tumtee labsiti. Jabbiin woyyuu, kana jechuun hin rukutamtu, iddoo barbaadde sooratti jechuudha. Kormi sa'aas hi rukutamu. Abbaa warraatti fakkeefama.Gaadii sa'as woyyuu sa'a gaadi'uun ala dhimma biraaf hin oolu. Meeshaaleen mana keessaa bu'aa loonii keessa kaayamus woyuu qabdi. okoleen, elmaan, cicoon Butteen warra woyyuu ta'an kanaaf seerri barbaachisu akka godhamuuf seera labsu.

Kanaa jechuun Oromoon loonif kabaja qabaachaa ture. Kun immoo sababoota adda addaan yeroo aadaan kun cabe loon ajjeesuu, rukuruufi akka barbaadanitti itti fayyadamauun dhufu aad-malee hir'isuuf seera tumee nama aadaa cabse ittiin adabuu jalqabe jechuun maddoonni odeeffannoo koo ni kaasu.

**4.5. Haala Hojiirra Oolmaa Hojii Gumii**

Gumiin Me'ee Bokkootti seera labsuun hawaasni akka ittiin jiraatuf ergaa dabarsa. Haaganaa saglan hunduu seera Gumii hojiirra oolchuu keessatti ga'ee mataa ofii ba'u.Akka Adoolaa Me'ee irraa odeeffadhetti, Gumiin seera gooroo malee kan gooree hin labsitu. Hunduu akkataa isaanif mijatuun seera gooree bocatanii ittiin walbulchu. Kana jechuu, Gadaan Oromoo tokko, garuu Booranas ta'ee Baarentuu akka ofitti bocatu jechuudha. Hojiirra oolmaa labsii Gumii Warra hayyuutu hordofa. Yoo seerris ta'u, aadaa kan cabsu jiraate hawaasa baasani gorsuun yoo dide Gadaaf dhiyeessani adabbiin itti kennama.

### 4.5.1. Haala Hojirra oolmaan Raawwii Gumii Me'ee Bokkoo Jiruufi Jireenya Oromoo Gujii Keessatti Qabu

Tokkoon tokkoon raawwiifi lallabni seeraa Gumii Me'ee Bokkoo haala jiruufi jireenya hawaasa Oromoo Gujii biratti akka bu'aa madaallii hin qabneetti kan ilaallamuudha. Sababni isaa waan Gumiin murteessite qaamni kamiyyuu dogoggora malee akka raawwatu adabbii isaa waliin waan hawaasa bal'aa keessatti beekkamuf hunduu ofeeggannoon socha'a. Keessumattuu gumaachii raawwii Gumii gama nagaan, beekumsa hawaasaa dabaluu irratti, mirga dubartootafi mirga waan lubbuu qabaniifi hin qabne bosonafi lafa dabalee taasifamuuf, akkasumas,aadaa, duudhaafi safuu hawaasa Gujii tiksuu keessatti waan akka salphaatti ilaallamuu miti.

#### 4.5.1.1. Nagaa Eegsisuu

Oromoo Gujii biratti nagaan waan murteessadha. Walii jireenya hawaasaa karaa nagaan, hariiroo namaafi uumaa hariiroo akka, hariiroon namaafi biqilootaa hariiroo akkaa, hariiroon namaafi horii hariiroo akka, hariiroon namaafi malkaa hariiroo akkaa ta'ee akka jiraatuu raawwiin ykn tokkoon tokkoon taatee Gumiin Me'ee Bokkoo raawwattu kan agarsiisudha. Haala naamusa ardaa jilaa dabalatee, safuufi safeeffannaa hangafaafi quxusuun Oromoo Gujii sirna Gadaa keessatti waliin qaban fakkeenya nagaa eegsisuu qofa osoo hin taane mallattoo jaalalaafi tokkummaa Gujii agarsiisa.Akka xumura qorbisa irratti lallabni ture nagaa malee waraanni sirna Gadaa keessatti akka jiraachuu hin qabneedha. Oromoon nagaa jaalchuufi nagan akka maatii isaanitti deebi'an hawwii qaban hirmaattotaf dabarsaniiru. Hirmaattonnis dirree galanitti nagaa akka labsan himaniru.

Oromoon Oromoo balleessu hin qabu
Nagaa murteesinee nagaan galaa nagaa labsaa
Warrii fagoo dhuftaan warri dhiyoo dhuftaan nuyi nagaa labsine
Waraana hin jaalannu nuyi nagaa murteesiinee
Nagaan nuuf galaa
Yoo galtaan nagaa nuuf labsaa
Bara gadaa Roobalee
Warri walwaraanu kun ofiin walwaamee
Walitti araaramuu qaba
Lafti kun woyyuu araara labsinnee isiinis araarama

Namni araara bu'e kana fuudhe duubati harkisu ykn araara didu yoo jiraate nu waan jennu hin wallaallu

#### 4.5.1.2. Aadaafi Duudhaa Hawaasa Tiksuu

Gumiin Me'ee Bokkoo yeroo seera gooroo labsitu keessatti, seeroota gooroo labsaman keessaa tokko aadaadha. Aadan immoo mallattoo hawaasa tokkooti. Hawaasni duudhaafi aadaa ofi irraa maqe, eenyummaafi maalummaa ofirraa kan maqe waan ta'eef, sun akka hin taaneef, raawwiin Gumii Me'ee Bokkoo aadaafi duudhaa Oromoo Gujii tiksuu keessatti qabu waan salphaa miti. Fkn aadaa Oromoon Gujii keessaa sirni Gadaa duudhaa dur irraa kaasanii itti walbulchaa, hamaafi toltuu ofii keessatti ilaallalchaa har'an ga'an keessaa Oromoon Gujii isaan tokkoodha. Oromoon hooda bula. Afaan Oromoos afaan jilaati. Iddoo jilaatti tolfuufi milkii malee waan hamaa, gocha badaa hin raawwatan santu aadaas, safuudhas. Akkuma lallabaa gochaawwan heddduu irraa qorattuun gama daawwiifi afgaaffiin ragaa funaannatte, waan Gumiin labse keessaa aadaa Fuudhaafi heerumaati. Gumiin aadaa fuudhaafi heerumaa milkii qabu, hormaata toluufi aadaa isaa eeggate akka ta'uuf seera labsa. Labsiin kun immoo aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo Gujii akka hin banne, dhaloonni aadaa abboofi aayyoo isaan akka jiraatuuf seera labsa. Sun yoo ta'uu baate adabbiin qaama aad-malee ta'eef ni labsama

Heerumni aadaa qabaa – aadaa

Duwaa baati – aadi malee

Duwaa fuudha – aadi malee

Intalti iddoo abbaan hin beekine hin bultuu – aadaa

Inni biraa mucaan dhalate ykn intalli dhalatte kabaja haadhaafi abbaa ofiif kennuu qabdu. Aadaan hangafummaa maatii keessatti akka jiraatu Gumiin ni labsiti. Kun immoo jalqabuma hangafa kabajuun aadaa ta'uu agarsiisuuf, bobbaa Gumii irratti tartiibni ittiin gosti Gujii deemu Uraagaa, Maattiifi Hookkuu ta'uu agarsiisu

Intalti mataa waaqati ol hin hiitu - aadi malee

Intalti mataa ol hiitee mooyyee gootee – aadi malee

Intalti mataa ol hiitee abbaa warraa bira hin teesuu – aadi malee

Oromoo Gujii aadaa uffannaa mataa isaa qaba. Dhiiras ta'ee, dubartiin aadaa sanaan ala akka hin deemne Gumiin seera labsiti. Fakkeenyaaf haala uffannaa warra dubartootafi shamarranii, haala rifeensa tolfachuu warra dubartootafi shamarranii aadaan Gujii akka hin cabneef raawwiin Gumii aadicha tiksa.

#### 4.5.1.3. Mirga Dubartootaa Kabachiisuu

Sirni Gadaa mallattoo walqixummaati. Walqixxummaan kun immoo uumama maraaf sirni Gadaa akka tokkootti ilaala. Biqilaas ta'ee bineeldonnifi bineensonni kabajaafi eegumsa isaanif barbaachisu hawaasni akka taasisuuf Gumiin seera labsiti. Akkasumas, dubartoonni tokkoon tokkon jiruufi jireenya hawaasa keessatti ga'eefi dirqamni isaan qaban ni jiraata. Kun immoo karaa mirgaafi xinsammuun isaanii akka hin tuqamneen Gumiin seera tumtee lallabdi. As keessatti olaantumma warra dhiiraa qofaa akka kennamuufi dubartoonni gadaantumma waan jedhu hin qabu. Gujiin akkuma dhiironni gama qabeenyaa ilaalchise seera labsu kan dubartootas ni labsa. Dubartoonni fuudhaafi heeruma karaa sirrii hin taanee akka bultii hin horanneefi miidhaan gama sanaan irra hin geenye gumiin seera. Kanaafuu raawwiin Gumii Me'ee Bokkoo mirga dubartoota tiksuu keessatti ga'ee olaanaa kan ba'ataniidha.

Gama qabeenya horachuu ilaalchisee, Gumiin Me'ee Bokko dubartootaf labsame keessaa tokko

**Abbaa manaaf**

Abbaan warra karra qaba

Barcuma kan abbaa warraati

Boraatiin ta abbaa warraati

Bullukkoon ta abbaa warraati

Askeessatti barcumani kan abbaa warrati jechuun qabeenyumman isaa abbaa warraan ala namni kamuu irra hin taa'uu, akkan Obbo Dambee Turcee irraa guyyaa 9/6/2016 odeeffadhetti, barcuma abbaa warraa ilmi isaallee irra hin taa'u, boraatinis akkasuma. Yoo abbaan manaa lubbuun darbellee, cabsanii awwala irra kaa'u malee meeshaa darbuu miti jechuun kaasu. Abbaan warraa bakka taa'u, waan irra taa'u, waan irra bulu, waan itti dhugu qaba. kuni hundi aadaadha. Meeshaa aanaani abbaan warraa aanaan ittiin unnu namni biroon ittiin hin unu.

barcuma abbaa warraa irra namni biro irra hin taa’u. kunneen kabaja aadaa abbaan warraa mana isa keessati qabu.

Akkuma mirgi abbaa qabeenyummaa warra dhiirotaa Gumiin labsamu kan dubartootas ni jira

**Haadha manaaf**

Daduu ta haadha manaati

Manni ta haadha manaati

Gulantaa ta haadha manaati

As keessatti, akkuma abbaa manaaf gumiin seera labsitu haadha manaafis qabeenya ilaalchisee seerri labsamu jira.Akkuma barcumni, boraatifi bullokkoon kan abbaa manaati jedhame, daduu, manaafi gulantaan illee kan haadha manaati jechuun qabeenya irratti mirgi saala lamaanii walqixa labsamuu isaati. Akkan Haadha Boollaa irraa guyyaa 11/6/2016 odeeffadhetti, manni gulantaa hin qabne kaayyoo hin qabu, aadaas ta’ee haadha hin qabu. sababni isaa manni kan haadhati. Haati gulantaa hin qabne immoo akka Oromoo Gujiitti safuufi saalfii illee akka hin qabneedha.

Dabalataanis, haala fuudhafi heerumaa keessatti mirgi dubartootaaf Gumiin labsitu keessaa buttaan shamarranii akka hin barbaachisneedha. Kana jechuun dhirri mirga kiyya jechuun shamarre tokko callisee butuun bultii ijaarrata yoo ta’e, rakkoo nama sanatti dhufuufi mirga shammarri sun qabdu gumiin seera fuudhaafi heerumaa keessatti lallaberea.

Intala durbaa hin butanuu seera
Butan ni iyyitii seera
Iyyitu muraa qabdii seera
Muraan loon torbaa seera
Jibichi tokkoo seera
Raaddi ja’aa seera
Jibicha gosatu qalataa seera
Raaddi ja’a abbaa intalaatti galtii seera
Goronsi bantii ishee bakka bu’aa seera

As keessatti mirga isheen ala durba tokko butuun akka aadatti maalifi akkamitti akka nama adabsiisu kan agarsiisudha. Kanaaf, namni kana hubatee, miidhaa shamarran irraan akka hin geenye kan hubachiisudha.

### 4.5.1.4. Eegumsa Qabeenya Uummamaafi Naannoorratti

Seerri Gumiin Me'ee Bokkoo lallabdu dhala namaa qofaaf osoo hin taane, lubbu qabeeyyii mara, bosonaafi naannoo dabalatee eegumsi akka taasifamuuf seerronni lallabaman kan jiraniidha. Isaanin kunis, mukkeen adda adddaa, malkaa, bosona, dacheefi kkf manca'anii akka hin banneef namni akka kunuunsuf seerronni ni lallabamu. Kun immoo qilleensi gaariin akka jiraatuuf, ardaa ulfoon akka kabajamuuf, muktiifi bineensi ulfoo ta'an kabaja isaaniif malu akka argataniifidha.

Sanarraa ka'uu bosonas ta'ee, lubbu qabeeyyiifi lubbu maleeyyiin jira akka madda hawwata turizimiitti akka tajaajiluufi madda galii ta'uuf eegumsa taasifama.

## 4.6. Jijjiirramootafi Itti Fufinsa Gumi Gadaa Gujii Keessatti Mul'atan

Waantoonni fooyya'an wantoo adda addaa sababa godhachuun akka ta'e, sorraale Jiloo irraa guyyaa 10/6/2016 akkas jechuun kaasa.

- Dhiibba ykn gaafii hawaasa irraa ka'uun
- Jiruuf jireenyaa hawaasa keessatti dhiibbaa inni qabuun, gama faayidaa fi hanqinaan
- wantoota baraa fi wakitii waliin dhufan irratti hundaa'uun
- karoora motumaan dhimmoota hawaasumaa waliin wali qabatee baasu fkn, barnoota, fayyaa hawaasa, eegumsaafi kunuunsa qabeenyaa uumama irratti hundaa'uun

Akka hayyootafi abbootin Gadaa Oromoo Gujii Marii garee irratti naaf odeessanitti, jijjiiramoonnifi fufiinsi tokkoon tokkoon taateefi tumaa Gumii ilaalchise, dhimmoonni hedduun akka itti fufanitti kan jiraniidha. Isaan kunis, hawaasa biratti warra fudhatama argatan, hawaasa sana fayyaduu malee, dhiibbaa hin geessisnefi kkf waan ta'eef fuftee hojii Gumii baroota dheeraa waggoota 600 ol ykn marsaa Gadaa 75$^{ffaa}$ irra kan ga'aniidha. Haa ta'u malee, komii hawaasaa, imaammata mootummaafi labsiiwwan haaraa dhimma fayyaa hawaasafi adeemsa Gumii dabalatee dhimmoonni muraasni yeroodha gara yerootti jijjiiraa kan dhufeedha. Jijjiirramoonni mul'atanis marsaa Gadaa adda addaa keessatti akka ta'e odef- kennitoonni marii gareefi afgaaffii ragaa ba'aniiru. Warreen jijjiiraman kunis,

**1ffaa.** Dubartooni Agaalla seenuun marsaa 72ffaa irratti lallabame. Kunis waliqixxuma dhala namaa ilaalchise Gadaan akka rakkoo hin qabne ilaaluun dubartooni lallaba gumirrati hirmaachuun akka waa'ee isaani kan lallabamu ofiin dhaggeeffataan ta'e. Kun immoo komii yeroo baay'ee dubartoonni Sirna Gadaa keessatti ga'ee hin qaban jedhu baay'achaa waan dhufeefi Sirni Gadaa dhala namaa mitii bineensotaafi biqilootaf seera waan qabuuf durbartoonni Agaalla seenuun akka hirmaatan seeronni marsaa 1ffaa-71ffaa akka jijjiiramu ta'e

**2ffaa**, Torbiin agaallaa seenu eegaluu. Duraan baroota dheeraaf caqastooni lallaba ykn torbiin agaalla duuba dhaabbatanii malee agaalla hin senan ture. Kan seenu Yuuba, Gadaa, Doorii fi Raaba qofaatu ture. Kana jechuun warreen seera lallabuu fi warreen aangoo wali harkaa fuudhan qofa jechuudha. Amma garuu dhageeffataan kamuu akka seenu ta'eera. sababni isaas, Seeronni lallabaman murtiin darban kan hawaasa Gujii hundaati malee, kan warra baalli fudhatuufi kennuu qofa miti. Kanaafuu hawaasni waa'een isaa seerri lallabamu, murtiin darbu kallattii qaamolee hawaasa mara adeemsa jiruufi jireenya isaa keessatti akka dhimma itti ba'uuf malee, warra aangoon harka jirtu ofii tumee akka ofumaa murteessu ta'uu waan hin qabneef Torbiin hirmaata agaalla ta'e.

**3ffaa**, Uffata aadaa namni hundi uffachuu. Akka aadaa Oromoo Gujiiti uffata aadaa Oromoo Gujii ibsu uffatani akka namni kamu hirmaataa jila sanaa ta'u. As keessatti Sirni Gadaa baalli walharkaa fuudhu Oromoo Gujiiti. Gujiin immoo, uffata aadaa isaa ibsu ni qaba. Jila ykn sirni guddaan waggaa saddeet saddeeti gadaa maree dhufu kun immoo agarsiistuufi mallattoo ofiin of bulchuu Oromoo Gujii agarsiisa. Kanaaf aadaa ofiin boonaa jila ofii bareechuufi addunyaatti muul'achuuf aadaa uffaanna Oromoo Gujii uffachuun akka jiraatu ta'e. Kun osoo hin labsamin dura garuu namni waan barbaade uffatee jila sanarratti hirmaachaa ture.

**4ffaa** Ruufa ijoolleen akka mataati marataan hirmaataan taasifamu marsaa 72 irratti. Duraan ruufa kan hidhatu namoota umuriin deemaan ykn gadooman yoo ta'u ijoolleen dhiira ol adeemoon ruufa marachuu akka danda'aan taasifame

**5ffaa**, Baaliin Gadaa duraan bakka Fuuto jedhamuti kennama ture. Baallii Fuutoti kennanii gumii caqasuuf Bokkoo dhaqaa turaan. Bara gumii marsaa 72ffaa irra ka'ee aangoon Me'ee Bokkooti kennamu jalqabe. Duri gumiin achi ta'ee seera achitti lallaba malee baalliin bokkooti hin kennamu ture. Fuutoon kunis aanaa Gannaalee keessati kan argamu ardaa jilaa Fuuto

jedhamuun beekkama. Sababni inni jalqabaa duraan achiiti baallii kennaama turaniifis dhiibbaa mootummaan Dargii gumirraan geesisuu sodaaf jecha bakka bosoni jiruti dheesuuf Fuutooti kan gaggeeffama ture. Akka gara Me'ee Bokkooti deebi'uufis sababni inni tokko Fuutoon daandiirraafi gidduu galeessa Gadaa Uraagaa, Gadaa Maattiifi Gadaa Hokku irraa fagoofi daandii irraas jaloo waan ta'eef hundaaf akka mijatuuf jedhame gara ardaa jilaa Me'ee Bokkooti akka dhufu ta'eera. Yeroon kunis bara baallii Agaa Xeenxanno fudhate bara Gadaa Halchiisaa marsaa gumii 72ffaa irraa eegalee Me'ee Bokkooti baalliin kennamu kan eegaledha.

**6ffaa** Dubartooni akka barataan labsamuu. Yeroo durii waa'een barnootaa labsaamaa hin turre. H aa ta'u malee, imaammata mootummaan yeroo adda addaa waa'ee barnootaa irratti hubannoo kennuufi fedhii hawaasan labsiin barnoota ilaalchisu seera gumii Me'ee Bookkoo keessatti dabalamuun, addatti barnoota shamarranii irratti xiyyeeffachuun akka labsamu ta'e.

**7ffaa** Seeran ala bineesota bosonaa akka hin ajeeffamne –duraan adamoon arba ajeessani goota akka ta'anitti of lakkaa'u hafe bosona walii galaan akka hin muramne dhorkuu – duraan mukeen ulfoo ta'an qofa dhorkuu ture. Yeroo durii seera gumiin labsitu keessaa tokko bineensota kan ajjeese gootumman sadarkaan akka kennamufi kabaja isaaf malu hawaasa irraa akak argatuudha. Haa ta'u malee, bineensota Bosonaas ta'ee, bosona mancaasuun yeroo dhiyoo as seera Gumiin tumteen akka nama gaafachiisudha.

**8ffaa** Uffata dubartiirrati bara kana seera haara labsaman – dheeressani jilbaa gadi malee mogolee mul'isa akka hin adeemne, uffata dhiira akka hin uffane lallabame marsaa 75ffaa irartti labsame. Dhahannaa rifeensa mataa dubartiin rifeensa mataa akka ol hin hidhane. Wiigii akka hin fayyadamne dhorkamu. As keessatti haala yeroo waliin hawaasani deemuun aadaafi duudhaa ganamaa buluu osoo qabuu addunyaa duuka fiiguun aadaa Gujii waan balleessaa jiruuf, dubartiin takka, uffata seeraa wandaboo dheeraa uffachuu akka qabdu, uffata dhiiraa ykn kofoo uffachuu akka hin qabnedha. Dabalataanis tolfannaa ykn dhahannaa rifeensa ilaalchisee, olfannisanii dha'achfi waan akka Wiigii itti dabaluun akka hin barbaachisne Gumiin labsite.

**9ffaa** Abbaan Gadaa yeroo daandii deemu akka mana namaa hin bulleefi dubartii namaa hin ilaalleef haadha warraa isaa (haadha boolla) qabatee akka adeemu. As keessatti Abbaan Gadaa kabaja qaba. Yeroo adda addaatti iddoo garagaraa dhimmoota hawaasa bulchaa jiruu sirreessufi jila qabaachuu danda'a. Haa ta'u malee deemsa kana keessatti yoo itti dhihe mana namaa buluu

hin qabu. Akkasumas, haadha manaa nama biraa ilaaluufi hawwuu akka hin qabneef haadha manaa ofii waliin akka deemu labsame.

**10ffaa** Dhukuba dadarboon du'a hawaasa keessati babal'ata dhufe xiqqeesuufi hawaasni gama Kanaan akka hin midhamneef HIV irrati lallabamu ture. Yeroo HIV hawaasa daraaraa ture keessatti Gumiin Me'ee Bokkoo hawaasni akka dhibee sanaan hin dararmneef labsaa turan . haa ta'u malee, yeroo booda erga waa'ee dhibichaa hawaasni hubate lallabni isaa ni dhaabbate.

**11ffaa**, Dur qacha kopheen hin seenaan ture. Deemsa qachaarra gara agaaallaa keessatti miila qullaa deemuun gumiin teessi. Amma garuu, yeroo agaallaa seenan kophee baafatu.

**12ffaa** Lallabi duran dhoksaan lallabama ture. Kunis seera nama hin dhageesissanu jedhamuun hayyuu, warra yaa'aa, warra gadaa malee namni biraa akka dhaga'u hin eeyyamamu ture. Kunis bakki sun woyyuu waan ta'eef namni hundi itti hin seenu waan jedhamuuf. Seera labsamees warraa yaa'aa fi warra gadaatu boba'ee biyyaaf hima malee kaani hin seenu. Amma garuu seera namni duuchaan dhagahu qaba jedhamuun hundi akka seenuufi ifaatti bilisaan fuulleetti lallabamu eegale.

**13ffaa** Duri erga achi gahani qachi ijaarrama. Amma garuu torbee tokko yoo hafu ijaarani eegan. Kan ijaaru warra jaldhaabaafi torbiidha. Kunis kan ta'eef waan seera mootummaa waliin namni makamaa waan dhufeef durse ijaaramu eegale. Kunis jijjirama yeroo booda dhufedha. Kana jechuun haalli ijaarsa qachaa sababa walitti makamu haala yeroo ammaa mootummaafi sirna gadaa irraa kan ka'e dursaanii akka ijaaran kan tilmaamnudha.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti, haala waliigalaa cuunfaa, tokkoon tokkoowwan argannoo qorannichaafi yaboo qorannoo kan keessatti maal maal akka ta'an bakka itti ka'uudha.Isaanis haala armaan gadiin ibsamaniru.

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun mata duree "Adeemsa raawwii Gumii Me'ee Bokkoo marsaa 75ffaa Gadaa Oromoo Gujii" kan jedhu yoo ta'u, boqonnaalee shanitti qoodamuun kan qoratame yoo ta'u, boqonnaa jalqabaa seensa, boqonnaa lama sakkatta'a barruu, malleen qorannoo, qaaccessa ragaafi Cuunfaa argannoofi Yaboo walduraaduuban kan kaa'ameedha. Ka'umsi qorannoo kanaas, raawwiin Gumii Me'ee Bokkoo raawwattu ka'umsa godhachuun kan qoratameedha.

Qorannoon kun kaayyoo irratti hundaa'e qorannuu bu'uuraafi mala akkamtaan kan qoratame bifa ibsaan kan dhiyaatedha. Maddi ragaa qoranno kanaa abbootii Gadaa, qorattoota sirna gadaafi aadaa, Yuubootaa, hooggantoota biiroo aadaafi turizimii Gujii, haadha Boollaa ykn Hadha manaa Abbaa Gadaa yoo ta'an isaan kunis mala iddattoo alcaarraa keessaa akkayyoofi darbaadabarsaatti dhimma ba'uun kan ragaan funaannamedha. Meeshaaleen ragaaleen ittiin funaannaman immoo daawwii, afgaaffifi marii gareeti.

Ragaaleen maddan caqafaman irraa argaman immoo mala xiinxala ragaalee akkamtaatti ba'uun argannoo qorannicharra ga'uun danda'ameera.

## 5.2 Argannoo

Argannoon qorannoo kaayyoo gooree bu'uura godhachuun tokkoon tokkoon kaayyoo gooree gama argannoo keessatti kan kaayamaniidha. Isaanis

- Kaayyoon gooree jalqabaa, iddoofi haala raawwii Gumii Me'ee bokkoo ibsuu yoo ta'u, bakki jilli Gumii itti taa'amu, ardaa Jilaa Me'ee Bokkoo ta'ee haalli raawwii hojii gumii tokkoon tokkon isaani naamusa kan guutame ta'uu isaati. Naamusni kunis naamusa qachaarraa gara teessuma gumii agaallaa yeroo seenaniifi erga seenani maal akka raawwatan kan agarsiisudha. Kanaaf tartiiba gumiin qachaa ijaaru, Gabalaan hundu achi ga'uu mirkaneeffachuu, kadhannaa qodhachuun Gumii bobbaasuudha.Bobbaa gumii keessatti namusawwan jiran dubbi walwajjinii akka hin barbaachisne lallaba Yuubotaa

qofa caqasuun hirira qabatanii haala hangafaafi quxusuu qofaan akka deemanifi uffannaa isaanii mirgatti, waraana isaanii mirgatti qabatanii seera ykn aadaa labsamu kan caqasan ta’ufi fakkoommiiwwan isaa waliin maal akka ta’an ibsamuun argannoo qorannoo kanaati

Erga agaallaa seenani lallaba seerota gooroo, aadaafi seera ta’an guyyoota hedduf kan lallan ta’uyyuu, lallabni sa’aa dura saa’aatti 4:00- 6:00 qofatti akka ta’eefi sana booda gumiin ka’ee qeexala adda addaa qeexalaa gara qachaatti deebi’a. Sana booda kora ykn walga’ii guddaa qorbisa jedhamu taa’uun, komii, yaada.qeeqaafi wantoota ifa hin taane hawaasni baldhaan bakka itti waliin marichuun rakkoo furatuudha. Guyyaa xumura sirni baallii walharkaa fuudhuu haala kamiin akka ta’es argannoo qorannoo kanaati.

- Gumiin Me’ee Bokkootti gooroo, aadaafi seera akka lallabaniidha. Dhimmoonni gooroo jalatti ka’an waan Waaqaa, lafaa haadhaa, abbaa, malkaafi kkf Woyyuu jedhamuun labsamu. dhimmoonni aadaa waliin walqabatan aadaa fuudhaafi heeruma, aadaa uffaanna, aadaa haadha manaafi abbaa manaa, intalaafi ilmaa kan labsamaniidha. Akka seeratti kan labsaman immoo seera gumii, Seera Gujii, seera intala Bantii, seera lagaa, seera bosonaafi kkf argannoo qorannoo kanaatuiu.
- Tokkoon tokkoon raawwii gumii haala Kamiin Gujii keessatti hojiira oolmaan isaanii hawaasa maraan ta’u, Yuubonni hordoffii akka qodhaniifi kan aadaa cabse abbaa Gadaatti dhiyeessanii akka adabsiisu danda’an argannoo qorannoo kanaati.
- Fufteefi jijjiirama raawwii gumii ilaalchisee dhimmoonni hedduu, sababa komii hawaasa, jijjiramoota gama mootummaa, dhimmoota adda addaa irratti fideefi kkf irraa ka’uun taatewwan tokko tokko akka jijjiramaniifi kun immoo fufanii jiraniidha. Innis haala barbaachisummaafi faayidaa, aadaa, duudhaafi safuu hawaasa giddugaleessa godhaten kaan jijjirame, kan immoo dhalootaf fufa. Fkn dhimmoota jijjiiraman keessaa, dubartoonni akka baratan, seerri dur dhoksaatti lallabamu hawaasni akka irratti hirmatu gochuufi hedduun isaani kan katabamaniidha.

## 5.3. Yaboo

**Argannoon olittii eree bu'uura godhachuun Yaboo armaan gadii kaa'era**

- Seerota gumiin lallabdufi seerota ammayyaa biyyoonni adda addaa ittin bulan keessaa kamtu caalatti amala dimookiraasii walabaa akka ta'e osoo qoratame.
- Qorannoon kun Gumii Me'ee Bokko qofa giddugaleessa waan godhatuuf, Gujii keessatti ardaaleen jilaa dhimmoota adda addaaf oola hedduminaan waan jiraniif namoonni aadaa Sirna Gadaa Gujii Boonsaa kana irratti qorannoo biraa osoo gaggeessanii bu'aa hedduu hawaasaf gumaachuu danda'a
- Dhimma Gumii irratti qorannoon gaggeeffame hin turre, kanaaf namni qorannoo kana osoo fudhatee dubbisee beekumsa xobboo Oromoon Gujii waggoota 600 oliif itti fayyadamaa ture waan ta'e bu'aa hedduu buusuu waan danda'uuf haala dhaloota hunda bira ga'uu danda'uun qamolee adda addaa osoo maxxansanii dhalootaf kaayame gaaridha.
- Gama qorannoo kanaan, dhimmoo qorannoo bal'aa barbaachisan keessaa waa'ee jijjiramuufi fufuu seerota Gumii Me'ee Bokkoo addatti qorannoo baldhaa barbaada. Isaanis marsaa tokko 75ffaa qofarraa waan hunda argachuun waan ulfaataa ta'eef, hawaasa sana keessa yeroo baldhaaf jiraachuun qorannicha osoo gaggeeffame
- Jechoonni luboonni sirna gadaa keessatti dhimma itti ba'aman kan akka (toggise, qophise, qoxxiseefi kkf) addatti qorannoo biraa waan barbaadaniif osoo qoratamee
- Namoonni seera gumiin labseen ajajamuu diduun aadaa cabsan ykn aad-malee rawwataman abbaa gadaatti dhiyaachuun adabamu.Kana ilaalchisee seerri cabeefi haala itti cabe dabalatee, adabbiin isaas gargar waan ta'eef kanarratti osoo qoratamee

## Wabii


Abdurahman Abdulahi. (March, 2019). The Gadaa System and the Oromo Culture of peace,

Addunyaa Barkeessaa. (2019). Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo, Finfinnee: Oromiyaa

Asefa Jelata. (2012). Gada (Oromo Democracy) The Journal of Pan Africa Studies Vol5, no1

Ashanaafii Laggasaa. (2019). Gadaa Qaroomina Kuusha, Mana Maxxansa Girmaa: Jimmaa

Asmarom Legesse. (1973). Gada. Three Approaches to Study of African Society. New York: Macmillan

_______________ . (2000). Oromo Democracy: An Indigenous African Political System. Asmara: The Red sea press.

BATO. (2008). Seenaa Oromoo hanga Jaarraa 20$^{ffaa}$, Jiildii 2$^{ffaa}$

Berg, B. (2001). Qualitative research methods for the social sciences. California state University, Long Beach

Boonsamoo Mi'eessoo. (2015). Gadaan Buli! Printed by Branna P/E

Caalaa Soorii. (2023). Duudhaalee Sirna Gadaa Tuulamaa, Subi Printing Press

Cress well, J.W. .(2003). Design: Qualitative, quantitative and Mixed Methods Research Approaches (2nd ed.). Sage Publication Inc.

Dabalaa Gurmeessaa. (2022). "Xiinxala Sirboota Qeexala Gadaa Oromoo Gujii Aanaa Ardaa Jilaa" MA guuttachuuf qophaa'e, Yuunivarsiitii Haramaayaa (Kan hin maxxanfamane)

Daraaraa Urgaa'aa. (2014). Seenaafi Xurree qabsoo Oromoo, Fiker printing press, Finfinnee: Oromiyaa

Darajjee Bahaaruu. (2013). Finfinneefi Oromoo, Finfinnee: Oromiyaa

Dastaa Dassaalenyi. (2013). Bu'uura Qorannoo. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Far East

Dawson.C. (2002). Principal Research Method: Londan, Crom Well Press

De Salviac, Martial. 2005 [1901]. An Ancient People, Great African Nation, translated by Ayalew Kano, (East Lansing, Michigan)

Dirribii Damusee. (2014). Ilaalcha Oromoo. Finfinne Priting and Publishing S.C

Endalkachew Lelisa. (2018). Oromo Indigenous Philosophy (Gadaa System): The Case of 74thGujii Oromo Gadaa Power Transition, vol, 45

Filee Jaallataa. (2019). Malleen Qorannoo, ADP printing press, Finfinnee: Oromiyaa

___________. (2012). Beekumtaa Oromoo (max. 2[ffaa)], Keyline printing

Gadaa Journal. (January, 2018), Volume 1, No. 1 pp 106-120

Mando Doyo. (September, 2013). The roke of Gada Institution in Confilict resolution among Gabra, Guji and Borena Oromo, vol. 1

Muhaamad Sayid. (2017). Seenaafi Qabsoo Oromootaa max. 5ffaa, Finfinnee: Oromiyaa

Negessa Mokona. (December, 2018). Guji Girja Gada System and Contemporary Challenges, Vol 7

Shamshaddin Jamaal. (2016). “Xiinxala Gogeessa Sirna Gadaa Odaa Bultum” MA Guuttachuuf kan qohaa’e, Yuunivarsiitii Addis Ababaa (Kan hin maxxanfamne)

Sim. C and M Stephene (2005). Living Folklore: An Introduction to the Study of people and their Tradition. USA. Utah state Universty Press

Tadesse Jelata. (2018). “Peace Is Not a Free Gift”: Indigenous Conceptions of Peace among the Guji-Oromo in Southern Ethiopi, Northeast African Studies, Vol. 18, Nos. 1–2, pp. 201–230

____________ .(Muddee, 2020). The Grand value in the Gada system: The Guji Oromo Gada system in focus. vol 2

Tasfaayee Toleeraa. (2017). “Xiinxala Sirna Gadaa Naffuroo Fookiloorii Oromoo keessatti” MA Guuttachuuf kan dhiyaate, Yuunivarsiitii Addis Ababaa (Kan hin maxxanfamne)

Tesema Ta’a . (2016)The Gadaa System and Some of Its Institutions among the Booranaa: A Historical Perspective1, VOL. XII, NO 2

Waajjira AadaafiTurizimii Godina Gujii. (2008). Baallii 74ffaa, Zak Printing Press

___________________________________. (2016). Baallii 75ffaa, Adoolaa Woyyuu, Gujii: Oromiyaa

__________________________________. (2016). Qorii Sona Aadaa Maxxansa 4ffaa, Adoolaa Woyyuu: Gujii

Walda Yohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa. (1986). Oromia Ye Tadabaqe Ye gif taarik commercial printing, Finfinnee

# Dabalee ‘A’

**Gabatee Maqaa odeef-kennitoota afgaaffiifi marii garee**

**Gabatee adeef-kennitoota afgaaffii**

| T. Lak. | Maqaa | Saala | Umurii | Ga’ee Hojii isaanii |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Jiloo Mandhoo | Dhi | | Abbaa Gadaa Uraagaa Baalli kennu |
| 2. | Nagaa Naga’ee | Dhi | | Abbaa Gadaa Maattii kan Baalli kennu |
| 3. | Bokkoo Dharroo | Dhi | 65 | Yuuba |
| 4. | Adoolaa Me’ee | Dhi | 74 | Hayyuu |
| 5. | Dambee Turcee | dhi | 49 | Qorataa aadaa |
| 6. | Duubee Aduulaa | Dhi | 51 | Qorataa sirna Gadaa |
| 7. | Gannaalee Mi’eessaa | dhi | 39 | Ogeessa aadaafi turizimii godina Gujii |
| 8 | Sorraalee Jiloo | Dhi | 40 | Diini institiyuuti qo’annoo gadaa fi aadaa Uni. Bulee Horaa |
| 9 | Iyyaasuu Isaayyee | dhi | 50 | Qorataa sirna Gadaa |
| 10 | Moona Godaanaa | dhi | 52 | Yuuba |
| 11 | Wasanee Biluu | Du | 39 | |
| 12 | Haadha Boollaa | Du | 44 | Jaartii AbbaaGadaa |
| 13 | Sulultee Waatee | Dhi | 38 | Raaba |
| 14 | Buunee Gannaalee | Dhi | 49 | Adoolaa Reede |

**Gabatee adeef-kennitoota Marii garee**

| T.Lak. | Maqaa | Saala | Umurii | Gulaantaa sirna Gadaa |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Magarsaa Badheechaa | Dhi | 52 | Baatuu |
| 2 | Galchuu Haroo | Dhi | 58 | Hayyuu |
| 3 | Dambalaa Elemaa | Dhi | 62 | Jaarsa |
| 4 | Uddoo Iddema | Dhi | 49 | Baatuu |
| 5 | Nagasoo Dhugoo | Dhi | 41 | Doorii |
| 6 | Waaqee Duubee | dhi | 50 | Hayyuu |



Suura warra marii Garee

## Dabalee ‘B’

**YUUNIIVERSIITII FINFINNEE KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANOO AFAANII, QUNNAMTIITTI**

**MUUMMEEAFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII.**

**Maqaa __________________ Umurii_______ Saala_____ Ga’ee Hojii ________________Bakka dhaloota (Ganda)_____________**

Gaaffilee Afgaaffiif dhiyaatan

1. Gumii Me’ee Bokkoo Oromoo Gujii biratti akkamitti ibsama? maalummaan Gumii kanaa naaf ibsa?
2. Iddoofi adeemsi Gumii Me’ee Bokkoo eessatti raawwatama?
3. Tokkoon tokkoon raawwi Gumii Me’ee Bokkoo Haala kamiin rawwatama? Eenyuun raawwatama?
4. Tartiibni raawwii Gumii Me’ee Bokkoo jalqabaa hanga xumuraatti maal maal hammata?
5. Wantoonni Gumiin Me’ee Bokkoo raawwatu hawaasa Oromooo Gujii biratti haala kamiin hojiirra oola?
6. Haalli hojiirra oolmaa tumaa Gumii Me’ee Bokkoo eenyuun hordofama? Seera Gumiin labseen kan hin bulle maala ta’a?
7. Taatewwan Gumii durii qabanii jiran maal maali? wantoonni jijjiiraman hoo jiruu? Jijiiramoota taatee tokko tokkoof wantoonni sababa ta’an maali?
8. Dhimmoota jijjiiramaniin walqabatee jijjiiramni hawaasa irratti mul’ate maali?

## Dabalee ‘C’

**YUUNIIVERSIITII FINFINNEE KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANOO AFAANII, QUNNAMTIITTI**

**MUUMMEEAFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII.**

Gaaffii marii gareef dhiyaate

Maqaa _________________ Umurii_______ Saala_____ Ga’ee Hojii _______________Bakka dhaloota (Ganda)_____________

1. Gumii Me’ee Bokkoo keessatti ga’een hojii Gadaafi Yaa’a Gadaa gidduu jiru eenyun too’atama?
2. Raawwi Gumiin Me’ee Bokkoo hawaasa keessatti akkamitti hojiirra oola? Raawwichi maal gumaacha?
3. Jjjirammoonifi fuftee seera Gumii Me’ee Bokkoo ilaalchisee warreen jijjiiraman maal irraa ka’eeti?
4. Jijiiramanuun isaa hawaasa irratti dhiibban fidu ykn bu’aan buusu jiraa?
5. Wantoonni jijjiraman kun maalirraa ka’uun jijjiiramu?

## Dabalee 'D'

**YUUNIIVERSIITII FINFINNEE KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANOO AFAANII, QUNNAMTIITTI**

**MUUMMEEAFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII.**

Cheekliistii Daawwii Raawwii Gumii, Bobbaa Gumiifi lallaba seerotaa Me'ee Bokkoo Baallii 75ffaa 2016 E.C

| Miseensota Gumii | Gumii bobbba asuu | Gumii eebbisuu | Gumii eeguu | Gooroo lallabuu | Aadaa lallabuu | Seera lallab uu | Gumii kaasuu | Qeexa la sirbuu | Qorbisa teessisuu |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| `Abbaa Gadaa | | | | | | | | | |
| Yuuba | | | | | | | | | |
| Jaldhaba | | | | | | | | | |
| Yuuba Baatuu | | | | | | | | | |
| Yuuba Xiqqaa | | | | | | | | | |
| Yuuba Qaraa | | | | | | | | | |
| Doorii | | | | | | | | | |
| Raaba | | | | | | | | | |

## Ibsa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti ka'e, waraaqaan qorannoo kun hojiin dhuunfaa koon hojjedhe; Yuunivarsiitii kamiittuu kan hin dhiyaannefi tokkon tokkon kitaabilee qorannicha keessatti dhimma itti ba'e wabii keessatti katabuu koo mallattoo koon nan mirkaneessa.

Maqaa Qorattuu ___________________________

Mallattoo ____________________

Guyyaa ________________________